

INSTITIYUUTII LEENJII FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA



Qabeenya Bu'aa Yakka Malaammaltummaa Deebisiisuu fi Bulchuu: Sakatta'iinsa Seeraa fi Hojimaata Naannoo Oromiyaa

Qorattootni: Abdii Tasfaa

Kadir Qaasoo

Gulaaltotni:

1. Obbo Sulxaan Abdo
2. Obbo Galaanaa Tolasaa
3. Obbo Dhaabaa Dirribaa

ILQSO
Caamsaa, 2015

Table of Contents

Gabaajeewwan	v
Boqonnaa Tokko	1
Gumee Qorannoo	1
1. Seenduubee Qoranichaa	1
2. Hima rakkoo	3
3. Gaaffilee Qorannoo	3
4. Kaayyoo Qorannoo	4
4.1. Kaayyoo Gooroo	4
4.2. Kaayyoo Gooree	4
5. Faaydaa fi Fayyadamtoota Qorannoo	4
6. Sakatta’iinsa Hogbarruu	5
7. Mala qorannoo	6
8. Daangaa qorannoo	9
BOQONNAA LAMA	10
Qabeenya Bu’aa Yakka Malaammaltummaa Deebisiisuu fi Bulchuu: Sakatta’a Hogbarruu fi Seeraa	10
Seensa	10
2.1. Hiikkoo Malaammaltummaa	11
2.2. Qabeenya Bu’aa Yakka Malaammaltummaa Dhaaluu (Confiscation)	13
2.2.1. Yaadimee fi kaayyoo Qabeenya Bu’aa Yakka Mamaammaltummaa Dhaaluu	13
2.2.2. Adeemsa Qabeenya Bu’aa Yakkaa Dhaaluu (Confiscation Methods)	15
I. Murtii Yakkaatin Dhaaluu	16
II. Dhaalmaa Himannaa Hariiroo Hawaasaa Bu’ureeffatu (Non Conviction Based Confiscation)	17
III. Dhaalmaa Qabeenyaa Tarkaanfii Bulchiinsaan Raawwatamu (Administrative Confiscation)	18
2.3. Qabeenyota Dhaalamuu Danda’an	19
2.3.1. Qabeenya Bu’aa Yakkaa Ta’e ykn Bu’aa Yakkicharraa Argame	19
2.3.2. Qabeenya ykn Meeshaalee Yakkicha Raawwachuuf Fayyadaman ykn Fayyadamuuf Qopheeffaman	19
2.3.3. Qabeenya Bu’aa Yakkaa Qabeenya Birootti Makame (Mixed proceeds)	20
2.3.4. Qabeenya Tilmaama Walmadaalu qabu	20
2.3.5. Qabeenya Nama 3ffaa	21
2.4. Bulchiinsa Qabeenya Dhaalamee ykn Dhorkamee	21
2.5. Sakatta’iinsa Heeraa fi Seerota Biyya keessaa	22
2.6.1. Seerota Mootummaa Federaalaa fi Mootummaa Naannoo Oromiyaa	22
I. Heera Rippaablika Dimookraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa fi Heera Naannoo Oromiyaa	22

III.	Labsiilee Yakka Malaammaltummaa Tuman	24
IV.	Labsiilee Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Hundeessan	26
V.	Labsiilee Adeemsa Addaa fi Qajeeltoowwan Fuudhinsaa fi Itti Fayyadama Ragaa	28
i.	Uggurrii Qabeenyaa	29
ii.	Qabeenya Uggurame Saamsuu fi Ibsa Tarree Qabeenyaa Qopheessuu.....	31
iii.	Qabeenya Bu’aa Yakka Malaammaltummaa Dhaaluu	31
a.	Murtii Balleessummaa Yakkaa Booda.....	31
b.	Himannaa Haariroo Hawaasaan Qabeenya Dhaaluu:	32
c.	Himannaa Hariiroo Hawaasaa Miidhamaa Dhuunfaa Dhiyaatuun:	33
iv.	Bulchiinsa qabeenya dhaalamee	33
VI.	Labsiilee Aangoo Himannaa fi Qorannoo Yakka Malaammaltummaa	33
VII.	Labsii Qabeenya Galmeessisuu fi Beeksiisuu Lakk.668/2010	34
VIII.	Labsii Eeruu Keennitootaa fi Ragootaaf Eegumsa Taasisu Lakk. 669/2010.....	35
2.6.2.	Sanadoota Idila Addunyaa	36
I.	Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii	36
II.	Waliigaltee Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa	38
Boqonnaa Sadii	40
Sakatta’iinsa Muuxannoo.....	40
Seensa	40
3.1.	Afrikaa Kibbaa.....	40
3.1.1.	Koree Qabeenya Bu’aa Yakkaa Deebisiisu (Criminal Asset Recovery Committee):.....	41
3.1.2.	Tuuta Qabeenya Bu’aa Yakkaa Deebisiisu/dhaalu (Asset Forfeiture Unit).....	41
3.1.3.	Herreega Kuusaa Qabeenya Bu’aa Yakkaa Dhaalamee (Criminal Asset Recovery Account) 42	
3.1.4.	Bulchaa Qabeenya dhorkamee (Curator Bonis).....	43
3.2.	Ruwaandaa.....	43
3.3.	Abbaa alangaa Waliigalaa Federaalaa Itiyoophiyaa	45
Boqonnaa Afur.....	49
Qabeenya Bu’aa Yakka Malaammaltummaa Deebisiisuu fi Bulchuu: XiinxalaDaataa	49
Seensa	49
4.1.	Qorannoo qabeenya bu’aa yakka malaammaltummaa.....	49
4.2.	Uggurrii ykn dhoorkii qabeenya bu’aa yakka malaammaltummaa	53
4.3.	Bulchiinsa Qabeenya Ugguramee	57
4.4.	Himannaa Dhaalmaa Qabeenya Bu’aaYakka Malaammaltummaa	60
4.5.	Adeemsa Bulchiinsaan Qabeenya Deebisiisuu	66

4.6. Keenniinsa Murtii Qabeenya Bu'aa Yakka Malaammaltummaa.....	69
4.7. Bulchiinsa Qabeenya Dhaalamee.....	71
Boqonnaa shan.....	75
Yaada Guduunfaa fi Furmaataa	75
Yaada Guduunfaa.....	75
Yaada furmaataa	78

Gabaajeewwan

AAWF – Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa

ALA - Akka Lakkoofsa Awrooppaa

BAAWO -Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa

DRFI – Demookiraatawa Ripaablika Federaalawa Itoophiyaa

HH - Hariiroo Hawaasaa

ILQSO – Inistiitiyuutii Leenjii fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

IMF – International Monetary Fund

KKF – kan kana fakkaatan

KNFMO – Komishiinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa

KPO – Komishiinii Poolisii Oromiyaa

MMO - Mana Murtii Ol’aanaa

MMWO - Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

OECD - Organisation for Economic Co-operation and Development

WAAG - Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa

Boqonnaa Tokko Gumee Qorannoo

1. Seenduubee Qoranichaa

Yakki malaammaltummaa yakka miidhaa hawaas-diinagdee fi siyaasaa ol'aanaa lammiilee fi biyya irraan gahuudha. Miidhaawwan kanneen keessaa muraasni dhaabbileen mootummaa fi dhuunfaa hojii isaanii qixa karoorfameen fiixan baasuu dadhabuu, adeemsi hojii isaanii sirna akka dhabu taasisu, gaaga'ama nageenyaa fi sarbama mirga namoomaa qaqqabsiisuudha.¹ Bu'uraaleen misoomaa akka hin babal'anne gochuu fi kan hojjatamus sadarkaa qulqulina isaa gadi bu'aa taasisuu fi dhuma irratti mootummaa humna dhabsiisuun siyaasa biyyattii gooluu danda'a².

Miidhaa Malaammaltummaan nageenyaa fi guddina hawaas-diinagdee addunyaa irratti fidu hubachuun Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii, Gamtaan Afrikaa, Gamtaan Awurooppaa, Dhaabbileen Mirga Namoomaa fi Diinagdee garagaraa sanada ittisa malaammaltummaa qopheessaniiru. Sanadoota kunneen keessaa tokko Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii yoo ta'u Waliigalteen kun boqonnaa 3^{ffaa} jalatti yakkoota malaammaltummaa fi tarkaanfiwwan fudhatamuu qaban tarreessee jira. Tarkaanfiwwan kanneen keessaa 'qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e deebisiisuu/dhaaluu' waliigalticha keessatti hammachiisuun biyyoonni waliigalticha mallatteessan hojirra akka oolchan kallattii kaa'ee jira³. Kana malees, Gamtaan Afrikaa miidhaa yakka malaammaltummaa akka Ardii Afrikaatti jiru hubachuun Waliigaltee Ittisaa fi Farra malaammaltummaa qopheessuun hojirra oolchee jira⁴. Waliigalteen kunis kwt.16 jalatti dhaalmaa fi uggurrii qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa hammachiisun biyyootni miseensa ta'an akka hojirra oolchan dirqama kaa'ee jira. Tumaalee waliigalteewwan kanaa irraa kan hubatamu qajeeltoo 'namni kamiyyuu yakka raawwate irraa bu'aa argachuu hin qabu' jedhu akka tarsiimoo ittisa yakka malaammaltummaatti fayyadamuu isaaniti.

Itoophiyaan malaammaltummaa ittisuuf sochii yeroo dheeraa taasisaa kan turte yoo ta'u, bu'uuruma kanaan seera adabbii yakkaa bara 1957 baafatte irraa ka'uun keewwatoota

¹ UNODC, Global Resource for Anti-corruption Education and Youth Empowerment, Module 1 What Is Corruption and Why Should We Care? P.14, available at www.grace.unodc.org/grace/uploads/documents/academics/Anti-Corruption_Module_1, visited on 12/19/2022

² Isuma oli

³ kw.31 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Dhabbata Mootummota Gamtoomanii

⁴ Waliigaltee Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

malaammaltummaa yakkoosaa hammachiistee jirti. Seerri Adabbii Yakkaa kun Seera Yakkaa RDFI tin bara 2004 ALA yoo bakka bu’u, yakkoota malaammaltummaa fi adabbiin isaanii bifa fooyya’aa fi iftoomina qabuun hammachiifameera. Yeroo ammaatti tumaalee Seera Yakkaa keessatti hammataman addatti baasuun kanneen biroos itti dabaluun Yakkootni malaammaltummaa labsii of danda’e Labsii Yakka Malaammaltummaa lakk. 881/2015 jedhamuun addatti ragga’ee jira. Kanaan alattis, sochii malaammaltummaa ittisuun wal qabatee seerota adeemsaa fi seera ragaa addatti tumuun, dhaabbilee naamusaa fi farra malaammaltummaa hundeessuun danda’aameera⁵. Dabalataanis, biyyi teenya Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii fi Waliigaltee Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa raggaasiftee jirti.

Sadarkaa idil-addunyaattis ta’ee sadarkaa biyyoolessaatti malaammaltummaa ittisuun wal qabatee tarkaanfileen akka fudhatamaniif ciminaan akeekaman keessaa tokko qabeenya bu’aa malaammaltummaa deebisiisuu/dhaaluun kan jedhuudha. Qabeenya bu’aa malaammaltummaa dhaaluun kaayyoon raawwii yakkichaa akka hin milkoofne taasisuu irra darbee namootni biroo yakka wal fakkaataa akka hin raawwanneef miira sodaa uumuun yakka malaammaltummaa ittisuun keessatti gahee olaanaa kan taphatuu dha. Tarkaanfilee kanas yeroo yerootti raawwii isaanii sakatta’uun rakkoolee fi hanqinaalee mul’atan sirreessuun barbaachisaa dha. Sadarkaa Naannoo Oromiyaatti yakka malaammaltummaa ittisuun wal qabatee qabeenya bu’aa yakka malaammaltummaa dhaaluun fi bulchuu ilaalchisee qorannoon sadarkaa naannootti taasifame hin jiru. Kanumarraa ka’uun qorannoon kun sadarkaa naannoo Oromiyaatti yakka malaammaltummaa ittisuun keessatti qabeenya bu’aa yakka malaammaltummaa deebisiisuun/dhaaluun wal qabatee hanqinaalee ykn rakkoolee hojimaataa fi seeraa adda baasuun yaada furmaataa kan akeekedha.

⁵ Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015, Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi qajeelfama ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005
Labsii Komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa irra deebiin hundeessuuf bahe lakk. 1236/2020

2. Hima rakkoo

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'eykn qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe gitu himannaa yakkaatiin, hariiroo hawaasaa ykn falmii mana murtiin ala deemsa birootin akka dhaalamuu qaban labsiiwwanii fi waliigalteewwan idil-addunyaa Itiyoophiyaan raggaassifteni kaa'u. Milkaa'inni raawwii isaa yakka malaammaltummaa ittisuu keessatti gahee olaanaa kan qabuu dha.

Haa ta'u malee, Naannoo Oromiyaa keessatti qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe gitu dhaalchisuu ykn deebisisuun wal qabatee hanqinaleen akkasumas rakkooleenhojimaataa fi seeraa tokko tokko jiraachuun isaanimul'ata. Qabeenya bu'aa malaammaltummaa ta'ee ykn miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe duguuganii qorachuuykn adda baasuu dhabuun, qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gituu danda'u dursanii uggursiisuu dhabuun, qabeenya uggurame sirnaan bulchuu dhabuun, murtiin adabbii yakkaa erga kennameen booda qabeenyi bu'aa yakkaa akka dhaalamuuf murtii kennuu dhabuun ykn murtiin dhaalmaa akka kennamu taasisuu dhabuun, qabeenya murtiin dhaalame bulchuun wal qabatee sirni ifa ta'e jiraachuu dhabuun hanqinaalee qaamolee haqaa oromiyaa biratti mul'atanidha. Dabalataan, himannaa yakkaatin alatti, adeemsa hariiroo hawaasaa fi adeemsa bulchiinsatiin qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e deebisiisuuf ykn akka deebi'u gochuuf sirni cimaa fi iftoomina qabu diriiruu dhabuun akka hanqinaa fi rakkoolee hojimaata keessatti mul'atan ta'ee ni kaafama.

Kanaafuu, qorannoon kunis sababoota ijoo hanqinaalee fi rakkoolee kanneeniif ka'uumsa ta'an adda baasuun furmaata isaa akeekeera.

3. Gaaffilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadii bu'ureffachuun kan gaggeeffamedha.

1. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'ee yknqabeenya miidhaa yakka malaammaltummaanqaqqabegitu dhaaluu fi deebisiisuu ilaalchisee hanqinaalee fi rakkooleen jiran maalii dha?
2. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhorkamee fi dhaalame bulchuuf seerrii fi hojimaatni jiru hangam gahaa dha?

3. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuuf caasseeffamni hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi Komishinii Poolisii Oromiyaa jiru gahaa dhaa?

4. Kaayyoo Qorannoo

4.1. Kaayyoo Gooroo

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe gitu himannaa yakkaatiin, himannaa hariiroo hawaasaatiin ykn falmii mana murtiin ala deebisiisuu/dhaaluu fi bulchuun wal qabatee hanqinaalee seeraa fi hojimaataa adda baasuun yaada furmaataa dhiyyeessu dha.

4.2. Kaayyoo Gooree

1. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluun ykn deebisiisuun wal qabatee hanqinaalee seeraa fi hojimaataa adda baasuu
2. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ajaja m/murtiin uggurame/dhorkamee fi dhaalame bulchuun wal qabatee hanqinaalee seeraa fi hojimaataa adda baasuu
3. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuuf gahumsa caaseeffama hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi Komishinii Poolisii Oromiyaa sakatta'uudha.

5. Faaydaa fi Fayyadamtoota Qorannoo

Qorannoon kun qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe gitu himannaa yakkaatiin, himannaa hariiroo hawaasaa ykn falmii mana murtiin ala dhaaluu fi bulchuun wal qabatee hanqinaalee seeraa fi hojimaataa adda baasuun yaada furmaataa kan akeekewaan ta'eef, hojiilee ittisa malaammaltummaa sadarkaa naannoo Oromiyaatti raawwatamaniif galtee guddaa ta'a.

Rakkoolee seeraa mul'atan adda baasuun qaamni seera baasuuf aangeeffame sirreeffama seeraa akka taasisuuf akkasumas rakkoolee hojimaataa mul'atanis ilaalchisee qaamni itti gaafatamummaa qabu, keessumaa Biiron Aabbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Komishiniin Poolisii Oromiyaa fi Manni Murtii Waliigala Oromiyaa sirreeffama akka taasisaniif yaada galtee kan dhiyeesse waan ta'eef, qaamoleen kunneen fayyadamtoota qorannoo kanaa ta'u.

Dhaabbilee leenjii fi qorannoo seeraa kan akka ILQSO's rakkoolee ykn hanqinaalee leenjiidhaan fooyya'uu danda'an ilaalchisee qorannoo kana irraa galtee argachuun leenjii fi tajaajila gorsaa qaama qorannoo kanaan eerameef kennuu kan malan waan ta'eef fayyadamtoota qorannoo kanaa ni ta'u. Mootummaan Naannoo Oromiyaas hanqinaalee hojmaataa fi qaawwa seeraa adda bahanii fi yaadota furmaataa akeekaman irratti hundaa'un tarkaanffii ittisa malaammaltummaan walqabatee fudhatamuu qabu irratti murteessuu kan dandeessisu waan ta'eef, qorannicha fayyadamuu danda'a.

Akka waliigalaatti yakki malaammaltummaa hawaasaguutuu irraan dhiibbaa kan gahu yoo ta'u, milkaa'inni qorannoo kanaa immoo ittisa malaammaltummaa keessatti waan fayyaduuf, hawaasnis fayyadamtoota qorannoo kanaa ta'u.

6. Sakatta'iinsa Hogbarruu

Qorannoo kana gaggeessuuf dhimma ykn mata duree wal fakkaataa ykn walitti siqaa ta'e irratti qorannooleen biroo gaggeeffamuu ykn barruuleen (articles) biroo barraa'uu isaanii sakatta'uuf yaalameera.

Sochii ittisa malaammaltummaa tumsuuf ykn caalatti milkeessuuf yeroo garagaraatti qaamolee adda addaatiin qorannoon taasifamee jira. Qorannoo kunneen keessaa tokko kan ILQSO tin gaggeeffamee dha. Mata dureen qorannoo ILQSO'n gaggeeffamee sakatta'a bu'a qabeessummaa hojiiwwan Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa ti⁶. Qorannoon kun aangoon qorannoo yakka malaammaltummaa gaggeessuu fi himannaa yakka hundeessuu Komishiniidhaaf keennamuun isaa hojicha bu'a qabeessa taasisee jira kan jedhu irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaatiin qorannoo amma gaggeeffame waliin wal fakkeenya ykn walitti dhiyeenya kan qabu miti. Sadarkaa Godinaatti yakka malaammaltummaa ittisuun wal qabatee barruulee barraa'an keessaa tokko mata duree 'Corruption in Public Procurement: In the Case of Borana and Guji Zone's of Oromia Regional State, Ethiopia' jedhu yoo ta'u, maxxansi kunis dhimma bittaa irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaatiin qorannoo kana waliin hidhata kan qabuu miti.

Sadarkaa Biyyoolessatti qorannoon mata duree 'Ethiopian National Corruption Perception Survey⁷' bara 2021 ALA kan gaggeeffame yoo ta'ees qorannoon kun qorannoo ilaalchaa

⁶ Getaachoo fayyisaa fi namoota biroo lama, Sakatta'a bu'a qabeessummaa hojiiwwan Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa, ILQSO, 2009

⁷ Ethiopian National Corruption Perception Survey Report, Ethiopian Ethic and Anti-Corruption Commission, 2021

uummatni yakka malaammaltumaaf ykn sochii ittisa yakka malaammaltummaa taasifamuuf qabu irratti xiyyeffatee gaggeeffame ta'uu isaatin qorannoo kana waliin hidhata hin qabu.

Akka waliigalaatti, sakatta'iinsataasifameen qorannoon amma qorattoonni mata duree 'Qabeenya Bu'aa Yakka Malaammaltummaa Deebisiisuu: Sakatta'iinsa Seeraa fi Hojmaata Naannoo Oromiyaa' jedhu irratti gaggeessan qorannoo isa jalqabaati.

7. Mala qorannoo

Gaaffilee qorannoon kun qabatee deebisuuf malli qorannoo akkamtaa hojiirra kan oole yoo ta'u, daataa qorannoo kanaaf malanmeeshaalee funaansa daataaf ta'an: afgaaffii, bargaaaffii banaa, marii garee fi sakatta'iinsa galmeelee murtii argatanii taasifameera. Dabalataanis, xiinxala seerota fi waliigalteewwan idil-addunyaa rogummaa qabanii akkasumas sakatta'iinsi muuxannoo biyyootaa ykn naannolee fi xiinxalli barrulee seeraa hojiirra ooleera. Odeeffannoon af-gaaffii, bargaaaffii banaa fi marii gareedhaan ogeessotaa fi hoggantoota qaamolee haqaa irraa sassaabamu hanqinaalee fi rakkoolee hojimaataa adda baasuuf kan gargaagamne yoo ta'u sakata'iinsi waliigalteewwan iddil-addunyaa fi barrullee seeraa gahuumsa seerota fi sirna diriiree jiruu madaaluuf hojiirra oolanii jiru.

Daataan sadarkaa jalqabaa bifa afgaaffii, bargaaaffii fi marii gareetiin kan sassaabbameyoo ta'u, hooggansa mana hojii abbootii alangaa, mana murtii, Komishiinii/qajeelcha poolisii, komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa, waajjira itti gaafatamaa bulchiinsaa sadarkaa godinaa fi naannoo irra jiran waliin afgaaffiin gaggeeffameera. Mariin garees sadarkaa godinaa fi naannootti abbootii alangaa, qorattoota poolisii fi Ogeessota Ittisa yakka malaammaltummaa baay'inaa 3-5 ta'aan waliin taasifameera. Bargaaaffiin banaa ta'es abbootii seeraa fi qorattoota komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaatin oromiyaa sadarkaa Naannoo fi godinaa irra jiraniin guuttameera. Sadarkaa Godinaatti waajjira bulchiinsa godinaa keessaa ogeessa ykn itti gaafatamaa rogummaa qabu waliin afgaaffiin taasifameera. Qaamolee armaan olitti ibsamaniin alatti sadarkaa naannootti Biiroo Lafaa fi Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdeetti hooggansaa ykn ogeessa rogummaa qabu waliin af gaaffiin taasifameera. Dabalataanis, seerotnii fi waliigalteewwan idil-addunyaa Itiyoophiyaan raggaassifte akka daataa sadarkaa jalqabaatti hojiirra kan oole yoo ta'u, daataa sadarkaa lamaffaa ta'uudhaan qorannoo kana keessatti kan tajaajilan barruulee ykn jornaalota seeraa fi galmeelee murtii argatanii dha. Gabaasaaleen raawwii manneen hojii Biiroo abbaa alangaa, Komishiinii Poolisii Oromiyaa, Komishiinii Farra

Malaammaltummaa fi Waajjira Bulchiinsa Naannoo Oromiyaas laallamanii jiru. Muuxannoo ilaalchisee kan Abbaa Alangaa Waliigala Mootummaa Federaalaa Itiyooophiyaa akkasumas kan biyya ambaa keessaa immoo kan Afrikaa Kibbaa fi Ruwaandaa sakatta'ameera. Muuxannoon kunkun filatames bu'a qabeessummaa caasseeffamni isaan hordofan agarsiise giddu galeessa godhachuudhaani.

Qorannoo kana keessatti malli eddattoo kaayyeeffataa hojiirra kan oole yoo ta'u, bu'uuruma kanaan abbootin seeraa dhaddacha yakkaa ykn kanneen falmii yakka malaammaltummaa irratti baay'inaan hirmaatan akkasumas abbootiin alangaa fi qorattootni poolisii dubbifaman kanneen galmees yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu irratti argamanidha. Haala qabatamaa qaamolee haqaa amma jiru madaaluuf galmeen qorannoo kanaan sakatta'aman kanneen waggoota saddeeti(8) asitti ilaalamanidha.

Qorannoo kanaan godinaaleen Oromiyaa torba kan haguugaman yoo ta'u, godinaaleen filatamanis haala naannoo bakka bu'uu danda'aniin (geographic representative) fi facaatii raawwii galmees yakka malaammaltummaa giddu galeessa kan godhatedha. Godinaaleen kunneenis: Harargee Bahaa, Godina Baalee, Godina Arsii Lixaa, Godina Sh/Ki/Lixaa, Godina Jimmaa, Godina Shawaa Lixaa fi Godina Addaa Naannawaa Finfinneeeti. Muuxannoo hojimaataa fi odeeffannoo rogummaa qabu sassaabuuf sadarkaa mootummaa Federaalaatti Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaa, Koomishinii Poolisii Federaalaa fi Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa dubbifamanii jiru. Tarreen Waajjiraalee daataan irraa sassaabbamee fi baay'inni daataa akka armaan gadiitti kaa'amee jira.

Gabatee agarsiiftuu akaakuu daataa, bakka funaanamu, qaama irraa funaanamuu fi baasii

Qorannoo kanaaf Godinaaleen torba fi kan filataman yoo ta'u, yeroon daataa funaanuuf fudhatuu fi basin barbaachisu haala armaan gadiitiin gabateen agarsiifameera.

Lk.		Ibsa Qaamolee odeefaannoon irraa funaanamu
1	Sadarkaa godinaatti (godina torba)	<p>MMO, WAAG, Qaj/Poolisii</p> <ul style="list-style-type: none"> • Af gaaffii : Peresidaantii/Gaggeessaa dhimma Yakkaa MMO, Hoogganaa WAAG, Ajaja Qaj./P/Godinaa • Marii Garee: Daayirektooretii Yakka Malaammaltummaa fi A/alangaa lama = 3, fi Abbaa Adeemsaa garee qorannaa Yakka Malaammaltummaa fi Q/Poolisii lama=3 • Bargaaffii:A/Seeraa 3-5 • sakatta'iinsa Galme: MM-4 <p>KNFM Godinaa:</p> <ul style="list-style-type: none"> • Af gaaffii: hoogganaa/itti aanaa • Bargaaffii ogeessa lama <p>W/Bulchiinsaa Godinaa:</p> <ul style="list-style-type: none"> • Af gaaffii : Bulchaa/IGW/Qondaala Naamusaa
	Sadarkaa naannootti	<p>MMWO, BAAWO, Koomishinii Poolisii Oromiyaa</p> <ul style="list-style-type: none"> • Af gaaffii : Perezidantii/Itti aanaa MMWO, BAAWO tti It/aanaa Hoogganaa Dh/Ya/Mal, Komishinara/Itti Aanaa Ko/Po/Oromiyaa, Qideensitoota dhaddachaalee dhaabbii sadii MMWO fi BAAWO • Marii Garee: Abbootii Seeraa Dhaddacha Yakkaa 3-4 giddu galeessa, Daayirektooretii Yakka Malaammaltummaa fi A/alangaa lama = 3, fi Abbaa Adeemsaa garee qorannaa Yakka Malaammaltummaa fi Q/Poolisii lama=3 • Bargaaffii abbootii seeraa 3-4 fi abbootii alangaa 3-4 dhaddachaalee dhaabbii sadiitti • sakatta'iinsa Galme: MM- 4 <p>KNFMO</p> <ul style="list-style-type: none"> • marii garee: hoogganaa/itti aanaa fi ogeessa lama =3 <p>W/Bulchiinsaa Perezidantii</p> <ul style="list-style-type: none"> • marii garee : itti gaafatamaa waajjira fi ogeessa lama = 3 <p>Biiroo Lafaa Oromiyaa, - af gaaffii hooggansaa ykn ogeessa</p> <p>Biiroo Maallaqaa Oromiyaa- afgaaffii hooggansaa ykn ogeessa</p>
3	Sadarkaa Mootummaa Federaalaatti	AAW, Koomishinii Poolisii Federaa- Af gaaffii hooggansa waliin

8. Daangaa qorannoo

Qorannoon gaggeeffamu naannoo Oromiyaa qofatti kan daanga'e yoo ta'u, qabiyyeen isaas qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ykn qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe gitu deebisiisuu ykn dhaaluu qofa irratti xiyyeffatamee kan hojjatamedha. Qabeenya deebisiisuun wal qabatee dhimmootni akka qabeenya shakkamaa ykn himatamaa ugguruu haguuggii kan argatan yoo falmiin kallattiin himatamaa waliin wal qabatu kan akka mirga wabii ykn yeroo beellamaa dhiyaatedha. Dhimmoonni akka keenninsa adabbii hidhaa fi adabbii maallaqaa qorannoo kanaan hin hammatamne.

BOQONNAA LAMA

Qabeenya Bu'aa Yakka Malaammaltummaa Deebisiisuu fi Bulchuu: Sakatta'a Hogbarruu fi Seeraa

Seensa

Malaammaltummaan yakka guddina diinagdee, siyaasaa, nageenyaa fi mirga namoomaa miidhudha.⁸ Miidhaa yakki kun qaqqabsiisuu malu giddu galeessa godhachuun tarkaanfileen ittisa yakka malaammaltummaa bifa adda addaatiin sadarkaa biyyaa, ardii fi addunyaatti fudhatamaa jiru. Sochiin ittisa malaammaltummaa tarkaanfilee baay'eedhaan kan deeggarama yoo ta'u, tarkaanfilee kunneen keessaa muraasni naamusaa fi ilaalcha lammiilee irratti hojjachuu, labsiileegocha malaammaltummaa yakkoomsanii fi adabbii yakkichaa kaa'an tumuu, tumsa biyyoota idila addunyaa cimsuu dha.

Yakki malaammaltummaa kan raawwatamu faayidaa hin malle ofiif ykn nama biroof argamsiisuuf yoo ta'u, nama yakkicha raawwate adabbii hidhaa ykn maallaqaan adabuun qofti raawwii yakkichaan walqabatee hanga tarkaanfii fudhatamuu kan xiqqeessu waan ta'eef, namootni yakkicha akka hin raawwanneef dandeetti sodaa uumuu gahaa hin qabaatu. Kanaaf yaadama amma jiruun yakka malaammaltummaa ittisuuf tarkaanfiin bu'a qabeessa ta'e qabeenya bu'aa malaammaltummaa ta'e deebisiisuu/dhaaluu dha.

Boqonnaa kana jalatti yaad-rimee qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ilaalchisee sakatta'iinsa hogbarruu fi seeraa kan ilaallu ta'ee jalqabatti deemsa qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhaaluu fi gosti qabeenya dhaalamuu kan laallamu ta'a. Itti aansudhaan kutaa sakatta'iinsa seeraa jalatti Heera RDFI fi Heera Naannoo Oromiyaa, Labsiilee Gocha Malaammaltummaa Yakkoomsan, Labsiilee Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa hundeessan, Labsiilee deemsa addaa fi seera ragaa yakka malaammaltummaa kan ilaalaman ta'u. Dhuma irratti Waliigalteewwan akka addunyaatti mallattaa'an keessaa Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Dhaabbata Mootummaa Gamtoomanii fi Waliigaltee Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa kan ilaalaman ta'u. Tumaaleen Seerotaa fi waliigalteewwanii ilaalaman mata duree qorannoo waliin rogummaa kan qaban qofaa dha.

⁸UNODC, Global Resource for Anti-corruption Education and Youth Empowerment, Module 1 What Is Corruption and Why Should We Care? P.14, available at www.grace.unodc.org/grace/uploads/documents/academics/Anti-Corruption_Module_1, visited on 12/19/2022

2.1. Hiikkoo Malaammaltummaa

Ka'umsi jecha 'malaammaltummaa' ykn 'corruption' jedhu jecha laatiinii 'corruptus' jedhu irraa kan dhufe yoo ta'u, hiikkoon isaas 'cabsuu' kan jedhuu dha.⁹ Cabsuun kunis kan agarsiisu hojimaata, dambii, seeraa ykn qajeelfama dha. Ka'uumsa kana irraa ka'uun 'jecha 'malaammaltummaa' jedhu barruulee fi dhaabbileen garagaraa hiikoo garagaraa yoo kennaniif ni mul'ata. Hiikkoowwan kennaman kunneen garaagarummaa ijoo kan qaban otuu hin taane sadarkaa yaad-rimee fi gochaatti kan walitti dhiyaatani dha.

Sadarkaa jalqabaatti galmeen jechootaa seeraa beekamaan 'Black's Law Dictionary' jedhamu jecha malaammaltummaa ykn corruption jedhu akka armaan gadiitti hiikee jira:

*Corruption is an act of doing something with intent to give some advantage inconsistent with official duty and the rights of others; a fiduciary's or official's use of a station or office to procure some benefit either personally or for someone else, contrary to the rights of others.*¹⁰

Hiikni barreeffama olitti ibsamee gabaabbinaan malaammaltummaa jechuun bifa itti gaafatamummaa kennameen wal hin simnee fi faallaa mirga nama birootin faayidaa argamsiisuu; gocha aangoo mootummaatti garmalee fayyadamuun mirga namootaa miidhuun faaydaa ofiif ykn nama biroof argamsiisuuf taasifamudha.

Hiikoon jecha malaammaltummaaf kennamu inni biraa kan waliigalteewwan sadarkaa idil-addunyaa fi sadarkaa ardiitti mallateeffaman keessatti ibsamee dha. Ittisa yakka malaammaltummaatin wal qabatee waliigalteen sadarkaa addunyaatti Dhaabbata Mootummaa Gamtoomaniin qophaa'ee fi miseensota dhaabbatichaatin mallatta'e Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Dhaabbata Mootumoota Gamtoomani (United Nations Convention against Corruption) jedhamuun kan beekamuu dha. Sanadni kun jecha malaammaltummaa jedhuuf hiikkoo kennuu irra gochoota yakka malaammaltummaa ta'an tarreessuu filateera. Bu'uura kanaan aangawoota mootummaatiif matta'aa kennuu ykn fudhachuu, aangawoota biyyoota hambaa ykn dhaabbilee idila-addunyaatiif matta'aa kennuu ykn fudhachuu, qabeenya mootummaa ykn uummataatti garmalee fayyadamuu, aangooti garmalee fayyadamuun dhiibbaa

⁹ Shaambal Hordofaa, Hiikkoo fi Raawwii seerota farra Malaammaltummaa, Moojulii Leenjii (2005), p.6

¹⁰ Black Law Dictionary, 8th ed, p. 1047

hin malle uumuu fi kkf.¹¹ Waliigalteen biroo yakka malaammaltummaa ittisuuf biyyoota baay'ee tin mallataa'e Waliigalteen Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa yoo ta'u akkuma Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii jecha malaammaltummaa jedhuuf hiikkoo kallattii kennuu irra Waliigalteen kunis tumaalee isaa keessatti gochoota yakka malaammaltummaa ta'an tarreesseera. Bu'uura waliigaltee kanaatin yakkootni malaammaltummaa ta'an: fayidaa ofiif ykn nama biroof argamsiisuuf itti gaafatamummaa hojii mootummaa bahuu dhiisuu, qabeenya mootummaa fayidaa ofiif ykn nama biroof oolchuu, dhaabbilee dhuunfaa keessatti fayidaa ofiif ykn nama biroof qajeelfama raawwi hojiin ala dalaguu, seeraan ala duroomuu, qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhoksuu ykn miliqsuu fi kkf.¹²

Hiikoon inni biraa kan Dhaabbata Maallaqa Addunyaa (IMF) tin kenname yoo ta'u, hiikkoon kunis '*malaammaltummaa jechuun aangoo ummataa garmalee fayyadamuun fayidaa dhuunfaaf dhimma itti bahuudha*' jechuun hiikoo kennameedha.¹³ Hiikkoon kun malaammaltummaa dhaabbilee dhuunfaa keessatti raawwatamu hin hammatu. Gama biraatiin Dhaabbanni Gamtaa Diinagdee fi Guddina (Organisation for Economic Co-operation and Development, OECD) jedhamuun beekamu hiikkoo jecha malaammaltummaaf kenneen '*dhaabbata ummataa ykn dhaabbilee dhuunfaa bu'aa dhuunfaaf garmalee fayyadamuu*' jechuun yoo kaa'u¹⁴, dhaabbatni Tiraanispaarensii Internaashinaal (Transparency International) jedhamu immoo '*malaammaltummaan bu'aa dhuunfaa argachuuf aangoo itti kenname garmalee fayyadamuudha*' jechuun hiikee jira¹⁵.

Sadarkaa biyya keenyaatti yoo laallamu Labsiin jalqabatti yakka malaammaltummaaf hiikkoo kenne Labsii Deemsa Addaa fi Seera Ragaa Yakka Malaammaltummaa lakk. 236/2001 dha. Labsiin dursaa kun labsii biroo Deemsa Addaa fi Seera Ragaa Yakka Malaammaltummaa lakk. 434/2005 jedhamuun kan haqame yoo ta'u Labsiin haaraa kun yakka malaammaltummaaf hiikoo kennuu irra gochoota yakka malaammaltummaa kenneen Seera Yakka RDFI keessatti tarreeffamaniidha jechuun bira darbeera. Yakkootni malaammaltummaa jedhamuun Seera Yakkaa RDFI keessatti tarreeffaman tumaalee Labsii Yakkoota Malaammaltummaa lakk.

¹¹ Kw. 15-25 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii

¹² Kw.4 Waliigaltee Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹³ Vito Tanzi, Corruption Around The World: Cause, Consequences, Scope and Cures, 1998 p.8

¹⁴ Akkuma olii lakk. 1^{ffaa}

¹⁵ Isuma olii

881/2015 kan bakka buufaman yoo ta’u labsiin kunis gaalee ‘yakka malaammaltummaa’ jedhuuf hiikoo kennuu irra gochoota yakka malaammaltummaa ta’an tarreesseera.

Akka waliigalaatti hiikoowwan ykn ibsa armaan olii irraa kan hubatamu yakki malaammaltummaa mana hojii mootummaa ykn aangawoota mootummaa qofaan kan dalagamu otuu hin taane dhaabbilee dhuunfaa ykn aangawoota dhaabbilee dhuunfaatiin kan dalagamuu dha. Kunis seeraa fi hojimaata jiru cabsuun ofiif ykn nama biroof fayidaa argamsiisuuf aangooti ykn itti gaafatamummaa qabanitti garmalee gargaaramuun kan raawwatamuu dha.

2.2. Qabeenya Bu’aa Yakka Malaammaltummaa Dhaaluu (Confiscation)

2.2.1. Yaadrimee fi kaayyoo Qabeenya Bu’aa Yakka Mamaammaltummaa Dhaaluu

Yakki Malaammaltummaa yakka itti yaadamee bu’aa argachuuf ykn nama biroof argamsiisuuf raawwatamudha. Yakka kana caalatti walxaxaa kan taasisu yakkamtoonni akkuma yakkicha raawwataniin bu’aa yakkicha irraa argame seera qabeessa fakkeessuu fi madda isaa dhoksuuf carraaqii gara garaa taasisu. Yakka kana ittisuuf yakkamaa adabuu qofa osoo hin taane bu’aa yakki irratti xiyyeeffatee raawwatame hordofuun qorannoo adeemsisuu, dhoorkisiisuu fi dhaaluun bu’aa ol’aanaa qaba. Malli qabeenya bu’aa yakkaa hordofuun deebisiisuukun yakka malaammaltummaa ittisuuf duula taasifamu milkeessuu keessatti iddoo ol’aanaa qaba.

Barreeffamoonni fi seerotni tokko tokko yaad-rimee ‘qabeenya bu’aa yakkaa dhaaluu’ ykn ‘confiscation’ jedhuuf hiika kallattii kennaniiru. Kanneen keessaa hiikkoo Waliigaltee Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa, Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii, Waliigaltee Ittisa Yakkoota Gurmuu Daangaa Qaxxaamuranii Mootummoota Gamtoomanii fi Waliigaltee Mana Maree Awurooppaa Qabeenya Bu’aa Yakkaa Miicuu, Sakatta’uu, Ugguruu fi Dhaaluu irratti kenname ilaaluun ni danda’ama.

Bu’uura Waliigaltee Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaatiin qabeenya bu’aa yakkaa dhaaluu jechuun yakka malaammaltummaan wal qabatee himannaa yakkaa hordofuun qabeenya bu’aa yakkaa ta’e ykn meeshaa yakki ittiin raawwatame guutummaan akka fudhatamuuf adabbii ykn tarkaanfii manni murtii ajaju dha.¹⁶ Gama biraatin, Waliigaltee Mana Maree Awurooppaa Qabeenya Bu’aa Yakkaa Miicuu, Sakatta’uu, Ugguruu Fi Dhaaluu Irratti hiikkoo kenneen qabeenya bu’aa yakkaa dhaaluu jechuun himannaa yakkaa qabeenya nama

¹⁶ Kw. 1 Waliigalteen Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaatiin

dhabsiisuu danda'an irratti hundaa'ee adabbii ykn tarkaanfii mana murtiitiin kennamuu dha.¹⁷ Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii fi Waliigaltee Ittisa Yakkoota Gurmuu Daangaa Qaxxaamuranii Mootummoota Gamtoomanii hiikkoo wal fakkaataa gaalee 'qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu' jedhuuf kennaniin ajaja mana murtii ykn qaama aangoo qabu kan birootiin dhaabbidhaan qabeenya dhabsiisuuf kennamuu dha.¹⁸ Seerota biyya keenyatti tumaman keessaa gaalee 'qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu' jedhuuf hiikkoo kan kenne Labsiii Qabeenya ykn Qarshii Yakkaan Argame Seerawaa Gochuun dhiyeessuu fi Shororkeessummaa Deeggaruu Ittisuuf bahe lakk. 780/2013 yoo ta'u bu'uura labsii kanaatin qabeenya bu'aa yakkaa ta'e dhaaluu (confiscation) jechuun murtii mana murtiitin mirga abbaa qabeenyummaa dhaabbidhaan mulquu dha.¹⁹

Hiikoowwan kanneen irraa akka hubatamuutti, bu'uura Waliigaltee Gamtaa Afrikaa fi Mana Maree Awurooppaatiin qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluun kan danda'amu himannaa yakkaa irratti hundaa'ee adabbii ykn tarkaanfii manni murtii kennuun yoo ta'u, bu'uura hiikoo Waliigaltee Farra Malaammaltummaa fi Waliigaltee Ittisa Yakkoota Gurmuu Daangaa Qaxxaamuranii Mootummoota Gamtoomaniin kennameen mana murtiin alatti qaama aangoo qabuun ajaja kennamuunis qabeenyi kan dhaalamuu danda'u ta'uu isaati. Bu'uura Labsiii Qabeenya ykn Qarshii Yakkaan Argame Seerawaa Gochuun dhiyeessuu fi Shororkeessummaa Deeggaruu Ittisuuf bahe lakk. 780/2013 tin qabeenyi kan dhaalamu murtii mana murtiitin ta'uu kaa'ameera.

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e dhaaluun kaayyoo mataa isaa qaba. Kana keessaa tokko kaayyoon yakki kun irratti xiyyeeffatee raawwatamu bu'aa argachuu ykn nama biraaf argamsiisuu waan ta'eef, qabeenya bu'aa yakkaa ta'e dhaaluun carraa yakkamaan qabeenyichatti fayyadamuu dhabamsiisuun/cufuun kaayyicha yakki ittiin raawwatame cabsuudha.²⁰ Kana jechuun yakkichi kan raawwatame bu'aa diinagdee bu'ureeffatee waan ta'eef, kana dhabsiisuun kaka'umsa namni biraa yakkicha raawwachuuf qabu cabsuun yakkicha ittisuuf fayyada. Kan biraa yakki malaammaltummaa bu'aa seeraan alaa argachuuf kan raawwatamu ta'uun isaa mootummaa ykn nama dhuunfaa ykn dhaabbata irratti miidhaa kan geessisu waan

¹⁷ Kw. 1(d) Waliigaltee Mana Maree Awurooppaa Qabeenya Bu'aa Yakkaa Miicuu, Sakatta'uu, Ugguruu Fi Dhaaluu Irratti.

¹⁸ Kw. 2(g) Waliigaltee Ittisa Yakkoota Gurmuu Daangaa Qaxxaamuranii Mootummoota Gamtoomanii , kw. 29g) Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁹ Kw. 2(15) Labsiii Qabeenya ykn Qarshii Yakkaan Argame Seerawaa Gochuun dhiyeessuu fi Shororkeessummaa Deeggaruu Ittisuuf bahe lakk. 780/2013

²⁰ Brun, Jean-Pierre etl, *Asset Recovery Handbook*, Aguide for Practitioners, , (WashingtOn, D.C.2021) 2nd edition p.181.

ta'eef, miidhaa gahe bakkatti deebisuun ykn beenyaa kaffalchiisuun barbaachisaadha. Kana jechuun qabeenya bu'aa yakkaa ta'e dhaaluun ergaa 'yakki bu'aa argamsiisuu jiraachuu hin qabu'(crime does not pay) jedhu dabarsuuf fayyada.²¹

Kaayyoowwan Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomani keessaa tokko yakka malaammaltummaa ittisuu fi qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuu irratti walta'iinsa biyyootaa fi deeggarsa teeknikaa jajjabeessuu fi mijeessuu akka ta'e kaa'ameera.²² Kanumarraakan ka'e biyyootni miseensa waliigaltee kanaa ta'an seerota qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaalchisiisuu danda'an akka qabaatan ni akeeka.²³ Waliigalteen Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaas bifuma wal fakkaatuun biyyootni miseensa waliigaltichaa ta'an seerota qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaalchisuu danda'an akka qabaataniif kan akeekuu dha.²⁴ Kunis kan agarsiisu sochii yakka malaammaltummaa ittisuu keessatti qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluun tarkaanfii baay'ee murteessaa fi barbaachisaa ta'uu isaati.

2.2.2. Adeemsa Qabeenya Bu'aa Yakkaa Dhaaluu (Confiscation Methods)

Sanadootni fi istaandardootni akka addunyaatti jiran malaammaltummaa fi yakkoota gurguddoo tokko tokko ittisuuf, biyyootni miseensa ta'an hundinuu sirna seeraa qabeenyota bu'aa yakkoota kanaa ta'an dhaaluu dandeessisu qabaachuun barbaachisaa ta'uu ni akeeku²⁵. Dhaaluu jechuun akkuma olitti ibsame ajaja mana murtiitiin ykn qaama biroo aangoon kennameefin mirga yakkamaan qabeenyicha irraa qabu dhaabbidhaan dhabsiisuu ykn irraa mulquudha.

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e dhaaluun karaalee gara garaan raawwatamuu danda'a. Kanneen keessaa beekamoo kan ta'anii fi biyyoota heddu keessatti hojirra kan oolan adeemsota sadii dha. Adeemsootni kunis: Murtii yakkaatin dhaaluu, Himannaa Hariiroo Hawaasatiin dhaaluu fi Tarkaanfii Bulchiinsaatiin dhaaluudha.²⁶ Adeemsootni kunneen akka armaan gadiitti ilaalamaniiru.

²¹ Isuma olii

²² Kw. 1(b) Waliigalteen Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomani

²³ Kw. 31 Waliigalteen Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomani

²⁴ Kw. 16 Waliigaltee Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

²⁵ Akkuma olii lakk. 20^{ffaa} p.185

²⁶ Isuma olii

I. Murtii Yakkaatin Dhaaluu

Himannaan yakka malaammaltummaa yeroo dhiyaatu akkuma yakkoota kamiyyuu miidhaa raawwate ykn bu'aa argame qorannoo yakkaatin erga adda baheen booda ta'uu qaba. Abbaan Alangaa himannaa yoo dhiyeessu bu'aa yakkicha irraa argame ykn miidhaa raawwii yakkichaatin qaqqabe ibsuun shakkamaa irratti murtiin balleessummaa akka kennamu erga gaafateen booda qabeenyi bu'aa yakkichaa ta'es akka dhaalamee mootummaaf galii ta'u gaafachuun himannaa dhiyeessuu qaba. Kanaafuu, dhaalman qabeenyaa karaa murtii yakkaatin raawwatu adeemsa sirna haqa yakkaa hordofuun murtii balleessummaa shakkamaa irratti kennisiisuun qabeenyicharratti ajajni akka kennamu taasisuu hammata²⁷.

Adeemsa kana keessatti biyyotni tokko tokko dhaalmaan qabeenyaas sadarkaa mirkaneessa ragaa sirna haqa yakkaa keessatti biyyattiin hordofuun gita mirkaneessa ragaa shakkii qabatamaan olitti ykn 'beyond reasonable doubt' or 'intimate conviction'' kan hammatamu yoo ta'u, biyyootni gariin sadarkaa mirkaneessa ragaa yakka mirkaneessuu fi qabeenya dhaaluu garagara taasisu²⁸.

As keessatti manni murtii yakkamaa erga adabeen booda qabeenya dhaalumu irratti ragaa dabalataa dhagahuun qulqulleessuu danda'a ta'a. Kun immoo mana murtii irratti hojii dabalataa uumuun dhimmichi akka lafarra harkifatu taasisuu danda'a waan ta'eef, manni murtii dhaalmaa qabeenyaa irratti xiyyeeffannaa kennuu dhabuu danda'a. Kanumarraa ka'uun biyyootni tokko tokko shakkamaan balleessaa erga taasifame, dhaalmaa qabeenya bu'aa yakkaa dirqama kan taasisan yoo ta'u, biyyoonni tokko tokko immoo mana murtiif aangoo kennu.²⁹ Dabalataanis adeemsi dhaalmaa qabeenyaa kun murtii balleessummaa irratti waan hundaa'uf, rakkoon biraa mudachuu malu yoo shakkamaan osoo balleessaadha hin jedhamin bade ykn du'e dha. Biyyootni tokko tokko dhaalmaa qabeenya bu'aa yakkaa kana milkeessuuf jecha 'murtii balleessummaa bakka hin jirrettii' (Trial in absentia) kan shakkamaa balleessaa taasisu seera isaanii keessatti hammachiisu³⁰. Biyya keenya keessattis adeemsi dhaalmaa himannaa yakkaa kun labsii farra malaammaltummaa keessatti hammatamee jira³¹.

²⁷ Manual on International Cooperation for the Purposes of Confiscation of Proceeds of Crime, (UN September, 2012) p.80

²⁸ Isuma olii

²⁹ Akkuma olii lakk. 20^{ffaa}

³⁰ Isuam olii, p.186

³¹ Labsii adeemsa addaa fi qajeeltoo ragaa yakka malaammaltummaa lakk.882/2015.

II. Dhaalmaa Himannaa Hariiroo Hawaasaa Bu'ureeffatu (Non Conviction Based Confiscation)

Malli dhaalmaa qabeenyaa himannaa hariiroo hawaasaa bu'ureeffatu kun shakkamaa yakkaan adabsiisuu ykn murtii balleessummaa osoo hin bu'ureffatin qabeenyi bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn meeshaaleen yakkicha raawwachuuf fayyadaman mootummaan akka dhaalaman itti gaafatamanidha³². Adeemsi kun kan xiyyeeffatu qabeenya bu'aa yakkaa ta'e deebisiisuu qofa irratti. Kanaafuu, A/Alangaa salphaatti mirkaneessun kan irraa eeggamu qabeenyi himannaaf sababa ta'e bu'aa yakkaa ta'uu ykn meeshaa yakki ittiin raawwate ta'uu qofadha. As irratti wanti dagatamuu hin qabne qabeenya bu'aa yakkaa ta'e yoo jennu waan lama hammachuu isaati. Bu'aa yakkaa kallattiin yakkicha irraa argamuu (Direct proceeds of crime) fi bu'aa yakkaa alkallattii(Indirect proceeds of crime)³³. Bu'aan yakkaa kallattii qabeenyuma yakkicha irraa argamu yoo ta'u, bu'aan yakkaa alkallattii immoo carraalee sababa raawwii yakkichaatin uumamanii fi qabeenya bu'aa yakkaa kallattii jijjiirun argamanii fi daballii sonaa hunda dabalata³⁴. Akkuma olitti ibsame shakkamaan bu'aa yakka malaammaltummaa irraa argamu akkuma jirutti kan olkaa'u osoo hin taane qabeenya biraatti makuun(intermingling) fi bu'aa yakka irraa argame miicuun/qulqulleessun(Money Laundering) fayyadamuu waan danda'uuf, bu'aa yakkaa alkallattii qabeenya qulqulluu irraa adda baasuu irratti manneen murtii of eeggannoo gochuu qabu.Seerri biyyattiis hanga danda'ametti daangaa itti gochuu qaba ykn aangoo mana murtiif kennuu barbaachisa.

Dhaalmaan qabeenyaa himannaa hariiroo hawaasatiin raawwatamu kun himannaa yakkaa waliin ykn immoo kophaa isaatti sirna deemsa falmii hariiroo hawaasaa hordofee dhiyaachuu danda'a³⁵. Sirna kana keessatti sadarkaan mirkaneessa ragaa kan himannaa hariiroo hawaasaa (preponderance of the evidence)waan ta'eef, gadi'aanaa ta'a. Haata'umalee, biyyootni hundi sirna dhaalmaa himannaa hariiroo hawaasaa kana hin qaban waan ta'eef, murtiilee ykn ajajoota haala kanaan kennaman biyyaa biyyatti raawwachiisun rakkoo ta'uu danda'a³⁶. Gama biraatiin malli kun yakkoota akka malaammaltummaa, qabeenya bu'aa yakkaa qulqulluu fakkeessanii

³² Akkuma olii lakk. 20^{ffaa}, p.186.

³³ Manual on International Cooperation for the Purposes of Confiscation of Proceeds of Crime, (UN September, 2012) p. 81

³⁴ Isuma olii

³⁵ Best Practices in Investigating and Prosecuting Corruption Using Financial Flow Tracking Techniques and Financial Intelligence A Handbook, APEC Anti-corruption and Transparency Working Group (ACTWG) September, 2015 p.158

³⁶ Isuma olii

dhiyeessuu fi yakkoota biroos ittisuu keessatti faaydaa ol'aanaa waan qabuuf, Waliigalteen Ittisa Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomani biyyootni miseensa ta'an sirna seeraa biyya isaanii keessatti akka hammachiisan kallattii kaa'ee jira³⁷. Itoophiyaanis miseensa Waliigalteen Ittisa Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomani waan taatef, bu'uuruma waliigalteen kaa'uun sirna dhaalmaa himannaa hariiroo hawaasaa kana sirna seera ishee keessatti hammachiistee jirti³⁸.

Dhaalmaan qabeenyaa karaa himannaa hariiroo hawaasaa raawwatamu kun faaydaalee adda addaa qaba. Isaan keessaa muraasni: Yoo himannaan yakkaa milkaa'uu baate; kana jechuun yoo shakkamaan bade ykn du'e ykn immoo bilisa bahe akkasumas qabeenyichi jiraatee abbaan isaa yoo wallaalame salphaatti qabeenya bu'aa yakkaa ta'e hordofanii deebisiisuuf ni fayyada³⁹. Kana malees, yoo qabeenyichi bu'aa yakkaa ta'uun shakkame maqaa nama 3ffaan jiraate ykn immoo dhimma walxaxaa ta'e keessatti qorannaan yakkaa yoo harkifate qabeenyi kun akka hin miliqfamne ittisuufis ni fayyada. Haata'u malee, wanti hubatamuu qabu malli kun dhaalmaa karaa himannaa yakkaatin raawwatamu akka bakka bu'uuf osoo hin taane, akka filannootti kan fayyaduu fi dhimmoonni mala jalqabaatin xumuramuu danda'an haala diinagdaawaa ta'een maluma sanaan xummuramuu akka qabanidha⁴⁰.

III. Dhaalmaa Qabeenyaa Tarkaanfii Bulchiinsaan Raawwatamu (Administrative Confiscation)

Adeemsi kun dhaalmaa qabeenyaa mana murtiin ala karaa bulchiinsaan tarkaanfii fudhatamuun raawwatamudha. Akkaataa kanaan qabeenyi dhaalamu jalqaba qabeenyicha ittisuu irratti mormiinkan hin mudannee fi ulaagaaleen tokko tokko kan akka akeekkachiisa kennuu fi beeksisuu erga guutamanii booda ta'uu danda'a⁴¹. Adeemsa kana keessatti baay'inaan qabeenyota gatii gadi'aanaa qaban dhaaluuf kan fayyadu yoo ta'u, maaltu dhaalamuu akka qabus seera biyyattiitin adda bahee kan kaa'amu ta'a. Dabalataanis qaamni qabeenyota kana hordofee dhaalus seeraan kan dhaabbatuu fi aangon kan kennamuuf ta'a. Adeemsi kun baay'inaan

³⁷ Isuma olii

³⁸ Labsii lakk.434/97 akka labsii lakk.882/2007'n fooyya'etti kwt.32.

³⁹ Akkuma olii lakk. 20ffaa, p.189.

⁴⁰ Isuma olii.

⁴¹ Isuma olii, p.191.

raawwatiinsa kan qabaatu seerota taaksii, seerota ittisa daddabarsa baala sammuu hadoochuu fi seerota maallaqa daangaa ceesisuu dhoorkan keessattidha⁴².

2.3. Qabeenyota Dhaalamuu Danda'an

Yakka malaammaltummaa keessatti yeroo baay'ee wantoonni dhaalaman qabeenya bu'aa yakkaa ta'e(bu'aa kallattii ykn alkallattii) fi qabeenya yakkicha raawwachuuf shakkamaan fayyadame akka ta'e barreeffamoonni garagaraa ni ibsu.Qabeenyoni dhaalamuu qaban armaan gaditti ibsamaniiru.

2.3.1. Qabeenya Bu'aa Yakkaa Ta'e ykn Bu'aa Yakkicharraa Argame

Yakki Malaammaltummaa kan raawwatu fedhii yakkamaan bu'aa argachuuf ykn nama biraaf argamsiisuf qabu irraa ka'eeti. Kanumarraa ka'uun waliigalteewwan malaammaltummaan walqabatani akka addunyaatti mallatteeffaman hundi biyyoota miseensa ta'an irratti qabeenya bu'aa yakkichaa ta'e dhaaluu akka dirqamaatti kaa'anii jiru⁴³.Waliigalteen Ittisa Malaammaltummaa Dhabbata Mootummoota Gamtoomanii gaalee 'bu'aa yakkaa' kan jedhu kana haala armaan gadiitin hiikee jira:

proceeds of crime shall mean any property derived from or obtained, directly or indirectly, through the commission of an offence”.

Kana jechuun qabeenya kallattiinis ta'ee alkallattiin yakkicha raawwachuun argame ykn horatame. Dabalataanis Waliigalteedhuma kana kwt.31(1A) jalatti 'qabeenya yakkicha irraa argame ykn qabeenya bu'aa yakkicha irraa argame waliin walmadaalu' jechuun kaa'ee jira. Kun immoo tilmaama bu'aa yakkicha irraa argamekan dabalatudha. Kanaafuu, keewwatoota lamaan waliin yoo dubbifnu qabeenya yakkicha raawwachuun horatame ykn argame ykn tilmaama bu'aa yakkichaan argameen walgituu fi bu'aa/faaydaa qabeenya yakka irraa argame fayyadamuun argamu hunda kan dabalatu ta'uu hubanna.

2.3.2. Qabeenya ykn Meeshaalee Yakkicha Raawwachuuf Fayyadaman ykn Fayyadamuuf Qopheeffaman

Ittisa yakkaa keessatti akkuma tarkaanfileen biroo fayyadan meeshaa yakki ittiin raawwate ykn ittiin raawwatamuuf qindeeffame shakkamaa harkaa fuudhuun ykn dhabsiisuun yakkicha ittisuuf ykn yakki biroo dabalataan akka hin raawwatamne gochuuf faaydaa ol'aanaa qaba. Haaluma

⁴² Isuma olii

⁴³ OECD (2018), Confiscation of instrumentalities and proceeds of corruption crimes in Eastern Europe and Central Asia, p.25

walfakkaatun yakka malaammaltummaa keessattis meeshaa ykn qabeenya yakki ittiin raawwatame ykn raawwatamuuf karoorfame dhaaluun bu'aa ol'aanaa qaba. Kanumarraa ka'uun Waliigalteen Farra malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii biyyoonni miseensa ta'an tarkaanfilee akka qabaeenya ykn Meeshaa yakki ittiin raawwatame ykn ittiin raawwatamuuf qindeeffame dhaaluu seerota isaanii keessatti akka hammachiisan ni dirqisiisa⁴⁴.

2.3.3. Qabeenya Bu'aa Yakkaa Qabeenya Birootti Makame (Mixed proceeds)

Yakki malaammaltummaa of eeggannoon kan raawwatamuu fi yakkichi erga raawwatameen boodas shakkamtoonni kun qabeenya bu'aa yakkaa ta'e kana dafanii qabeenya qulqulluutti makuun akka hin beekkamne gochuu danda'u. Qorannoon qabeenya bu'aa yakkaa ta'e irratti taasifame qabeenyichi qabeenya karaa seera qabeessan argameen walmakuu kan agarsiisu yoo ta'e, tilmaamni hamma qabeenya bu'aa yakkaa sun dhaalamuu qaba⁴⁵. Waliigalteen Ittisa Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e qabeenya seera qabeessaan kan walmaku yoo ta'e, tilmaamni qabeenya bu'aa yakkaa dhaalamuu akka qabu tumee jira⁴⁶. Gama biraatin qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e guutumatti ykn walakkaanis ta'u gara qabeenya biraatti kan jijjiirame yoo ta'e, qabeenyichi kan dhaalamu ta'uu fi akkasumas galiin ykn bu'aan biroo qabeenya bu'aa yakkaa ta'e kana irraa argames kan dhaalamu ta'uu kaa'ee jira⁴⁷. Kanaafuu, biyyoonni miseensa ta'an sirna dhaalmaa qabeenyaa kanas seera biyyattii keessatti hammachiisuu qabu.

2.3.4. Qabeenya Tilmaama Walmadaalu qabu

Qabeenyi bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e dhaalamuu akka qabu ni hubatama. Haata'u malee, qabeenyi kun yeroo tokko tokko kan hin argamnee fi tilmaamni bu'aa yakkichaan argamee kan beekamu yoo ta'e, qabeenya shakkamaa/yakkamaa bu'aa argameen walmadaalu dhaalun akka danda'amu barreeffamootni adda addaa ni kaa'u. Haaluma kanaan Waliigalteen Ittisa Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii qabeenyichi bu'aa yakkaa ta'e kan hin argamin ykn kan hin jirre yoo ta'e, qabeenyi yakkamaa tilmaaman bu'aa argameen walmadaalu dhaalamuu akka qabu biyyoota miseensa ta'aniif kallattii kaa'ee jira⁴⁸.

⁴⁴ United Nation Convention Against Corruption, (14, December, 2004) , art .31

⁴⁵ Akkuma olii lakk. 43^{ffaa}, P.29

⁴⁶ United Nation Convention Against Corruption, (14, December, 2004) , paragraph 5 of art.31

⁴⁷ United Nation Convention Against Corruption, (14, December, 2004) , paragraph 4 and 6 of art.31

⁴⁸ United Nation Convention Against Corruption, (14, December, 2004) , Paragraph, 1a of art.31

2.3.5. Qabeenya Nama 3ffaa

Akka qajeeltootti qabeenyi nama 3^{ffaa} shakkamaa waliin hariiroo hin qabne sababni dhaalamuuf hin jiraatu. Haa ta’u malee, yeroo tokko tokko shakkamaan meeshaa ykn qabeenya nama biraa fayyadamuun yakkicha raawwachu danda’a. Yeroo akkasii qabeenyi nama 3ffaa yakki ittiin raawwatame dhaalamuu qaba⁴⁹. Kun namni 3ffaanis yakki malaammaltummaa akka raawwatu gahee taphachuu waan danda’uuf gamanumaan harka akka sassaabbatu gochuuf gargaara. Asirratti nama 3ffaan nama uumamaa ykn dhaabbata seeran namummaan kennameef ta’uu danda’a.

2.4. Bulchiinsa Qabeenya Dhaalamee ykn Dhorkamee

Qabeenyi tokko bu’aa yakka malaammaltummaa ta’uun yoo shakkame osoo dhimmichi mana murtii hin dhiyaatin ykn erga dhihaatee booda qabeenyichi ittifamee akka turu ajajni yeroo akka kennamu taasisuun ni danda’ama. Erga ajajni kennamee qabeenyichi ittifameen booda garuu qabeenyichi akka hin miidhamne/hin banne nageenyummaa isaa fi sona isaa qabatee akka turu eegumsa gochuufin barbaachisaadha. Kana gochuuf sirni bulchiinsa qabeenya ittifamanii ykn dhaalamanii diriiruu qaba. Kanumarraa ka’uun Waliigalteen Ittisa Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii biyyoonni tumaalee fi tarkaanfilee qabeenya ittifame bulchuuf barbaachisoo ta’an akka qabaatan gaafata⁵⁰.

Gama biraatin qabeenyotni kun akka ittifaman gaafachuun ykn ajaja kennuun dura qabeenyichi amala maalii akka qabu qorachuun barbaachisaadha. Sababni isaas qabeenyotni tokko tokko yoo ittifaman bu’aa inni booda argamsiisu caalaa baasin eegumsa/kunuunsa isaaf bahu caaluu danda’a. Qabeenya bulchuun beekumsa, muuxannoo, dinagdee fi kutannoo bulchiinsaa gaafata⁵¹.

Itoophiyaa keessatti sirni bulchiinsa qabeenya ittifamanii ykn dhaalamanii diriiree hin jiru. Dhaabbanni ykn qaamni dhimma kana hordofuuf dhaabbatee fi namni dhimma bulchiinsaa kanaan ogummaa addaa qabaatee irratti hojjataa jiru hin mul’atu⁵². Haa ta’u malee, labsiin farra malaammaltummaa qabeenyota bu’aa yakka malaammaltummaa ta’uu malu jechuun ittifamanii

⁴⁹ Akkuma olii lakk. 43^{ffaa}, P.35

⁵⁰ United Nation Convention Against Corruption, (14, December, 2004) , art.31(3)

⁵¹ Practitioner’s Manual for the Recovery of Proceeds of crime in Ethiopia, Economic and Financial Crime, (August 2020) p.57. available at tanacopenhagen.com/wp-content/uploads/2021/04/Practice-Manual-for-Asset-Recovery.pdf visited 12/19/2022

⁵² Isuma olii

ykn dhaalaman bulchuuf manni murtii akka muudu ykn irraa kaasu aangoo kenneefii jira⁵³. Muuxannoon biyyoota biroo kanagarsiisu qaamni qabeenyota ittifaman ykn dhaalaman bulchu of danda'ee kophaa kan dhaabbatee fi ogeessota dhimmicha irratti barumsa addaa qabaniin kan raawwatamu ta'udha⁵⁴.

2.5. Sakatta'iinsa Heeraa fi Seerota Biyya keessaa

2.6.1. Seerota Mootummaa Federaalaa fi Mootummaa Naannoo Oromiyaa

I. Heera Rippablika Dimookraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa fi Heera Naannoo Oromiyaa

Heerri Federaalawa Dimookraatawaa Rippablika Itiyoophiyaa qajeeltoowwan bu'uura shan heerichi ittiin hoogganamu keessaa inni tokko qajeeltoo iftoominaa fi itti gaafatamummaa ti.⁵⁵ Qajeeltoon kun hojiin mootummaa kamiyyuu iftoomina qabaachuu akka qabu, aangawaan uummataa ykn bakka bu'aan ummataa itti gaafatamummaa kennameen wal qabatee hanqina ykn kufaatii agarsiisu kamiifiyyuu kan itti gaafatamu ta'uu, fi bakka amantaa irraa dhabetti uummatni bakka bu'aa isaa aangoo irraa kaasuu akka danda'u ni kaa'a.⁵⁶

Qajeeltoowwan bu'uura kana hojiirra oolchuuf Heerri tumaalee biroo tumee jira. Tumaalee kunneen keessaa tokko aangoo Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa Mootummaa Federaalaa Heeraan kennamedha. Bu'uura Heera Mootummaa FDRI kwt. 55(17) tiin Manni Marii kun Muummicha Ministeeraa fi aangawoota mootummaa Federaalaa kanneen biroo gaaffilee garagaraa gaafachuuf yaa'ichatti akka dhiyaataniif waamuu akka danda'uu fi hojiilee qaama raawwachiiftuu qorachuu akka danda'u ifatti tumeera.⁵⁷ Dabalataan, Heerri sirna iftoominaa fi itti gaafatamummaa mirkaneessuun wal qabatee aangoo Muummicha Ministeeraaf kenne keessa tokko raawwii hojii mootummaa bulchiinsa mootummaa Federaalaa to'achuu fi tarkaanfii fudhachuu dha.⁵⁸ Qaama seera hiiktuunis wal qabatee abbootiin seeraa itti gaafatamummaa isaanii bu'uura Heeraa fi seeraatin qofa akka bahan eeruun, kanneen rakkoo naamusaa fi dandeettii qaban irratti itti gaafatamummaan akka mirkanaa'uu danda'u Heerri ifatti tumeera.⁵⁹

⁵³ Isuma olii

⁵⁴ Isuma olii

⁵⁵ kw. 12 Heera Rippablika Dimookraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

⁵⁶ Kw. 12 (1-3) Heera Rippablika Dimookraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

⁵⁷ kw. 55(12) Heera Rippablika Dimookraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

⁵⁸ kw. 74(8) Heera Rippablika Dimookraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa

⁵⁹ Kw. 79(4) Heera Rippablika Dimookraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa

Walumaagalatti, bu'uura Heerra FDRI'tin aangawootni, bakka bu'ootni ykn qaamni itti gaafatamummaan itti kenname kamiyyuu hojii isaa iftoominaan raawwachuu akka qabu, kannneen itti gaafatamuummaa isaanii qixa barbaadamuun hin raawwanne irratti itti gaafatamummaan mirkanaa'uu akka qabu kan akeekedha. Hima biraatiin qajeeltoon iftoominaa fi itti gaafatamummaa kun yakka malaammaltummaa ittisuu fi yeroo raawwatameetti itti gaafatamummaa mirkaneessuuf qajeeltoo bu'uraati. Labsiileen yakka malaammaltummaa tumanii fi komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa hundeessan qajeeltoo heeraa kana hojiirra oolchuuf kan tumsanii dha. Kanaaf tarsiimoo yakka malaammaltummaa ittisuu keessatti jildiin seeraa sadarkaa duraatti caqafamuu malu Heera Mootummaa FDRI ti.

Sadarkaa naannoo Oromiyaattis Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa qajeeltoowwan heeraa jechuun kan ibsee keessaa qajeeltoon tokko waa'ee iftoominaa fi itti gaafatamummaati. Bu'uura qajeeltoo kanaatin hojiin mootummaa akkaataa uummataaf ifa ta'een raawwatamuu akka qabu, uummatichi bakka bu'aa filate irratti oggaa amantii dhabu iddoo isaatii kaasuu akka danda'u, itti gaafatamaan hojii kamiyyuu ykn filatamaan uummataa itti gaafatamummaa isaa yoo hir'ise kan itti gaafatamu ta'uu kaa'eera.⁶⁰

Bu'uura Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaatin Caffeen qaama siyaasaa olaanaa yoo ta'u⁶¹ miseensi Caffee kamiyyuu yeroo ummanni filate amantaa irraa dhabetti, akka seeraatti, miseensumma Caffeerraa ni haqama⁶². Caffeen Perezidaantii fi abbootii taayitaa Naannichaa kanneen biraa gaaffiif waamuu akka danda'u; haala raawwii hojii Mana Marii Bulchinsa Mootummaa Naannichaa qorachuu akka danda'u kaa'ameera.⁶³ Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Perezidantiin kan hoogganamu ta'e, Perezidaantiin Imaamattoonni, dambiiwwan, qajeelfamoonniifi murtiileen Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa baase hojiirra ooluusaanii hordofuu akka qabu Heerichi tumeera.⁶⁴ Qaama seera hiiktuu ilaalchisee qaamni abbaa seerummaa bilisa ta'e heeraan hundeeffamuu ibsuun⁶⁵ abbaan seeraa tokko akkaataa seera naamusa abbootii seeraatti badii raawwateera yookiin hanqina dandeettii hojii fi si'oominaa cimaa hin qabu yoo ta'e, itti gaafatamummaan kan irratti mirkanaa'uu ta'uun

⁶⁰ Kw. 12 (1-3) Heera Naannoo Oromiyaa Labsii 46/1994 bahe

⁶¹ Kw. 49(2) Heera Naannoo Oromiyaa Labsii 46/1994 bahe

⁶² Kw. 48(6) Heera Naannoo Oromiyaa Labsii 46/1994 bahe

⁶³ Kw. 49(3)(q) Heera Naannoo Oromiyaa Labsii 46/1994 bahe

⁶⁴ Kw. 57(3)(b) Heera Naannoo Oromiyaa Labsii 46/1994 bahe

⁶⁵ Kw. 61(1) Heera Naannoo Oromiyaa Labsii 46/1994 bahe

tumameera.⁶⁶ Akka waliigalaatti Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaas sirna hordoffii fi itti gaafatamummaa mirkaneessuuf qaamolee mootummaa sadaniif kaa'ee kan jiru ta'uu isaatiin tarsiimoo ittisa yakka malaammaltummaaaf ka'umsa dha.

II. Imaammata Haqa Yakkaa RDFI

Mootummaan Federaalaa dhimma biyyoolessaan walqabatee Imaammata baasuu akka danda'u Heera mootummaa RDFI kwt.51(2) jalatti tumamee jira. Bu'uuruma kanaan biyyattiin Imaammata Haqa Yakkaa bara 2003 baafatee jirti. Naannoon Oromiyaas naannolee biyyattii keessa tokko ta'uu isheetiin Imaammata biyyattiin baafatte hojirra oolchuuf dirqama qabdi. Imaammata Haqa yakkaa RDFIkun haqa yakkaatin walqabatee wantoota baay'ee kan hammate yoo ta'u, kanneen keessaa mata duree 3.16.3 jalatti 'qabeenya bu'aa yakkaa uggursiisuu fi Dhaaluun' walqabatee kallattii kaa'ee jira. Bu'uuruma kanaan yakkoota gurguddoo fi walxaxaa ta'an kan akka yakka shororkeessummaa, malaammaltummaa fi yakkoota garee gurmaa'aniin raawwatamanii bu'aa yakkicharraa argame keessayyuu bu'aa diinagdetti rarra'u deebisiisun ittisa yakkaa keessatti iddoo ol'aanaa qaba⁶⁷. Kanumarraa ka'uun Imaammataichi seeronni yakkaa fi kanneen biroo dhimmichaaf rogamummaa qaban adeemsa qabeenya bu'aa yakkaa ta'e uggursiisuu fi dhaaluu kana hojirra oolchun akka danda'amutti fooyya'uu ykn bocamuu qabu jechuun kaa'eera⁶⁸. Dabalataanis seerotni kun maal maal hammachuu akka qaban adda baasun kan kaa'e yoo ta'u, bu'uuruma kanaan qabeenya/maallaqa bu'aa yakkaa ta'e too'achuu, ugguruu, dhaaluu fi bulchuu, qabeenya bu'aa yakkaa ta'ee yakki erga raawwatameen booda jijjiirame ykn gatiin akka dabaluu taasifame, qabeenya bu'aa yakkaa qabeenya birootin walmake ykn galii ykn kaappitaala qabeenya bu'aa yakkaa ta'e kanarraa argame hunda hammachiisun barbaachisaa akka ta'e Imaammataichi kaa'ee jira. Kanaafuu Imaammataichi kun seerotni haaraa bahan bifa kanaan bocamuu akka qaban akkasumas kanneen duraan jiran kan adeemsa kanaan wal hin simne bifa kanaan fooyya'uu akka qaban kaa'ee jira.

III. Labsiilee Yakka Malaammaltummaa Tuman

Seenaa sirna seera ammayyaa Itiyoophiyaa keessatti seerri yakkaa jalqaba jildeeffame Seera Adabbii Yakkaa (penal code) kan bara 1957 baheedha. Seerri kun bara mootii Haayilasillaasee kan bahe yoo ta'u sirna bulchiinsa mootii keessatti nagaa fi nageenya uummataa fi biyyaa tiksuum

⁶⁶ Kw. 63(4) Heera Naannoo Oromiyaa Labsii 46/1994 bahe

⁶⁷ Imaammata Sirna Haqa yakkaa RDFI (2003) kutaa 3.16.3 fuula 19.

⁶⁸ Imaammata Sirna Haqa yakkaa RDFI (2003) kutaa 3.16.3 fuula 19.

akka tumame ifatti ni kaa'a.⁶⁹ Seerri yakkaa kun gochaalee yakkka malaammaltummaa ta'anis hammachuudhaan kan tumamee dha.⁷⁰ Gochoota kanneen keessaa muraasni: bulchiinsa badaa, aangootti garmalee fayyadamuu, faayidaa hin malle fudhachuu, aangoo gargaaramuun dhiibbaa hin malle uumuu, hojimaata malaammaltummaa, qabeenya mootummaa faayidaa dhuunfaaf oolchuu fi kkf⁷¹.

Kufaatii mootummaa Haayilasillaaseen boodas mootummaan Dargii aangootti yeroo dhufus yakka malaammaltummaa ittisuuf Seera addaa tumee jira. Seerri addaa kun Seera Adabbii Yakkaa Addaa lakk. 8/1974 (special penal code) yoo ta'u, yakkoota malaammaltummaa Seera Yakkaa bara 1957 bahe keessa jiran adabbii isaanii cimsuun hojiirra oolchee jira.⁷² Seerri Adabbii Yakkaa Addaa kunis turtii waggaa torbaan booda Seera Yakkaa Addaa lakk. 214/81tin bakka kan bu'e yoo ta'u, seerri haaraan tumaalee yakka malaammaltummaa haaraa kan akka qabeenya uummataa qisaasessuu, firummaa ykn walitti dhiyeenya irratti hundaa'uun seeraan ala nama biroo fayyaduu fi gibira kaffaluu dhabuu kan jedhu hammateera.⁷³

Jijjiirama sirna bulchiinsa mootummaa fi gulantaa guddina kunuunsa fi eegumsa mirga namoomaa sadarkaa addunyaa fi biyya keenya irratti mul'ate giddu galeessa gochuun Seera Adaba Yakkaa bara 1957 ALA bahe kan bakka bu'u Serri Yakkaa RDFI bara 2004 ALA tti baheera. Seerri kun yakkoota malaammaltummaa haala iftoominaa fi baay'ina qabuun tumee jira. Yakkoota malaammaltummaa seera kanaan tumaman keessaa muraasni: aangotti garmalee fayyadamuu, faayidaa hin malle fudhachuu, bulchiinsa badaa, itti gaafatamummaa haala hin malleen bahuu, aangodhaan dhiibbaa uumuun faayidaa barbaaduu, faayidaa dhuunfaa argachuuf galii mootummaa haala hin malleen sassaabuu, fi kkf dha.⁷⁴ Seerri yakkaa kun himatamaan adabbii hidhaatiin adabamuu irra darbee qabeenya ykn faayidaa yakka kana raawwachuun ofiif ykn nama biroo argamsiise deebisuuf akka dirqamu kaa'eera.⁷⁵

Adeemsa keessa, daangaa raawwii yakka malaammaltummaa fi miidhaa inni faayidaa hawaasaa fi dantaa biyyoollessaa irraan gahe giddu galeessa gochuun tumaalee Seera Yakkaa bara 2004

⁶⁹kw. 1 Seera Yakkaa bara 1957 bahe

⁷⁰kw. 410- 426 Seera Yakkaa bara 1957 bahe

⁷¹kw. 410- 426 Seera Yakkaa bara 1957 bahe

⁷² Negeso Jiman, Survey Of Corruption And Anti-Corruption In Ethiopia In Historical Perspectives To 2005, International Journal Of Social, Humanities And Administrative Sciences, Vol. 6, 2020, Page. 508, available at www.ajol.info/index.php/olj/article/view/ visited 01/05/2015

⁷³ Isuma olii

⁷⁴kw. 402-419, 427-431 Seera Yakkaa bara 2004 bahe

⁷⁵ Kw. 404(4) Seera Yakkaa bara 2004 bahe

ALA bahan sirreessuun ykn fooyyeessuun waan barbaachiseef, labsiin yakkoota malaammaltummaa tumu addatti baheera. Haaluma kanaan Labsiin Yakkoota Malaammaltummaa lakk. 881/2007bahee hojirra akka oolu taasifameera. Labsiin kun tumaalee seera adaba yakkaa keessatti iftoomina hin qabne fooyyessuun ifa gochuuf, yakkoota malaammaltummaa dhaabbilee uummataa keessatti raawwatamaniif haguuggii kennuuf, tumaalee Waliigaltee Farra Yakka Malaammaltummaa Dhabbata Mootummoota Gamtoomanii fi Waliigaltee Ittisaa fi Farra Yakka Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa keessatti beekamtii argatan kan akka malaammaltummaa dhaabbilee dhuunfaa keessatti raawwatamanii hammachiisuu fi qaama yakkicha qoratu fi himatu aangessuuf, akkasumasyakkoota malaammaltummaaf xiyyeeffannaa addaa kennuun yakkicha ittisuuf ni tumsa jedhamee waan amananameef labsiin addatti bahee jira.⁷⁶ Haaluma kanaan labsiin kunis tumaalee seera yakkaa bara 2004 bahe kw. 379, kw. 381, kw.402-419, kw.427-431, kw. 468 fi kw. 676 haqee jira.⁷⁷ Dabalataanis, Seera yakkaa kw. 696 fi tumaalee biroo labsii haaraan haguuggii argatan kan akka aangootti garmalee fayyadamuu, fayidaa hin malle ofiif ykn nama biroof argamsiisu bu'uura lasbii yakkoota malaammaltummaa tumuuf bahe kew. 36 tin raawwatiinsa akka hin qabnee dha.

IV. Labsiilee Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Hundeessan

Yakka malaammaltummaa ittisuun wal qabatee tarkaanfilee tarsiiimawaan garagaraa fudhatamaa kan ture yoo ta'u, tarkaanfilee kanneen keessaa inni tokko dhaabbata olaantummaadhaan ittisa yakkichaa irratti hojjatu hundeessuu dha. Itiyoophiyaan malaammaltummaa ittisuun wal qabatee Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa yeroo jalqabaatiif bara 2001 ALA tti hundeessitee jirti. Komishiniin kunis labsii hundeeffama Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Itiyoophiya lakk. 235/2001 jedhuun hundaa'eera. Kutaa seensa labsichaa irraa akka hubatamutti barbaachisummaan hundeeffama Komishinii kanaa qaama olaantummaadhaan addatti yakka malaammaltummaa qoratu fi himatu hundeessuu, qaama yakka malaammaltummaa fi naamusa badaa to'atu fi ittisu hundeessuu fi ilaalcha naamusa gaarii babal'isuu fi beeksisuu kan jedhuu dha.⁷⁸ Kaayyoon Komishinichaas hubannoo naamusa babal'isuun hawaasa yakka malaammaltummaa baachuu hin dandeenye uumuu, yakka malaammaltummaa fi gocha badaa ittisuu, yakka ittisuun, qorachuu fi himachuun tajaajila amala badaa irraa bilisa ta'e mirkaneessuu, koodii naamusa aangawootaa fi hojjatoota mootummaa

⁷⁶ Kutaa seensaa Labsii yakkoota Malaammaltummaa Tumuuf bahe, lakk. 881/2007

⁷⁷ Kw. 35 Labsiin Yakkoota malaammaltummaa Tumuuf bahe lakk. 881/2007

⁷⁸ Seensa Labsii hundeeffama Komishinii Yakka Malaammaltummaa fi naamusa gaarii lakk. 235/2001

akka qophaa’u deeggaruu fi raawwii isaa hordofuu kan jedhuu dha.⁷⁹ Aangoo fi gaheen hojii Komishinichaa ijoon: hubannoo uumuu, hojimaata yakka malaammaltummaa haala mijaa’aa uuman qorachuu fi sirreeffamni akka fudhatamu gochuu, badii naamusa olaana mana hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti hojjataman qorachuu, yakkoota malaammaltummaa dalagaman qorachuu ykn akka qorataman gochuu, sakatta’iinsaa fi to’annoo qabeenyaa yakka waliin wal qabatan gochuu, namoota yakka malaammaltummaan shakkaman yeroo sa’aatii 48 hin caalleef to’achuu, lakkoofsa heerrega shakkamaa yakka malaammaltummaa qorachuu fi akka ugguramu gochuu, qabeenya aangawota fi hojjattoota mootummaa akka galmaa’u gochuu, qabeenyi namoota yakka malaammaltummaan shakkamanii akka ugguramu gochuu, qabeenya bu’aa yakka malaammaltummaa ta’e ajaja mana murtiin akka dhaalamu gochuu, akka caalbaasiin ykn caalbaasiin ala mootummaaf galii akka tahu taasisuu, raga baatotaa fi eertuu yakka malaammaltummaa eegumsa gochuu kan jedhuu dha.⁸⁰

Labsiin jalqabaa kun yeroo waggaa afuriin booda Labsii Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa irra deebiin hundeessuuf bahe lakk. 433/2005 bakka bu’ameera. Tumaa labsii kanaa irraa akka hubatamutti raawwii hojii komishinichaa qajeeltoo iftoominaa fi itti gaafatamummaa irratti bu’ureessuuf, bu’a qabeessummaa raawwii hojii komishiniichaa fooyyeessuuf, aangoo fi gahee hojii Komishiinii qixa seera yakkaa haaraa bara 2004 bahe waliin wal simsiisuuf, yakkoota gurguddoo (grand corruption) irratti xiyyeeffachuuf, qindoomina komishinii qaamolee biroo aangoo yakka qorachuu fi himachuu qaban waliin mijeesuuf, akka ta’e ibsameera.⁸¹ Yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu, qabeenya yakkichaan wal qabatu uggursiisuu, lakkoofsa heerreega baankii shakkamaa sakatta’uu fi akka ugguramu gochuun, qabeenyi bu’aa malaammaltummaa ta’e ykn qabeenya bu’aa sana gitu ajaja mana murtiin akka dhaalamu, kan dhaalame caalbasii ykn caalbaasiin ala mootummaaf galii akka tahu taasisuun wal qabatee aangoodhuma labsii duraan wal fakkatu komishinichii kan qabu yoo ta’u, yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuun wal qabatee qaamolee yakka qorachuu fi himachuuf aangoon seera biroon kennameef bakka bu’ummaa akka kennuu danda’u labsiin haaraa kun tumeera.⁸² Tumaaleen labsii kanaa yeroo turtii waggaa ja’aa booda aangoo yakka

⁷⁹ Kw. 6(1-4) Labsii hundeeffama Komishinii Yakka Malaammaltummaa fi naamusa gaarii lakk. 235/2001

⁸⁰ Kw. 7(1-10) Labsii hundeeffama Komishinii Yakka Malaammaltummaa fi naamusa gaarii lakk. 235/2001

⁸¹ Kutaa seensaa Labsii Koomishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa irra deebiin hundeessuuf bahe lakk. 433/2005

⁸² Kw. 7 & 8 Labsii Koomishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa irra deebiin hundeessuuf bahe lakk. 433/2005

malaammaltummaa dhaabbilee uummataatiin dalagaman qorachuu fi himachuu dabalatee sirreeffama muraasa hammachuuf labsii komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa lakk. 883/2007'n bakka bu'eera.

Sochiin aangoo fi gahee hojii Komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa fooyyeessuu ittuma fufuun komishiniin kun bara 2020 ALA bifa haaraan irra deebiin hundaa'eera. Labsiin hundeeffama komishinii kana labsii Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa lakk. 1236/2020 jedhamuun yoo moggaafamu labsiin haaraa kun aangoo yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu yeroo jalqabaatiif komishinii irraa mulqeera. Aangoon komishinichaas hubannoo uumuu, qorannoo gaggeessuu, qabeenya galmeessisuu, sochii ittisa yakka malaammaltummaa sadarkaa biyyoollessaatti hoogganuu fi kanneen biroo labsiilee kanaan dura tureen kennameeffitti daanga'eera.⁸³

Sadarkaa naannootti labsiin komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa Oromiyaa hundeessuuf yeroo duraaf bahuun kan beekamu Labsii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa lakk. 71/2003 dha. Aangoon komishinii kanas hubannoo hawaasaa gabbisuu, yakka malaammaltummaa fi hojjimaata gaarii hin taane ittisuu, dambiiwwan naamusaa aangawoota mootummaa fi hojjattoota mootummaa akka qophaa'uu gochuu fi raawwi isaa hordofuu kan jedhuu dha.⁸⁴ Labsiin kunlabsii biroo Labsii Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa Irra deebiin hundeessuu bahe lakk. 198/2008 tin bakka bu'ameera. Labsiin haaraa kunis aangoo qorannaa fi himannaa yakka malaammaltummaa Komishiniif kennee ture.⁸⁵ Dhuma irratti aangoon qorannaa fi himannaa yakka malaammaltummaa kan Komishinii kanaaf kenname Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk. 214/2011 tin irra mulqamee Abbaa Alangaatiif kennameera.⁸⁶

V. Labsiilee Adeemsa Addaa fi Qajeeltoowwan Fuudhinsaa fi Itti Fayyadama Ragaa

Yakki malaammaltummaa yakkoota biroo irraa haala adda tahee fi wal xaxaa ta'een kan raawwatamu ta'uu isaatiin seera deemsa falmii yakkaa idileetiin hogganuun hojii qorannoo fi himannaa yakkichaa bu'a qabeessa ta'uu kan dhorkuudha. Kanuma irraan kan ka'e yakka malaammaltummaa ittisuuf seerri deemsa addaa bahuun barbaachisaa ta'eera.

⁸³ Kw. 7 Labsii Komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa irra deebiin hundeessuuf bahe lakk. 1236/2020

⁸⁴ Kw.7 (1-4) Labsii naamusaa fi farra malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 71/2003

⁸⁵ Kw. 15(7-10) Labsii Komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa Irra deebiin hundeessuu bahe lakk. 198/2008

⁸⁶ Kw. 28(2) Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa Hundeessuuf bahe lakk. 214/11

Itiyoophiyaanis yakka malaammaltummaa ittisuuf qorannoo, himannaa fi dhagaha himannaa yakka malaammaltummaa ilaalchisee seera deemsa falmii yakkaa idileetiin addatti yeroo jalqabaatiif bara 2001 ALA labsii adeemsa addaa farra malaammaltummaa fi qajeelfama ragaa lakk. 236/2001 raggaasiftee jirti. Labsiin kun dhorkaa qabeenya bu'aa malaammaltummaa, sirna muudama bulchaa qabeenyaa, sirna qabeenya saamsuu fi tarreee qabeenyaa qopheessuu, sirna qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhaaluu, sirna dhagahaa himannaa yakka duraa, seera ragaa, eegumsa raga-baatotaa fi eeru keenitootaa kan hammatee dha.⁸⁷ Tumaalee labsii kana keessatti hammatamanitti dhimma mirga wabiitiin wal qabatee tumaa biraa dabaluu fi labsiin adeemsa farra malaammaltummaa fi qajeelfama ragaa fooyyeessuulakk. 239/2001 baheera. Bu'uura labsii fooyya'e kanaatiin yakki malaammaltummaa guutummaatti mirga wabii kan mulqu ta'uu isaatii fi ajajni qabiinsaa, yeroo beellamaa, sakatta'iinsa fi uggurrii qabeenya bu'aa malaammaltummaa mana murtii dhimma ilaaluuf aangoo qabu qofaan kan kennamu ta'uu isaa tumeera.⁸⁸

Turtii yeroo waggaa afur boodatti hiikkoo yakka malaammaltummaa fooyyeessuuf, sirna bulchiinsa gaaffii mirga wabii shakkamaa fi himatamaa fooyyeessuuf, sirna uggurrii, bulchiinsaa fi dhaalmaa bu'aa qabeenya malaammaltummaa fooyyeessuuf labsiilee dursa turanii fi dhimma wal fakkaataa bulchan haquudhaan labsiin haaraa deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa lakk. 434/2005 ragga'eera. Turtii yeroo waggaa kudhaniin booda tumaaleen muraasni labsii kana keessatti hammataman fooyyeessuun barbaachisaa ta'ee argamuu isaatiin labsiin deemsa addaa fi seera ragaa 882/2015 tumaalee fooyya'iinsaa muraasa hammachuun ragga'eera. Akka waliigalaatti qabeenya bu'aa malaammaltummaa uggurruu, sirna muudama bulchaa qabeenyaa, himannaa qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa, dhaalmaa qabeenya bu'aa malaammaltummaa fi bulchiinsa qabeenya dhaalame ilaalchisee tumaalee labsiilee deemsa farra malaammaltummaa fi seera ragaa keessatti jiran akka armaan gadiitti ilaalamaniiru.

i. Uggurrii Qabeenyaa

Bu'uura labsii sirna seera deemsa addaa fi ragaa farra malaammaltummaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005 tin qabeenya yakka malaammaltummaan argame jechuun qabeenya kamiyyuu yakkamaan yakkicha raawwachuun horatee kallattiidhaan ykn alkallattiin of harkaa qabu; ykn qabeenya ykn qarshii kallattiin ykn alkallattiin yakkamaan kennaadhaan nama biroof dabarse,

⁸⁷ Kw.3 -50 Labsii adeemsa addaa farra malaammaltummaa fi qajeelfama ragaa 236/2001.

⁸⁸ Kw. 2 Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi qajeelfama ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 239/2001

nama biroo bira kaa'e ykn nama biratti dhoksee jiru dabalata.⁸⁹ Bu'uura labsii kanaatiin manni murtii qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ugguruu danda'a.⁹⁰ Ajajni uggurrii qabeenyaa kun qorataa polisii ykn abbaa alangaatiin kan gafatamu ta'ee hundeeffama himannaa dura ykn booda kakuudhaan dhiyaachuu danda'a.⁹¹ Qabeenya akka dhorkamuuf gaafatamu bu'aa yakka malaammaltummaa ta'uun isaa bakka ragaan agarsiisu hin jirreetti garuu shakkamaan qabeenya hin malle sassaabee jiraachuun isaa ykn yakka malaammaltummaa raawwateen miidhaan nama irra gahee kan jiru yoo ta'e qarshiin maqaa isaatiin baankiitti kuufamee jiru ykn qabeenya biroo faayidaa hin mallee sana ykn miidhaa qaqqabe gituu danda'u irratti iyyatni dhorkaa kakuun deeggaramee yeroo dhiyaatetti manni murtii dhorkaa kennuu danda'a.⁹²

Qabeenyi bu'aa yakka malaammaltummaa ta'uun shakkamuun uggurame yeroo murtiin dhaalmaa kenname ykn himannaan adda cite ykn himatamaan bilisa jedhameetti ykn himatamaan balleessaa ta'ee hin argamneetti ajajni uggurrii ka'uu danda'a.⁹³ Murtii dhaalmaatiin yoo ta'een alatti manni murtii ajaja uggurrii dursa kennee ture kaasuuf iyyata uggurriin akka ka'uuf himatamaan dhiyeesse irratti abbaan alangaa deebii akka kennu erga taasiseen booda dha.⁹⁴

Kanaan alattis, namni ajajni uggurrii isa qaqqabe kamiyyuu uggurriin akka ka'uuf ykn akka fooyya'uuf iyyataan gaafachuu akka danda'u labsichi ifatti tumeera.⁹⁵ Manni murtii iyyata dhiyaate kana abbaa alangaan deebii akka itti kennu gochuun sababootni uggurriin akka ka'u ykn fooyya'u taasisan jiraachuu fi dhiisuu isaa qulqulleessuun ajaja itti fakkaate kennuu danda'a.⁹⁶

Muudama bulchaa qabeenya ugguramee: uggurrii qabeenya bu'aa malaammaltummaa ta'uun shakkameen wal qabatee dhimmi haguuggii argate inni kan biraa waa'e bulchiinsa qabeenya uggurameeti. Bu'uura labsii sirna seera deemsa addaa fi ragaa farra malaammaltummaa fooyyessuuf bahe lakk. 434/2005kwt.13 tin qabeenya uggurame ilaalchisee manni murtii bulchaa ykn eegduu muuduu akka danda'udha. Muudama eegduu kanaan wal qabatee manni murtii nama duraan qabeenyicha qabatee ykn to'atee jiru kaasuun qabeenya akka eegu, bulchuu fi

⁸⁹ Kw. 2(2) Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi qajeelfama ragaa fooyyessuuf bahe lakk. 434/2005

⁹⁰ Kw.8(1) Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi qajeelfama ragaa fooyyessuuf bahe lakk. 434/2005

⁹¹ Kw. 8(2-3) Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi qajeelfama ragaa fooyyessuuf bahe lakk. 434/2005

⁹² Kw. 9(1) Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi qajeelfama ragaa fooyyessuuf bahe lakk. 434/2005

⁹³ Kw. 15(1) & (2) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyessuuf bahe lakk. 882/2015

⁹⁴ Kw. 15(3) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyessuuf bahe lakk. 882/2015

⁹⁵ Kw. 16(1) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyessuuf bahe lakk. 434/2005

⁹⁶ Kw. 16(2-3) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyessuuf bahe lakk. 434/2005

haaromsuun nama haaraa muuduu akka danda'uu dha.⁹⁷ Dabalataan, manni murtii kun akkuma barbachisummaa isaatti muudamaa kanaaf aangoo himachuu fi deebii kennuu, aangoo kiraa fi galii garagaraa sassaabuu, baasii barbaachisoo ta'aan baasuu fi dhimmoota biroo akka raawwatuuf aangoo kennuufii akka danda'u kaa'eera.⁹⁸ Muudamaa mana murtii irratti abbaan alangaa, qorataan poolisii ykn himatamaan kaadhimamaa dhiyeessuu kan danda'u ta'ee manni murtiis qaama tokko muuduun dura yaada garee biraa dhageeffachuu qaba.⁹⁹ Bulchiinsa qabeenya kanaan wal qabatee qaamnii muudamu wabii dhiyeessuu kan qabu ta'ee, miidhaa qabeenya kana irra muudamaan dagannoodhaan ykn itti yaadee qaqqabsiisuuf itti gaafatamummaa kan qabaatuu dha.¹⁰⁰

ii. Qabeenya Uggurame Saamsuu fi Ibsa Tarree Qabeenyaa Qopheessuu

Qabeenya uggurame ilaalchisee manni murtii kaka'uumsa mataa isaatiin ykn iyyata irratti hundaa'uun murtiin dhumaa kennamuun dura yeroo kamittuu ajaja saamsaa kennuu danda'a.¹⁰¹ Abbaan alangaa ykn qorataan Poolisii qabeenya saamsuun barbaachisaa ta'uu isaa kakuudhaan ykn ragaa biraatiin mirkaneessee mana murtiif iyyata dhiyeessuu akka danda'u labsichi ifaan tuma.¹⁰² Ajaja saamsuu kan raawwatu saamsituu yoo ta'u, saamsituunis gabaasa tarree qabeenya saamsamee, tarree qabeenya otuu hin saamsamiin hafee, mana ykn iddoo qabeenyi itti saamsame, maqaa fi teessoo itti gaafatamaa manichaa ibsuu mana murtiif dhiyeessuu; akkasumas furtuuwwan mana ittiin saamsee rejistiraara mana murtiitti galii gochuu qaba.¹⁰³

Qabeeya uggurame ilaachisee manni murtii yeroo itti amaneetti galmeessituu muuduudhaan tarree qabeenya ugguramee akka qopheessee dhiyeessu ajajuu danda'a. Galmeessituunis bakka ragoonni lama jiranitti tarree qabeenyaa tilmaama gatii isaanii waliin kan dhiyeessu ta'a.¹⁰⁴

iii. Qabeenya Bu'aa Yakka Malaammaltummaa Dhaaluu

a. Murtii Balleessummaa Yakkaa Booda

Tumaalee deemsa addaa fi seera ragaa Labsii 882/2015'n fooyya'an keessaa tokko kan qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluun wal qabatani dha. Bu'uura labsii kanaatiin murtiin

⁹⁷ Kw. 17(1)(a-c) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005

⁹⁸ Kw. 17(2) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005

⁹⁹ Kw. 17(6) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005

¹⁰⁰ Kw. 20(1) &(4) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005

¹⁰¹ Kw. 23(1) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005

¹⁰² Kw. 23(2) (labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005

¹⁰³ Kw. 24 (1-2) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005

¹⁰⁴ Kw. 28 labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005

balleessummaa erga kennameen boodatti manni murtii ajaja dhaalmaa kennuu qaba.¹⁰⁵ Qabeenyi akka dhaalamuuf manni murtii ajaju kun sadarkaa jalqabaatti qabeenya malaammaltummaan horatame, bu'aa qabeenya malaammaltummaan horatamee ykn qabeenya fayidaa malaammaltummaan argame gitu dha. Himatamaan fayidaa malaammaltummaa irraa argate yoo hin jiraanne, faayidaa nama biroof argamsiise ta'uun isaa ykn miidh nama dhuunfaa ykn dhaabbata mootummaa ykn dhaabbata uummataa irratti geessisee kan jiru yoo ta'e, qabeenya miidhaa kana ykn faayidaa namni biroo argate waliin wal gitu akka dhaalamuuf manni murtii ajajuu qaba.¹⁰⁶ Qabeenyi maqaa himatamaatin galmaa'ee jiru faayidaa ofiif ykn nama biroof argamsiise ykn miidhaa dhaabbata uummataa ykn nama dhuunfaa ykn dhaabbata mootummaa irra qaqqabsiisu kan hin gitne yoo ta'e ykn himatamaan qabeenya maqaa isaatiin galmaa'ee jiru kan hin qabne yoo ta'e, qabeenyi waloo himatamaa kan dhaalamu ta'a.¹⁰⁷ Qabeenyi maqaa haadha manaa himatamaatin jiru ykn maqaa daa'imman himatamaa waggaa 18 gadi ta'uun jiru ykn qabeenyi seeraan akka qabeenya waloo himatamaa fi nama biroo jedhamee tilmaamamu hanga ragaan tilmaama kana fashaleessu hin dhiyaanneetti faayidaa himatamaan yakka malaammaltummaan argate ykn miidhaa qaqqabsiise akka bakka bu'uuf kan dhaalamu ta'a.¹⁰⁸ Bakka manni murtii ajaja dhaalmaa qabeenyaa kennee hin jirreetti abbaan alangaa iyyata ajaja dhaalmaa qabeenyaa dhiyeessuu danda'a.¹⁰⁹ Iyyatni kunis ajaja murtii balleessummaa booda ta'a.¹¹⁰ Manni murtii kaka'uumsa mataa isaatiin ykn iyyata abbaa alangaa irratti hundaa'uun himatamaan yakka malaammaltummaa irraa fayyadamuu fi dhiisuu isaa ykn hanga qabeenya deebi'uu qabuu adda baafachuuf ajaja dhaalmaa qabeenyaa hanga yeroo ji'a ja'aatti dheereessuu danda'a.¹¹¹

b. Himannaa Haariroo Hawaasaan Qabeenya Dhaaluu:

Bu'uura labsii deemsa addaa fi seera ragaa 882/2007 kw.32 tin yeroo sababa garagaraatin himannaan yakkaa adda citeetti ykn sababa kamiinuu murtii balleessummaa yakkaa kennuun hin danda'amneetti qabeenya yakka malaammaltummaan argame, qabeenya bu'aa malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya faayidaa himatamaan nama biroof argamsiise gitu ykn

¹⁰⁵ Kw. 29(1) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015

¹⁰⁶ Kw. 29(1)(a-b) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015

¹⁰⁷ Kw. 29(2) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2007

¹⁰⁸ Kw. 29(3) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015

¹⁰⁹ Kw. 31(1) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015

¹¹⁰ Kw. 31(2) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005

¹¹¹ Kw. 30 labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005

miidhaa nama dhuunfaa ykn qaama mootummaa ykn dhaabbata uummataa irraan gahe gitu akka dhaalamu abbaan alangaa himannaa hundeessuu danda'a. Sababoota kw.32(1) jalatti ibsameen alattis yoo ta'e, abbaan alangaa qabeenya malaammaltummaan argame ykn bu'aa qabeenya malaammaltummaa ta'e ykn miidhaa qaqqabsiise himannaa beenyaa hundeessuu qaba.¹¹²

c. Himannaa Hariiroo Hawaasaa Miidhamaa Dhuunfaa Dhiyaatuun:

Bu'uura labsii wal fakkaataa armaan ol caqasamee kw.32(3) tin qabeenyi ykn qarshiin malaammaltummaan argame kan nama dhuunfaa ykn dhaabbata mootummaa ykn kan dhaabbata uummataa yoo ta'ee, heeyyama ykn bakka bu'ummaa abbaan alangaa kennuun namni dhuunfaa ykn dhaabbatni mootummaa ykn dhaabbatni uummataa kun qabeenyi ykn qarshiin jedhame akka deebi'uuf himannaa hundeessuu danda'a. Abbaan alangaas himannaa kana hordofuu qaba.¹¹³

Dhaalmaa qabeenya bu'aa malaammaltummaa waliin wal qabatee murtii himannaa yakkaa ykn hariiroo dhaan alatti abbaan alangaa qabeenya kana deebisiisuu akka danda'u labsiin Biiroo Aabbaa Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahee ifoomseera.¹¹⁴ Kunis yakka malaammaltummaa dhagaha irra jiru ykn sadarkaa qorannaa irra jiru gara mana murtii geessuun otuu hin barbaachifne abbaan alangaa qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e deebisiisuu akka danda'u ifatti tuma.

iv. Bulchiinsa qabeenya dhaalamee

Qabeenya murtiin dhaalamuu irratti kenname abbaan alangaa qaama mootummaa ilaallatuutti dabarsee kennuu qaba. Qabeenyi kun kan dhaalamuu hin dandeenye yoo ta'e ykn qabeenya biroo waliin kan wal make yoo ta'e ykn maxxantuu qabeenya biroo yoo ta'e abbaan alangaa caalbaasiidhaan gurguruun maallaqa isaa qaama mootummaa dhimmi ilaallatuutti galii gochuu qaba.¹¹⁵

VI. Labsiilee Aangoo Himannaa fi Qorannoo Yakka Malaammaltummaa

Akkuma armaan olitti ibsame aangoo qorannoo fi himannaa yakka malaammaltummaa Koomishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa irraa gara abbaa alangaatti deebi'ee jira. Sadarkaa mootummaa federaalaatti aangoo qorannoo fi himannaa yakka malaammaltummaa

¹¹² Kw. 32(2) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015

¹¹³ Kw. 32(3) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2007

¹¹⁴ Kw. 7(13)Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa Hundeessuuf bahe lakk. 214/11

¹¹⁵ Kw. 34(3) labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015

abbaa alangaa waliigalaa federaalaatiif kennameera.¹¹⁶ Sadarkaa mootummaa Naannoo Oromiyattis yakka malaammaltummaa irratti himannaa kan hundeessuu abbaa alangaa¹¹⁷ yoo ta'u, aangoo qorannoo yakka malaammaltummaa immoo abbaa alangaa fi komishinii Poolisii Oromiyaatiif kennee jira.¹¹⁸ Tumaalee labsii Biiroo abbaa alangaa waliigala Oromiyaa hundeessuuf bahe keessatti abbaan alangaa falmii yakka malaammaltummaa mana murtiin ala xumuruu akka danda'u kaa'eera.¹¹⁹

VII. Labsii Qabeenya Galmeessisuu fi Beeksiisuu Lakk.668/2010

Yakka malaammaltummaa ittisuun wal qabatee tarkaanfii sadarkaa biyyoollessaatti fudhatame keessaa tokko labsii qabeenya galmeessisuu fi beeksisuu lakk.668/2010 dha. Barbaachisummaa labsii kanaas malaammaltummaa ittisuu, bulchiinsa gaarii lafa qabsiisuu, walitti bu'iinsa dantaa dhuunfaa fi ittigaafatamummaa hojii hambisuuf akka tahe seensa labsichaa irraa kan hubatamuu dha.

Bu'uura labsii kanaatin muudamaan, bakka bu'aan uummataa/filatamaan ykn hojjataan mootummaa kamiyyuu qabeenya ykn qabiyyee isaa fi maatii isaatin jiru, galii isaa fi kan maatii isaa galmeessisuuf dirqama qaba.¹²⁰ Qabeenya kana akka galmeessuuf dirqamni kan itti keenname Komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa yoo ta'u, komishiniichi akkuma barbaachisummaa isaatti itti gaafatamummaa isaa kana bakka bu'ummaadhaan garee naamusaatiif dabarsuu danda'a.¹²¹ Muudamaa, bakka bu'aan uummataa ykn filatamaa ykn hojjataan mootummaa qabeenya isaa bu'uura labsii kanaatin hin galmeessifne ykn itti yaadee odeeffannoo sirrii hin taane kenne bu'uura labsii lakk.881/2007 kwt.18(2)tin kan adabamu ta'a.¹²²

Bifuma wal fakkaatun sadarkaa bulchiinsa mootummaa Naannoo Oromiyaattis labsiin qabeenya galmeessisuu fi beeksuu murteessuuf bahe lakk. 169/2011 labsameera. Labsichi seensa isaa keessatti qabeenya beeksisuu fi galmeessisuun malaammaltummaa fi hojimaata badaa ittisuu fi bulchiinsa gaarii dagaagsuu keessatti faayidaa olaanaa qabaachuu caqaseera. Haaluma kanaan

¹¹⁶ Kw. 8 (2)(b) labsii abbaa alangaa mootummaa RDFI hundeessuuf bahe lakk. 943/2016 &kw. 40(1) labsii hojii raawwachiiftuu mootummaa federaalaa hundeessuuf bahe lakk. 1263/2021

¹¹⁷ Kw.7(10, 11, 13)Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa Hundeessuuf bahe lakk. 214/11

¹¹⁸ Kw. 41(16) labsii qaama raawwachiiftuu mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk. 242/2014

¹¹⁹ Kw. 7(13) Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa Hundeessuuf bahe lakk. 214/11

¹²⁰ Kw. 4 labsii qabeenya galmeessisuu fi beeksiisuu 668/2010

¹²¹ Kw. 6 labsii qabeenya galmeessisuu fi beeksiisuu 668/2010

¹²² Kw. 22 labsii qabeenya galmeessisuu fi beeksiisuu 668/2010

filatamaan, muudamaan ykn hojjataan mootummaa kamiyyuu qabeenya ykn qabiyyee maqaa isaa fi maatii isaatin jiru, madda galii isaa fi maatii isaa beeksisuu fi galmeessisuuf dirqama qaba.¹²³

VIII. Labsii Eeruu Keennitootaa fi Ragootaaf Eegumsa Taasisu Lakk. 669/2010

Labsiin kun addatti dhimma malaammaltummaaf kan tumame ta'uu baatus yakka malaammaltummaa ittisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Yakki malaammaltummaa iccitiidhaan kan dalagamuu fi tarii yeroo tokko tokko miidhamaa dhuunfaa kan hin qabne waan ta'eef, haala salphaa ta'een kan saaxilamu miti. Kanarra darbees yakki malaammaltummaa qaamolee aangoo fi humna diinagdee qabaniin kan raawwatamu ta'uu isaatiin namootni yakka kana irratti hirmaatan qaamolee eeruu yakkaa keennan ykn ragaa ta'uu danda'an irratti dhiibbaa ykn miidhaa garagaraa qaqqabsiisuu akka danda'an ni tilmaama. Kutaa seensa labsii eegumsa eeruu kennitootaa fi ragootaa lakk. 669/2010 irraa kan hubatamuu danda'uus yaaduma kanaa dha.

Bu'uura labsii kanaatiin namni eegumsa taasiifamuufii malu yakka hidhaa cimaa waggaa kudhanii fi isaa ol adabsiisuu danda'u ykn yakka adabbii du'aa adabsiisuu danda'uun wal qabatee qaama eeruu kenneef, ragaa kenneef ykn qorannoo gaggeesseef ta'ee, yakkichi eeruu ykn jecha ragaa nama ykn qaama kanaatin alatti carraa saaxilamuu ykn mirkanaa'uu kan hin qabne yoo ta'ee fi sodaa hamaan qabeenya ykn qaama ykn bilisummaa namoota kana irra jiraachuun isaa kan amaname yoo ta'ee dha.¹²⁴ Eegumsi kunis eegumsa qaamaa fi qabeenyaa, bakka jijjiirrun mana jireenyaa kennuu, eenyummaa fi abbummaa qabeenyaa dhoksuu, meeshaa waraanaa hidhachiisuu, hanga guyyaa dhagahaatti eenyummaa ragaa dhoksuu, dhaddacha cufaatti ragaa dhagahuu, jecha ragaa dawoo keessa taa'anii kennuu fi kkf kan dabalatuu dha.¹²⁵ Qaamni ulaagaa kunneen guute ykn bakka qaamni ykn namni kun iyyata dhiyeeffachuu hin dandeenye qorataan poolisii ykn abbaan alangaa ykn namni biraa iyyata eegumsaa dhiyeessuu akka danda'u labsiin kun ifatti tuma.¹²⁶

Amala raawwii yakka malaammaltummaa fi ulaagaa kenniinsa eegumsaa labsii keessatti caqafame yoo laallamu yakka malaammaltummaa ittisuuf gahee olaanaa kan qabuu dha.

¹²³ Kw. 5(1) labsiin qabeenyi itti beeksifamuu fi galmaa'u murteessuuf lakk. 169/2011

¹²⁴ Kw. 3 Labsii eegumsa eeruu kennitootaa fi ragootaaf taasisu lakk. 669/2010

¹²⁵ Kw. 4 Labsii eegumsa eeruu kennitootaa fi ragootaaf taasisu lakk. 669/2010

¹²⁶ Kw. 6 Labsii eegumsa eeruu kennitootaa fi ragootaaf taasisu lakk. 669/2010

2.6.2. Sanadoota Idila Addunyaa

Yakki malaammaltummaa rakkina siyaas-dinagdee biyya tokko keessatti qofa kandaanga'ee jiru otuu hin taane farra guddina diinagdee, guddina dimookraasii, dagaagina mirga namoomaa fi olaantummaa seeraa hawaasa addunyaati. Kanarraan kan ka'e sadarkaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanitti fi Gamtaa Afrikaatti xiyyeeffannaan addaa kennameefii waliigalteen ittisa yakka malaammaltummaa tumamuu danda'eera.

I. Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

Miseensotni Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii bara 2003 ALA yaa'ii waliigalaa taasisaniin Waliigaltee Ittisa Yakka Malaammaltummaa labsii lakk. 58/4 tin mirkaneessaniiru. Seensa waliigaltee kana irraa akka hubatamutti malaammaltummaan yakka biyya tokkotti daanga'e otuu hin taane yakka sadarkaa addunyaatti sodaachisaa ta'aa jiru, yakka nageenyaa fi tasgabpii addunyaaf sodaa uumaa jiru, yakka guddina dimookraasii fi mirga namoomaaf akkasumas guddina itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf sodaa ta'e akka ta'e kaafameera. Kanaaf hawaasni addunyaa qindoominaan ittisuu akka qabu kaa'ameera.

Waliigalteen Ittisa Yakka Malaammaltummaa kun boqonnaa 8 (saddeet) jalatti kan gurmaa'e yoo ta'u, keewwatoota 77 (torbaatamii torba) kan hammatee dha. Boqonnaan tokkoffaa tumaalee waliigalaa kan of jalatti hammatu yoo ta'u tumaaleen kunis waa'ee kaayyoo, hiikoo jechootaa ykn gaaleewwanii fi daangaa raawwatiinsa waliigaltichaa kan ibsuu dha. Daangaa raawwatiinsa isaatin wal qabatee waliigaltichi ittisa, qorannoo, himannaa, uggurrii qabeenyaa, qabeenya dhaaluu fi deebisiisuuf waliigalticha hojjiirra kan oolu ta'uu kaa'eera.¹²⁷

Boqonnaan lammaffaan waa'ee ittisa yakka malaammaltummaa kan tumu yoo ta'u, biyyootni miseensa waliigaltee kanaa ta'an sirna seeraa biyya isaanii keessatti imaammata farra malaammaltummaa, hirmaannaa hawaasaa, olaantummaa seeraa, bulchiinsa qabeenyaa uummataa, iftoominaa fi itti gaafatamummaa mirkaneessuu irratti bu'ureeffate qabaachuu akka qaban akeeka.¹²⁸ Dabalataan, biyyootni kunneen gahuumsa seerota, qajeelfamootaa fi hojimaata isaanii qixa ittisa yakka malaammaltummaadhaan madaaluu fi fooyyeessuuf dirqama akka qaban tumeera.¹²⁹ Dambii naamusa hojjattoota mootumaa qabaachuu akka qaban¹³⁰, sirna bittaa fi

¹²⁷ Kw. 3 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹²⁸ Kw. 5(1) Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹²⁹ Kw. 5(3) Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹³⁰ Kw. 8 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

bulchiinsa qabeenya mootumaa akka qabaatan¹³¹, sirna uummatni yakka kana itti saaxilu akka qabaatan¹³², ittisa yakka malaammaltummaa keessatti hawaasaa akka hirmaachisan¹³³, bulchiinsa sochii maallaqaa keessatti miiciinsa maallaqaa haala ittifamu irratti sirna akka qabaatanii¹³⁴ fi tumaalee biroo hammateera.

Boqonnaan sadaffaa tumaalee yakka malaammaltummaa beeksisan yoo ta’u, kutaa kana keessatti aangawoota mootumaa biyyooleessaa¹³⁵ fi dhaabbilee idila-addunyaa matta’aa kennuu¹³⁶, qabeenya uummataa qisaasessuu, garmalee fayyadamuu fi faayidaa hin malleef oolchuu¹³⁷, aangoodhaan dhiibbaa hin malle uumuu¹³⁸, aangoo itti gaafatamummaa garmalee itti gargaaramuu¹³⁹, matta’aa dhaabbilee dhuunfaa¹⁴⁰, bu’aa yakka malaammaltummaa miicuu¹⁴¹, bu’aa yakka malaammaltummaa dhoksuu/miliqsuu¹⁴², yakka malaammaltummaan wal qabatee kenniinsa haqaa gufachiisuu, sirna himannaa, dhagahaa fi murtii adabbii yakka malaammaltummaa,¹⁴³ qabeenya bu’aa malaammaltummaa ugguruu fi dhaaluu¹⁴⁴, eegumsa eeruu kennitootaa, miidhamtootaa fi ogeessota qorannoo yakka malaammaltummaatiif malu¹⁴⁵, sirna himannaa beenyaa miidhaa yakka malaammaltummaa¹⁴⁶, fi kkf hammateera.

Boqonnaan afur waa’ee qindoomina biyyoota addunyaa kan of jalatti hammate yoo ta’u namoota yakka malaammaltummaa raawwachuun biyya biraatti baqatan dabarsanii kennuun haala danda’amu irratti tumaan ifa ta’e kaa’ameera¹⁴⁷. Dabalataan biyyootni miseensa waliigaltee kanaa ta’an qorannoo, himannaa fi dhagaha yakka malaammaltummaa irratti deeggarsa seeraa waliif gochuu akka qaban ni tuma.¹⁴⁸

¹³¹ Kw. 9 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹³² Kw. 10 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹³³ Kw. 13 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹³⁴ Kw. 14 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹³⁵ Kw. 15 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹³⁶ Kw. 16 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹³⁷ Kw. 17 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹³⁸ Kw. 18 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹³⁹ Kw. 19 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁴⁰ Kw. 21 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁴¹ Kw. 23 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁴² Kw. 24 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁴³ Kw.30 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁴⁴ Kw. 31 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁴⁵ Kw. 32 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁴⁶ Kw. 35 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁴⁷ Kw. 44 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁴⁸ Kw. 46 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

Boqonnaan 5ffaan waa'ee qabeenya deebisiisuu yoo ta'u dhimmi kun qajeeltoo bu'uura waliigaltichaa ta'uu ifatti kaa'ameera.¹⁴⁹ Bu'uura waliigaltee kanaatin biyyootni tumaalee daddabarsa qabeenya bu'aa malaammaltummaa ittisan akka qabaatan¹⁵⁰, sirna biyyootni qabeenyi jalaa saamame akka deebi'uuf ittiin gaafatan diriirsuu¹⁵¹, qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhaaluuf qindoomina biyyoota addunyaa¹⁵² fi kkf hammateera.

Boqonnaan jaha waa'e deeggarsa teeknikaa fi odeeffannoo wal jijjiiruu kan tume yoo ta'u, boqonnaan torba waa'ee haala raawwii waliigaltichaa ta'ee; boqonnaan saddeettaffaan tumaalee xumura waliigaltichaa akeekanii dha.

II. Waliigaltee Ittisaa fi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

Waliigalteen kun Gamtaa Afrikaatiin kan mirkanaa'e bara 2003 yoo ta'u, tumaalee keewwatoota 28 (digdamii saddeet) irraa ijaaraman hammateera. Tuma waliigaltichaa irraa akka hubatamutti kaayyoon waliigaltee kanaa guddina biyyoota Afrikaatiif yakka malaammaltummaa dhaabbata mootummaa fi dhuunfaa keessatti dalagamu ittisuun, adabuu fi dhabamsiisuun waan barbaachisuuf, akkasumas yakka malaammaltummaa ittisuu, adabuu fi dhabamsiisuuf qindoomina biyyootaa waan barbaaduuf, ittisa yakka malaammaltummaa ilaalchisee imaammataa fi seerota biyyootaa wal fakkeessuun barbaachisaa waan ta'eef, guddina hawaas-diinagdee mirkaneessuuf gufuuwwan mirgoota namoomaa, siiviilii fi siyaasaa hambisuun waan barbaachisuuf, bulchiinsa mootummaa keessatti iftoominaa fi itti gaafatamummaa mirkaneessuun waan barbaachiseef kan jedhuu dha.¹⁵³

Waliigalteen kun keewwata afur jalatti gochoota yakka malaammaltummaa ta'an tarreessee jira. Gochoota kanneen keessaa muraasni¹⁵⁴: raawwii itti gaafatamummaa hojii mootummaan wal qabatee faayidaa qarshiin madaalamu ykn kan biroo ofiif fudhachuu ykn nama biroof argamsiisuu, faayidaa qarshiin madaalamu ykn faayidaa biroo kan akka kennaa, tola ooltummaa ofii isaaf ykn nama biroof kennuuf itti gaafatamummaa isaatti kan gargaarame, faayidaa ofiif ykn nama biroof argamsiisuuf itti gaafatamummaa hojii mootummaa bahuu dhiisuu, qabeenya mootummaa faayidaa ofiif ykn nama biroof oolchuu, dhaabbilee dhuunfaa keessatti faayidaa

¹⁴⁹ Kw. 51 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁵⁰ Kw. 52 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁵¹ Kw. 53 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁵² Kw. 54-55 Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii

¹⁵³ Kw. 2 Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹⁵⁴ Kw. 4(1(a-i)) Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

ofiif ykn nama biroof qajeelfama raawwi hojiin ala dalaguu, seeraan ala duroomuu, qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhoksuu ykn miliqsuu kan jedhuu dha. Dabalataan, bu'uura waliigaltee kanaatiin gochoota yakka malaammaltummaa jedhamuun waliigaltee kana keessatti hin hammattamne biyyootni miseensa waliigaltichaa lamaa ykn isaa ol waliigalteedhaan gochicha yakkoomsuu akka danda'aan tumameera.¹⁵⁵

Waliigaltee kun dirqamoota muraasa miseensota waligaltichaa irra kan kaa'e yoo ta'u, dirqamoota kanneen keessaa muraasni: gochoota yakka malaammaltummaa ta'uun waliigalticha keessatti caqafamaniif seera biyyoolessaan beekamtii kennuun tumuu¹⁵⁶, dhaabbilee daldalaa biyyaota ambaa irratti to'annoo fi hordoffii gochuu, dhaabbata walabaa farra malaammaltummaa hundeesuu¹⁵⁷, seerota eeruu kennitootaa fi ragabaatotaaf eegumsa taasisan tumuu¹⁵⁸, seerota bu'aa yakka malaammaltummaa dabarsuun, miliqsuun, dhoksuun ykn geeddaruu yakkoomsan tumuu¹⁵⁹, seera qabeenya maddi isaa hin beekamne horachuu yakkomsu tumuu¹⁶⁰, seerota yakka malaammaltummaa dhaabbilee dhuunfaa keessatti raawwataman ittisu tumuu¹⁶¹, qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa akka ugguramuu ykn akka dhaalamu dandeessisan tumuu¹⁶² fi kkf dha.

Waliigaltichi qindoominaa fi tumsa biyyoota miseensa waliigaltichaa ta'aan gidduutti cimsuuf tumaalee akka yakkamaa dabarsanii waliif kennuu fi qabeenya bu'aa malaammaltummaa waliif dabarsanii kennuu, deeggarsa seeraa fi teknika waliif gochuu kan jedhu tumeera.¹⁶³ Kanaan alattis waliigaltichi Gamtaa Afrikaa keessatti Boordii Gorsituu raawwii waliigaltee hordofu hundeessee jira.¹⁶⁴

¹⁵⁵ Kw. 4(2) Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹⁵⁶ Kw. 5(1) Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹⁵⁷ Kw. 5(2) Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹⁵⁸ Kw. 5(3) Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹⁵⁹ Kw. 6(1) Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹⁶⁰ Kw. 8 Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹⁶¹ Kw. 11 Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹⁶² Kw. 16 Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹⁶³ Kw. 15, 17,19 Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

¹⁶⁴ Kw. 22 Waliigaltee Ittisa Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa

Boqonnaa Sadii

Sakatta'iinsa Muuxannoo

Seensa

Yakka malaammaltummaa ittisuu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuun wal qabatee biyyootni adda addaa gurmaa'insa garagaraa yoo hordofan mul'ata. Biyyootni tokko tokko yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu dhaabbata ittisa yakka malaammaltummaa of danda'e yoo hundeessan biyyootni gariin aangoo yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu qaamuma yakka idilee qoratuuf fi himatuuf ykn biiroo abbaa alangaatiif kennu.

Biyyi keenya qaama itti gaafatamummaa yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu qabu yeroo adda addatti haala garagaraan kan gurmeessite yoo ta'u yeroo ammaatti aangoon yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu sadarkaa mootummaa naannoleettis ta'e sadarkaa mootummaa Federaalaatti kan Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaati.

Itti gaafatamummaan yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuu hojiilee ijoo lama of jalatti kan qabuudha. Inni tokko nama ykn qaama yakkicha raawwate seeratti dhiyeessuun adabsiisuu yoo ta'u hojiin inni biroo qabeenya bu'aa malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa malaammaltummaan qaqqabe gitu dhaaluu ykn deebisiisuu dha. Hojiilee ijoo kanneen lameen kana hojjachuun wal qabatee biyyootni adda addaa caaseffama adda addaa yoo hordofan argama.

Boqonnaa kana jalatti itti gaafatamummaa qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluu fi bulchuun wal qabatee muuxannoo biyyoota hambaa lamaa fi muuxannoo biyya keenyaa kan mootummaa federaalaa ilaalla.

3.1. Afrikaa Kibbaa

Yakkamtootni qabeenya ykn bu'aa yakka raawwachuun argatan irraa fayyadamtoota akka hin taaneef Afrikaan kibbaa tumaalee seeraa diriirsuu fi dhaabbilee tumaalee seeraa kana raawwachiisan hundeessuu dandeesseerti. Biyya kana keessatti seerota qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluuf ykn deebisiisuuf sadarkaa biyaatti tumaman keessaa isaan ijoo: Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998 (The South African Prevention of Organised Crime Act 1998 (POCA SA)) fi Labsii Ittisaa fi Farra Gocha Malaammaltummaa Afrikaa Kibbaa (Prevention and Combating of Corrupt Activities Act 2004 (PRECCA)) kan jedhamanii dha. Sochii labsiilee kana raawwachiisuu, keessumaa qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu ykn

deebisiisuun wal qabatee Afrikaa kibbaa keessatti qaamoleen itti gaafatamummaa olaanaa qaba afur yoo ta'aan isaanis akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

3.1.1. Koree Qabeeya Bu'aa Yakkaa Deebisiisu (Criminal Asset Recovery Committee):

Koreen kun labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998 jedhamuun kan hundeeffame yoo ta'e miseensotni komitee kanaas: ministeera haqaa, ministeera nagaan fi nageenyaa (safety and security minister), ministeera maallaqaa, hoogganaa abbaa alangaa (national director of public prosecution) fi akkuma barbaachisummaa isaatti namoota lama ministeera haqaatin filatamanii dha.¹⁶⁵

Bu'uura labsii Ittisa Yakka Gurmuun Raawwatamuutin kaayyoon hundeeffama koree kanaa: akkaataa qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e itti dhaalamuu fi qabeenyi dhaalame kun akkaataa gara lakkoofsa herreegaa addatti qophaa'etti galii itti ta'u ilaalchisee kaabinee mootummaa Afrikaa Kibbaatiif gorsa kennuu,¹⁶⁶ yakka gurmuu ittisuu, yakka maallaqa miiccuu (money laundry) ittisuu, sochii yakkomtoota gurmuu (criminals gang activity) fi akka waliigalaatti yakka ittisuun wal qabatee qaama seera raawwachiisuuf haala deeggarsii maallaqaa taasifamuu qabu ilaalchisee kaabinee mootummaa Afrikaa kibbaaf gorsa kennuu¹⁶⁷, fi dhaabbilee miidhamtoota yakkaa deeggaruuf dhaabbataniif deeggarsi maallaqaa akkaataa itti kennamuufii qabu ilaalchisee Kaabineef gorsa kennuu dha.¹⁶⁸

Aangoo fi itti gaafatamummaa koree kanaa keessaa muraasni: imaammata sirna dhaalmaa, bulchiinsaa fi dabarsa qabeenya bu'aa yakkaa irratti yaada kaabineef dhiyeessuu¹⁶⁹, qaamolee seera raawwachiiftuuf ramaddii qabeenyaa fi qarshii dhaalamee ilaalchisee yaada dhiyeessuu¹⁷⁰, qaamolee miidhamtoota gocha yakkaa deeggaraniif sirna maallaqni dhaalame itti hIRAMUUF irratti yaada dhiyeessuu dha¹⁷¹.

3.1.2. Tuuta Qabeenya Bu'aa Yakkaa Deebisiisu/dhaalu (Asset Forfeiture Unit)

Tuutni kun bara 1999 Biiroo Abbaa Alangaa Biyyoolessaa (Office of National Prosecuting Authority) jalatti tumaalee seeraa qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu raawwachiisuuf addatti kan

¹⁶⁵ kw. 65, Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁶⁶ kw. 68(a), Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁶⁷ kw. 68(b), Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁶⁸ kw. 68(c), Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁶⁹ kw. 69(a), Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁷⁰ kw. 69(b), Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁷¹ kw. 69(c), Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

hundeeffamee dha.¹⁷² Kaayyoon hundeeffama tuuta kanaas raawwii qabeenya bu'aa yakkaa ta'e kamiyyuu sadarkaa olaanaadhaan milkeessuu kan jedhuu dha.¹⁷³ Raawwiinii fi barbaachisummaan tuuta kanaa caalatti dabalaa dhufuu isaatiin bara 2001 tti Biiroo Abbaa Alangaa Biyyoolessaa jalatti sadarkaa damee tokkotti guddatee caasseffamuu danda'eera.¹⁷⁴ Dameen himannaa yakkaatiin alatti himannaa hariiroo hawaasaa hundeessuun qabeenya bu'aa yakkaa ta'e kamiyyuu akka dhaalamu taasisa.

Itti gaafatamummaan ijoo qorattoota damee kanaa: yakka dalagameen wal qabatee qabeenya dhaalamu danda'aan qorachuu, qabeenya dhaalamu danda'aan adda baasuu, ragaa qabeenya shakkamaa agarsiisu qindeessuu fi kurfeessuu, sochii qabeenya shakkamaa hordofuu, himannaa qophaa'uuf deeggarsa ogummaa kennuu, sochii himannaa yakkaa hordofuu, bulchaa qabeenyaa muudameef deeggarsa barbaachisu gochuu, ajaja mana murtii irratti hundaa'uudhaan qabeenya akka dhaalamu ajajame gurguruun maallaqa gara kuusaa heerrega qabeenya bu'aa yakkaattti galii gochuu dha¹⁷⁵

3.1.3. Herreega Kuusaa Qabeenya Bu'aa Yakkaa Dhaalamee (Criminal Asset Recovery Account)

Heerreegni kuusaa qabeenya bu'aa yakkaa labsii ittisa yakka gormuu lakk. 21/1998 kan hundeeffame dha.¹⁷⁶ Bu'uura tumaalee labsii kanaatiin maallaqni bu'aa yakkaa akka dhaalamuuf ajajame¹⁷⁷, qabeenyi bu'aa yakkaa akka dhaalamuuf ajajame¹⁷⁸, maallaqni bu'uura raawwii wal ta'iinsa ittisa yakkaa idila addunyaa (International Co-Operation in Criminal Matters Act) tiin dhaalame¹⁷⁹, maallaqa qaamni seera tumtuu biyyattii heerrega kanatti akka galuuf ajaje¹⁸⁰, maallaqa deeggarsa dabalataa kaayyoo maallaqni kun ooluuf deeggaruuf kennamee dha¹⁸¹.

¹⁷² Annalise Kempel, Taking the Profit Out of crime-the asset forfeiture unit, page 2

¹⁷³ Isuma olii

¹⁷⁴ Isuma olii

¹⁷⁵ Isuma olii

¹⁷⁶ kw. 63, Labsii Ittisa Yakka Gormuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁷⁷ kw. 64(a), Labsii Ittisa Yakka Gormuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁷⁸ kw. 64(a), Labsii Ittisa Yakka Gormuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁷⁹ kw. 64(b), Labsii Ittisa Yakka Gormuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁸⁰ kw. 64(c), Labsii Ittisa Yakka Gormuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

¹⁸¹ kw. 64(d), Labsii Ittisa Yakka Gormuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998,

3.1.4. Bulchaa Qabeenya dhorkamee (Curator Bonis)

Manni murtii olaanaa qabeenya bu'aa yakkaa ta'e oggaa ajaja kenneen ugguree jirutti bulchaa qabeenya kanaa muuduu akka danda'u labsiin ittisa yakka gurmuu ni tuma¹⁸². Bulchuun mana murtii kanaan mudamees itti gaafatamummaan qabaatu: qabeenya kan to'achuu, kunuunsuu, bulchuu fi tarkaanfii bulchiinsa barbaachisoo fudhachuu, qabeenyi uggurame kan dhaabbata daldalaa yoo ta'e hojii daldalaa isaa seera jiru irratti hundaa'uun itti fufsiisuu kan jedhuu dha.¹⁸³ Baasii bulchiinsa qabeenya uggurameetin wal qabatee akkuma barbaachisummaa isaatti manni murtii baasiin kun qabeenya wal fakkaataa ajajni dhaalamuu irratti kenname irraa ykn yeroo qabeenya kana irratti ajajni dhaalamuu hin kennamneetti kuusaa mootummaa irraa akka kaffalamu ajaja ni kenna.¹⁸⁴

3.2. Ruwaandaa

Ruwaandaan yakka malaammaltummaa ittisuuf, qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e deebisiisuu fi bulchuun walqabatee biyyoota Afrikaa sirna seeraa fooyya'aa qaban keessaa ishee tokkodha¹⁸⁵. Biyyattiin seerota qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu bitan garagaraa qabdi. Jalqaba irratti Seerotni qabeenya deebisiisuu irratti xiyyeeffatan seerota waliigalaa: seera adaba yakkaa biyyattii fi seera deemii falmii yakkaa biyyattii keessatti faca'anii argamu. Haata'umalee bara 2015 irraa kaasee biyyattiin seera addaa qabeenyota yakkaan walqabatan deebisiisuu qofa irratti xiyyeeffatu 'The 2015 law on Recovery of Offence-related Assets' jedhamu baafatte¹⁸⁶.

Seerri kun sirna tarreessuu 'listing Approach' hordofuu isaatin, seera adaba yakkaa biyyattii waliin walsimuu dhabuu isaatin qeeqa qabaatus kwt.3 jalatti qabeenyota yakkoota 18tiin walqabatanii argaman deebisiisuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uun kaa'ameera¹⁸⁷. Yakkoota tarreeffaman kana keessaa tokko yakka malaammaltummaa akka ta'e keewwatuma kana muraa 1 jalatti '*corruption and other related offences provided for by criminal laws and international conventions on the fight against corruption ratified by Rwanda*' jechuun kaa'ee jira. Kanaafuu seerri kun qabeenyota bu'aa yakka malaammaltummaa fi yakkoota malaammaltummaa waliin

¹⁸² Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 42 (1)

¹⁸³ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 42(1(a))

¹⁸⁴ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 42(2)

¹⁸⁵ Status of Assets Recovery in Rwanda, Promoting rule of law in Rwanda through sound enforcement of anti-corruption laws, (Transparency International Rwanda) p.4

¹⁸⁶ Law n° 42/2014 of 27/01/2015 governing recovery of offence-related assets, in Official Gazette, n° 07 of 16 February 2015.

¹⁸⁷ Akkuma olii lakk. 185^{ffaa} p.7

hidhata qaban kan seera biyyattii keessatti hammatamanii fi sanadaalee Idil-addunyaa biyyattiin mirkaneessite keessatti hammataman hunda irraa argaman deebisiisuu fi bulchuu kan hammatudha. Bu'ura seera kanaatiin qabeenyoni too'atamu ykn dhaalamu danda'an, namoota itti gaafatamummaa qabeenya bu'aa yakkaa ta'e deebisuu qabani fi qaamoleen hojirra oolmaa seera kanaa hordofan adda bahanii jiru.

Akkaataa seera kana kwt.5tiin gosootni qabeenyota deebisiifamuu/dhaalamuu danda'anii adda bahanii jiru. Bu'uuruma kanaan qabeenya/faaydaa yakkicha irraa argame, qabeenya ykn meeshaa yakki ittiin raawwatame ykn yakkicha ittiin raawwachuuf qindeeffame, tilmaama faaydaa argamee ykn tilmaama qabeenya bu'aa yakkaa ta'ee; yoo qabeenyichi qabeenya biraan walmake, akkasumas bu'aa ykn faaydaa qabeenya bu'aa yakkaa ta'e irraa argame dhaaluun akka danda'amu kaa'ameera¹⁸⁸. Kanamalees, seerri Ruwaandaa kun namoota ittigaafatamummaan qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisuu ykn yakkoota tarreeffamanii deebisuu irratti kufus adda baasee jira. Namootni kunis: nama yakkicha raawwate/yakkichaan adabame, nama sababa darbiinsa yerootin yakkicharraa bilisa ta'e, dhaaltota nama yakkicha raawwatee, nama qabeenya bu'aa yakkaa ta'e irraa karaa kamiinuu faaydaa argate, akkasumas nama ykn dhaabbata qabeenya bu'aa yakkaa ta'e hoogganu akka ta'e adda baasee jira¹⁸⁹.

Qabeenya deebisiisuun walqabatee seerri dhimma qabeenya deebisiisuu bitu 'The law on the Recovery of Offence-related Assets' kwt.15 jalatti aangoo qabeenya deebisiisuu A/Alangaa Waliigalaa fi qaamolee biroos jechuun haa kaa'umalee, seerota biraatin fkn: Seera Biiroo Abbagaar(law of Ombudsman Office) tin dhaabbanni Abbagaaris qabeenyota deebi'uu qaban akka hordofuu qabu aangeffameera.¹⁹⁰Ministeerri Haqaa qabeenyota murtiin irratti kenname hordofee akka raawwachiisuu fi kanneen murtiin irratti hin kennamne immoo hordofee himannaa hariiroo hawaasatiin akka deebisiisuu aangeffame jira.¹⁹¹Gama biraatin Biiroon abbaan alangaa bu'uurarraa aangon kennameef qabeenya dhaalamee fi uggurame bulchuudha. Haata'umalee, sirna 'fine without trail' jedhamu fayyadamuun qabeenya deebisiisuu irrattini hirmaata. Sirni kun sirna abbaan alangaa dhimmicha qabate shakkamaan yakkaan adabamuu ykn qarshiin adabamuu keessaa akka filatu gaafatuu fi yoo shakkamaan kan qarshiin adabamuu filatu ta'e, himannaa

¹⁸⁸ Akkuma olii lakk. 186^{ffaa}, kw. .5.

¹⁸⁹ Isuma oluu, kw. 4

¹⁹⁰ Akkuma olii lakk. 185^{ffaa}, p.15

¹⁹¹ Isuma olii p.14

yakkaa addaan kutuudhaan adabbiin qarshii akka kennamuu fi qabeenyi yakkichaan hidhata qabu akka dhaalamu gaafatudha¹⁹².

Qabeenya uggurame ykn dhaalame bulchuun walqabtee seerri Ruwaandaa qaamolee mana murtiin ala jiran aangessaa jira. Aangon kun gosa qabeenyaa ykn nama yakka raawwate irratti hundaa'un akka biyyaatti Biiroo Abbaa Alangaa fi damee aabbaa alangaa raayyaa ittisa biyyaa (Military Prosecution Department) ti.¹⁹³ Bu'uurarraa qabeenyota ugguraman ykn dhaalaman bulchuu Biiroo Abbaa Alangaadhaaf kan kenname yoo ta'u, haala nama yakka raawwate irratti hundaa'uun muraasa damee aabbaa alangaa raayyaa ittisa biyyaa'n akka bulchu taasifameera.¹⁹⁴

Qaamni biraa qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu keessatti gahee guddaa taphatu Biiroo Abbagaar (Office of the Ombudsman) kanjedhamudha. Biiroon kun ittisa yakka malaammaltummaa keessatti aangon bal'aan kan kennameef yoo ta'u, qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e deebisiisuu keessattis iddoo ol'aanaa qaba. Haata'umalee, qabeenya deebisiisuu keessatti kallattiidhaan kan hirmaatu osoo hin taane, aangoo qabeenya galmeessuu fi mirkaneessuu qabu fayyadamuun qabeenyota aangawoota mootummaa fi hooggantoota siyaasaa hundumaa galmeessuunii fi mirkaneessuun ibsa/declaration/ kenna.¹⁹⁵ Yeroo mirkaneessa qabeenyaa kana garaagarummaan kan mul'atu yoo ta'e, namootni kun akka himataman gara Biiroo abbaa alangaatti dabarsa, raawwii isaa ni hordofa¹⁹⁶.

3.3. Abbaa alangaa Waliigalaa Federaalaa Itiyoophiyaa

Manni hojii abbaa alangaa federaalaa Itiyoophiyaa itti gaafatamummaa labsii 9/// jalatti kennameef hojiirra oolchuun wal qabatee caaseeffama adda addaa mannicha keessatti diriirsee kan jiru yoo ta'e caaseeffama sadarkaa daayireektooreetiitti diriirfama keessaa tokko daayireektooreetii qabeenya bu'aa yakkaa ta'e deebisiisuun kan jedhuu dha.

Hojii fi itti gaafatamummaa Daayireektooreetii qabeenya bu'aa yakkaa kana itti hoogganuuf manni hojichaa maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu jedhu mirkaneessuudhaan hojiitti galee jira. Kaayyoon maanuwaalii kanaas qabeenya bu'aa yakkaa ta'e qorachuu fi deebisiisuu keessatti gahee hojii ogeessota fi qaamolee qooda fudhattotaa adda

¹⁹²Isuma olii, p.16

¹⁹³Akkuma olii lakk. 185ffaa, art.15

¹⁹⁴Akkuma olii lakk. 186ffaa p.16

¹⁹⁵Isuma olii, p.15

¹⁹⁶Isuma olii. p.15

baasanii kaa'uun iftoominaa uumuu fi itti gaafatamummaa mirkaneessu,¹⁹⁷ wal fakkeenya fi itti fufiinsa hojii qabeenya bu'aa yakkaa mirkaneessuu¹⁹⁸, fi hojii qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu ilaalchisee ogeessota biratti hubannoo wal fakkaataa uumuu kan jedhuu dha¹⁹⁹.

Bu'uura maanuwaalii kanaatiin galmii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu qabeenyi shakkamaa/himatamaa yakka raawwatame waliin hariiroo qabaachuu ragaa argachuu fi murtii falmii yakkaa ykn hariiroo hawaasaa booda bu'uura seerota ro gummaa qabaniin murtii dhaalmaa kennamuuf qabeenya gahaa eeganii tursiisuu dha.²⁰⁰

Qorannoon qabeenya bu'aa yakkaa kaka'uumsa daayireektooreetii kanaan ykn ragaa daayireektoreetiin biroo kennuun jalqabuu danda'a.²⁰¹ ragaa ka'uumsaa dhiyaate irratti hundaa'uudhaan qindeessaan qorannoo qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu qorataan ykn abbaa alangaa waliin ta'uun qorannoo kana akka jalqabuuf ni qajeelcha.²⁰² Hojii qorannoo kanaaf qorataan ykn abbaan alangaa odeeffannoo ykn ragaa barbaachisaa ta'e akkuma barbaachisummaa isaatti qaamolee kan akka baankii, dhaabbata tikaa fi nageenya biyyoolessaa, dhaabbata nageenya odeeffannoo biyyoolessaa, dhaabbilee qabeenya galmeessa, dhaabbilee qabeenya dhaabbataa galmeessan fi kkkf irraa ni funaana.²⁰³ Kanaan alattis, qabeenya maqaa haadha manaa ykn maqaa daa'imman shakkamaatin galmaa'ee jirus gareen qorannoo kun ni sakatta'a.²⁰⁴ sakatta'iinsa akka taasifamuuf gareen qorannoo kun ni amana taanaanis garee abbaa alangaa yakkicha irratti itti gaafatamummaa qabu mana murtii irraa ajaja akka baasisuu fi sakatta'iinsi akka raawwatamuuf akka ajaja kennu ni taasisa.²⁰⁵

Qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuun wal qabatee qorataan ykn abbaan alangaa garee qabeeya bu'aa yakkaa deebisiisuu qabeenya bu'aa yakkaa ta'e ykn qabeenya miidhaa malaammaltummaan qaqqabe madaalu kan maqaa shakkamaa/himatamaa, maqaa haadha manaa isaa ykn maqaa daa'imman isaa waggaa 18 gadi ta'aaniin galmaa'ee jiru dhorkisiisuuf mana

¹⁹⁷ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw. 4(a)

¹⁹⁸ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw. 4(b)

¹⁹⁹ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw. 4(c)

²⁰⁰ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw.5

²⁰¹ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI Kw. 6.1

²⁰² Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI Kw.8(b)

²⁰³ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI Kw.10(d)

²⁰⁴ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw.12

²⁰⁵ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw.14

murtiif iyyata dhorkaa dhiyeessuu qaba.²⁰⁶ Qorataan ykn abbaan alangaa kun hanga dhorkaan mana murtii irraa kennamuutti qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e ykn miidhaa qaqqabe madaaluu danda'u miliqfamuu ykn dhabamuu ni danda'a shakkii jedhu yoo qabaate hooggansa olaanuu irraa ajaja mallattaa'een qabeenya kana yeroo sa'aatii 48 tiif dhorkisiisuu ni danda'a.²⁰⁷

Bulchiinsa qabeenya dhorkamee ykn uggurameen wal qabatee amala ykn uumama qabeenyichaa giddu galeessa gochuun gareen qorannoo qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu kun qabeenya bulchuuf nama ykn ogeessa ykn dhaabbata roqummaa qabu adda baasuun hooggansaaf ni dhiyeessa.²⁰⁸ Qaamolee bulchiinsa qabeenyaaf eerama keessaa gahuumsaa fi naamusaan fooyya'aa ta'ee kan argame adda baasuudhaan manni murtii akka muuduu ni qorataa ykn abbaa alangaadhaa ni dhiyeeffama.²⁰⁹ Qaamni qaabeenya akka bulchuuf gama mana murtiin muudame itti gaafatamummaa isaa sirnaan bahaa jiraachuu isaa gama garee qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuun hordoffiin irratti kan taasifamu ta'a.²¹⁰

Itti gaafatamummaan Daayirektooreetiin qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu inni biroo qabeenya bu'aa yakkaa akka dhaalamu taasisuu waliin kan wal qabatuu dha. Qabeenyi bu'aa yakkaa murtii balleessummaa irratti hundaa'ee, murtii balleessummaan ala, mariidhaan ykn murtii bulchiinsaatiin deebifamuu ykn dhaalamuu akka qabu maanuwaalichi ni kaa'a.

Yakka hundeeffame irratti murtiin balleessummaa erga kennameen boodatti daayireektarri daayirektooreetii yakka malaammaltummaa garagarlcha murtii kennamee garee qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuuf kan ergu ta'a.²¹¹ Gaggeessan garichas galmee isaaf ergame irratti abbaa alangaa ni ramada. Abbaan alangaa kunis yakka dalagameen wal qabatee qabeenyi dhorkame jiraachuu isaa erga adda baafateen boodatti qabeenyichi akka dhaalamuuf dhaddacha murtii balleessummaa kennee turetti iyyata dhaalmaa qabeenya kan dhiyeessu ta'a.²¹²

Himatamaan kan bade ykn kan du'e ykn kan hin beekamne ta'uun isaa mirkanaa'uun garagalchi galmee kan isa qaqqabe yoo ta'e daayireektarri daayirektooreetii qabeenya bu'aa yakka deebisiisuu qabeenya kana dhaaluun kan danda'amu ta'uu akka qulqulleessaniif galmee kana

²⁰⁶ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 17(d) 7 18(a)

²⁰⁷ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 18(e)

²⁰⁸ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 27(a)

²⁰⁹ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 27(b)

²¹⁰ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 28(b)

²¹¹ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 31(a)

²¹² Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 31(c)

gara garee qabeenya deebisiisuutti qajeelcha.²¹³ Gareen kunis dhimmicha erga qulqulleessuun boodatti haalli qabeenya dhaalchisuu dandeessisu kan jiru ta'uu yoo mirkaneeffate dhaddacha yakka muummee isaa ilaaluuf aangoo qabutti abbaan alangaa iyyata dhaalmaa kan dhiyeessu ta'a.²¹⁴

Adeemsota armaan ol caqasamaniin akkuma eegametti himannaan yakkaa kan adda cite yoo ta'e ykn sababa kamiinuu murtiin balleessummaa kan hin kennamne yoo ta'e qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e sun akka dhaalamuuf abbaan alangaa mataa isaatiin ykn qaama miidhamaa ta'een himannaan hariiroo hawaasaa akka hundeeffamu ni taasisa.²¹⁵

Qabeenya bu'aa yakka deebisiisuun kan danda'amu qyakkicha hubachiisuuf ragaan gahaa kan hin jirre tahuu qaama ilaallatuun erga mirkanaa'e, ykn ragaan murtii yakkaa kennisiisu gahaan jiraatee garuu qabeenya yakkan argame ykn miidhaa qaqqabe gituu kan danda'u qabeenya kan hin argamne yoo ta'e ykn fayidaa uummataatiif galmeen akka adda citu ta'ee yoo himatamaan qabeenya kana deebisuuf walii galee dha.²¹⁶ Himatamaan qabeenya malaammaltummaan samame garuu hin argamne deebisuuf kan waliigale garuu himannaan akka adda cituu kan gaafate yoo ta'e daayireektooreetiin qabeenya daabisiisuu fi qaamni ilaallatu irratti waliigaluu qabu.²¹⁷ Kan irratti waliigalame yoo ta'e bu'uura waligaltee kanaan akka raawwatuu himannaa kan dhiyeessu ta'a.²¹⁸

Qorannoon qabeenyaa gaggeeffamuun wal qabatee qabeenyi seera bulchiinsaatiin dhaalamu kan jiru ta'uun yoo irra gahame qorataan ykn abbaan alangaa garee kanaa hoogganaa isaa beeksisuun qaamni ilaallatu qabeenya sana akka dhaaluuf ni beeksisa. Raawwii isaas kan hordofu ta'a.²¹⁹

²¹³ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 32(a)

²¹⁴ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 32(b)

²¹⁵ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 33(a)

²¹⁶ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 37(a)

²¹⁷ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 37(e)

²¹⁸ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 37(f)

²¹⁹ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw 39

Boqonnaa Afur

Qabeenya Bu'aa Yakka Malaammaltummaa Deebisiisuu fi Bulchuu: Xiinxala Daataa

Seensa

Qabeenya bu'aa malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa malaammaltummaan qaqqabe gitu dhaaluu ykn deebisiisuu fi bulchuu irratti biyyi keenya Itiyoophiyaan waliigalteewwan sadarkaa idil-addunyaa fi ardiitti mallattaa'aan raggaassisuu dabalatee labsiilee adda addaa rogummaa qaban tumuudhaan hojiirra oolchiteerti.

Mootummaa Naannoo Oromiyaatti qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e himannaa yakkaa, hariiroo hawaasaa ykn tarkaanfii bulchiinsaatiin deebisiisuu ykn dhaaluudhaan wal qabatee hojiirra oolmaa seeraa keessatti hanqinaalee fi rakkoolee jiran adda baasuuf qorannoon kun gageeffameera. Dabalataanis, haala bulchiinsa qabeenya ugguramanii ykn dhaalamaniin wal qabatee, akkasumas gahumsi caaseffama Biiroo Abbaa Alangaa fi koomishinii poolisii Oromiyaa sakatta'ameera.

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti daataan ykn odeeffannoon bifa afgaafii, bargaaaffii, marii garee, sakatta'iinsa galme'e fi muuxannoo hojiirra oolchuun sassaabbameera. Daataan sassaabbames boqonnaa kana jalatti kan xiinxallame yoo ta'u, xiinxala kana keessattis xiyyeeffannoon kan kennameef qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e deebisiisuuf haala qorannoon yakkaa itti gaggeeffamaa jiru, adeemsa qabeenyi bu'aa malaammaltummaa itti dhaalamaa ykn deebifamaa jiru, haala kenniinsa murtii yakka malaammaltummaa, bulchiinsa qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa yoo ta'u xiinxalichis haala itti aanuun dhiyaateera.

4.1. Qorannoo Qabeenya Bu'aa Yakka Malaammaltummaa

Yakki malaammaltummaa yakka dagannoon raawwatu osoo hin taane itti yaadamee karoora fi icciitiidhaan kan raawwatamudha. Raawwii yakka malaammaltummaa fi qabeenya bu'aa yakkichaa haala bu'a qabeessa ta'een qoratanii irra gahuuf qorannoo qindaa'aa ta'e, naamusa, dandeettii fi beekumsa olaanaan gaggeessuun barbaachisaadha. Adeemsa kana keessatti qorannoon himatamaa seeratti dhiyeessuuf taasifamuu fi qorannoon qabeenya bu'aa yakkaa malaammaltummaa deebisiisuuf taasifamu walciinaa qindoominaan gaggeeffamuu qaba.

Daataan funaaname akka ibsutti Naannoo Oromiyaa keessatti qorannoon qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuu irratti taasifamaa jiru baay'ee laafaa fi harcaatii heddu kan

qabudha. Hanqinoota mul'atan keessaa muraasni yakka muummee irratti qofa xiyyeeffachuun yeroo baay'ee qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu dagachuu. Dabalataanis qorannoo qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuuf taasifamu gadi fageenyaan gaggeessuuf humna namaa, loojistiksii fi bajata gahaa barbaachisa.²²⁰ Sababni isaas namoonni yakka kana raawwatan qabeenya bakka biraatti horatu ykn maqaa nama biraatin horatu. Kun immoo iddoo garagaraa deemanii qorachuu fi sanadoota maqaa namootaan jiran dhaabbilee garagaraa keessaa barbaaduu waan gaafatuuf, baajatnii fi humni namaa qorannoon kun barbaadu bal'aadha.²²¹ Akka qajeelcha poolisii godinaatti yakka malaammaltummaan walqabatee adeemsa ykn divizhini qorannoo yakka malaammaltummaa irra ogeessa tokko qofatu jira. Humna kanaan qabeenya bu'aa yakkaa qoratani deebisiisuu mitii yakkichuma sirnaan qorachuun hin danda'amu.²²²

Gama Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaatin gareen qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisu kophaatti hundaa'uus hanga ammaatti hojii hin eegalle. Gama biraatin gareen yakka malaammaltummaa irratti hojjatu gurmaa'ee jira. Haata'umalee gareen kun humna namaa gahaa fi loojistiksii gahaa kan hin qabne ta'uu isaatin qabeenya deebisiisuun walqabatee qorannoo gadi fageenya qabu taasisuu irratti hanqinni jira.²²³ Dabalataanis, qorannoon yakka malaammaltummaa tokko tokko kan jalqabu aanaa irratti yoo ta'u, baay'inaan gara godinaa kan dhufu himannaan akka banamuuf qofa. Galmeewwan kun yeroo baay'ee kan xiyyeeffatanii qulqullaa'an yakka muummee irratti waan ta'eef, qabeenya bu'aa yakkichaa qulqulleessun walqabatee qaawwa guddaatu uumamaa.²²⁴ Waliigalatti, gama Biiroo Abbaa Alangaatinis ta'ee

²²⁰ Marii Garee Ob.Girmaa Mulugeetaa, Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa G/Sh/Ki/Lixaa, Ob.Ambassaa Bulloo, Abbaa Alangaa G/Sh/Ki/Lixaa, Ob.Kiflee Dassaaleny, Abbaa Alangaa G/Sh/Ki/Lixaa Fi Ob.Yohaannis Namee Abbaa Alangaa G/Sh/Ki/Lixaa Waliin Gaafa 25/05/2015 Taasifamee Fi Afgaaffii Ob.Maatiyoos Iggazuu, Peresidaantii Mmo G/Sh/Lixaa Waliin Gaafa 29/05/2015 Taasifame.

²²¹ Marii Garee Ob.Girmaa Mulugeetaa, Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa G/Sh/Ki/Lixaa, Ob.Ambassaa Bulloo, Abbaa Alangaa G/Sh/Ki/Lixaa, Ob.Kiflee Dassaaleny, Abbaa Alangaa G/Sh/Ki/Lixaa Fi Ob.Yohaannis Namee Abbaa Alangaa G/Sh/Ki/Lixaa Waliin Gaafa 25/05/2015 Taasifame.

²²² Marii garee Itt/Inspektar Kaasahun Gammachuu, Divizsinii yakka malaammaltummaa Q/Poolisii G/Sh/Lixaa fi G/Inispeektar Fireezar Iggazuu, Divizsinii Ajjeechaa Q/Poolisii G/Sh/Lixaa waliin gaafa 30/05/2015 taasifame.

²²³ Marii Garee ob.Lammeessaa Asaffaa A/Adeemsa garee yakka malaammaltummaa WAA G/Jimmaa fi Ob.Toleeraa Bayyanaa A/Alangaa G/Jimmaa waliin gaafa 21/05/2015 taasifamee fi Marii Garee Ob.Barasaa Baqqalaa A/Adeemsa garee yakka malaammaltummaa WAA G/Sh/Lixaa, Ob.Gammachuu Tarrageny, A/A G/Sh/Lixaa, Ob.Fiqruu Kabbadaa A/A G/Sh/Lixaa fi Ob.Geetuu Kabbaraa A/A G/Sh/Lixaa waliin gaafa 30/05/2015 taasifame.

²²⁴ Afgaaffii G/Inispektar Chaalaachoo Bahiruu Q/Poolisii G/Jimmaatti Divizsinii Qorannoo Yakka Malaammaltummaa Fi Ob.Miliyoona ----Qindeessaa Dh/Dh/Ki/Lixaa Mmwo Waliin Gaafa 20/05/2015.

gama Koomishii Poolisii Oromiyaa tiin sochiin amma jiru abdachiisaa ta'us, hojmaatni jiru, hubannoo fi kaka'umsi ogeessota bira jirus gadi aanaa dha.²²⁵

Gama biraatin Maanuwaalin qorannoo yakka Malaammaltummaa fi Taaksii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaatin qophaaye akkaataa qorannoon yakkichaa itti adeemsifamuu qabu kaa'ee jira. Haaluma kanaan maannuwaalichi jalqaba irratti garee calaltuu odeeffannoo kan ogeessota sadi (3) of keessaa qabu sadarkaa sadarkaan kaa'ee jira.²²⁶ Gareen kun Abbaa Alangaatin ala ogeessa calaltuu odeeffannoo fi qondaala funaanaa odeeffannoo (Intelligence officer) kan jedhaman of keessaa qaba.²²⁷ Haata'umalee, humni namaa amma jiru akkaataa maanuwaali kanaatin kan qindaa'ee miti.²²⁸

Gama biraatin, maanuwaalichi yakka malaammaltummaa aangawoota mootummaa sadarkaa godinaa fi magaalota muummee irra jiraniin raawwatamuun walqabatee aangoo qorachuu fi himachuu naannoodhaaf kenneera.²²⁹ Kanarraa kan ka'e qorannoo yakka muummees ta'ee kan qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhimmoota Kanaan walqabatanii itti dhiheenyan hordofuu irratti hanqinni ni mul'ata.²³⁰ Dabalataanis galmeewwan qulqulleessun gara naannootti ergaman kunis yeroo tokko tokko osoo hin deebi'in yoo hafuu fi yakki raawwatames osoo hin qulqullaa'in ykn himannaan osoo hin banamin yeroon hafu jira.²³¹ Kanaafuu qoqqooddin aangoo kun qorannoo fi himannaan yakka malaammaltummaa sadarkaa godinaa fi aanaa irra jiru namoota muraasa aangoo olaanaa hin qabne qofa irratti akka xiyyeeffatamu kan taasisuu waan

²²⁵ Marii Kom. Girma Maammoo, Gaggeessaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Fi G/Insp. Taammanaa Tafarraa, Qorataa Poolisii, Godina Harargee Bahaa, Harar, 22/05/15, Marii Obboo Abbaba Addunyaa, Abbaa Alangaadeemsa/G/Y/M/D/Ma/Ho/Abbaa Alangaago/Har/Baalee Fi Obboo Hasan Gadaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Baalee, Roobee, Gaafa 30/05/15

²²⁶ Maannuwaalii dhimmoota Yakka Malaammaltummaa fi Taksii BAAWO kwt.30

²²⁷ Maannuwaalii dhimmoota Yakka Malaammaltummaa fi Taksii BAAWO, kwt.30(2)

²²⁸ Marii Garee Ob.Barasaa Baqqalaa A/Adeemsa garee yakka malaammaltummaa WAA G/Sh/Lixaa, Ob.Gammachuu Tarrageny, A/A G/Sh/Lixaa, Ob.Fiqruu Kabbadaa A/A G/Sh/Lixaa fi Ob.Geetuu Kabbaraa A/A G/Sh/Lixaa waliin gaafa 30/05/2015 taasifame.

²²⁹ Maannuwaalii dhimmoota Yakka Malaammaltummaa fi Taksii BAAWO, kwt.8(1)

²³⁰ Marii Garee Ob.Sonaan Araddoo Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa Mag/Shaggar, Ob.Kennasaa Ittafaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar, Ob.Tasfaayee Bashaanaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Fi Ob.Baqqalaa Maammoo, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame

²³¹ Marii Garee Ob.Sonaan Araddoo Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa Mag/Shaggar, Ob.Kennasaa Ittafaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar, Ob.Tasfaayee Bashaanaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Fi Ob.Baqqalaa Maammoo, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame

ta'eef, godinaalee irratti qorannoon qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu hanga barbaadamu xiyyeeffannoo argachaa hin jiru.²³²

Qorannoo qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuun wal qabatee muuxannoon biyyoota akka Afrikaa Kibbaa fi biyyuma keenyatti muuxannoon mootummaa federalaa irra jiru kan Oromiyaa irraa adda dha. Afrikaa kibbaa keessatti Biiroo abbaa alangaa biyyoolessaa jalatti damee qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisu (asset forfeiture unit) jedhamutu hundeeffamee jira.²³³ Dameen kun ogeessota damee barnoota seeraan ala kanneen biroo hammatee kan gurmaa'e yoo ta'u toorri xiyyeeffannoo isaas qabeenya bu'aa yakkaa malaammaltummaa fi yakkoota biroo qorachuu fi deebisiisuu dha. Itti gaafatamummaan ijoo qorattoota damee kanaa keessaa muraasni: yakka dalagameen wal qabatee qabeenya dhaalamuu danda'an qorachuu, qabeenya dhaalamuu danda'an adda baasuu, ragaa qabeenya shakkamaa agarsiisu qindeessuu fi kurfeessuu, sochii qabeenya shakkamaa hordofuu fi himannaa yakkaa qophaa'uuf deeggarsa ogummaa kennuu.²³⁴

Akkasumas, muuxannoon Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaa Itiyoophiyaa bira jirus kan Afrikaa kibbaa waliin wal fakkeenya kan qabu dha. Abbaan Alangaa Federaalaa Itiyoophiyaa itti gaafatamummaa labsii 943/2009 jalatti kennameef hojiirra oolchuun wal qabatee caaseeffama adda adda manicha keessatti diriirsee kan jiru yoo ta'u, caaseeffama sadarkaa daayirektoreetiitti diriirfaman keessaa tokko daayirektoreetii qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu kan jedhuu dha. Maanuwaaliin dirqamaa fi itti gaafatamummaa daayirektoreetii kanaa murteessuuf qophaa'e mana hojjichaan mirkaanaa'ee hojiitti galameera. Bu'uura maanuwaalii kanaatiin qabeenya bu'aa yakkaa ta'e irratti qorannoo gaggeessuun galmii isaa: qabeenyi shakkamaan/himatamaan horate yakka raawwatame waliin hariiroo qabaachuu isaa ragaa sassaabuu fi murtii yakkaa ykn hariiroo hawaasaa booda bu'uura seerota rogummaa qabaniin murtii dhaalmaa kennamuuf qabeenya gahaa ta'e tursiisuu dha.²³⁵ Daayirektoreetiin kun xiyyeeffannoon isaa qabeenya bu'aa yakkaa ta'e qulqulleessuu, bakka itti argamuu malu adda baasuu, fi ragoolii qabeenya kana ilaallatan kurfeessu dha.²³⁶

²³² Marii Garee Ob.Sonaan Araddoo Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa Mag/Shaggar, Ob.Kennasaa Ittafaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar, Ob.Tasfaayee Bashaanaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Fi Ob.Baqqalaa Maammoo, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame.

²³³ Annalise Kempel, Taking the Profit Out of crime-the asset forfeiture unit, page 2

²³⁴ Annalise Kempel, Taking the Profit Out of crime-the asset forfeiture unit, page 3

²³⁵ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw. 5

²³⁶ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI Kw. 9-10

Hojimaata fi sirna mana Hojii Abbaa alangaa Waliigala Federaalaa fi Muuxannoo Afrikaa kibbaa bira jiru waliin yoo wal bira qabamee ilaalamu qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa qorachuuf caaseeffamni of danda'e Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaas ta'e Komishinii Poolisii Oromiyaa keessatti diriiree jiraatus hojirra hin jiru. Biiron Abbaa Alangaa Oromiyaas ta'e Koomishinii Poolisii Oromiyaa bira daayirektoreetiin yakkoota malaammaltummaa fi diinagdee hundeeffamee kan jiru yoo ta'u, daayirektoreetiin kun itti gaafatamummaa olaanaa lama bakka tokkotti hojjachaa jira. Kunis yakka haadhoo fi bu'aa yakka haadhoo raawwachuun argame qorachuu fi hordofuu dha. Hojiileen kun lammeen of danda'aanii gurmuu ogeessota garagaraatiin hojjatamuu akka qaban muuxannoon Afrikaa kibbaa fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Mootummaa Federaalaa Itiyoophiyaa bira jiru ni agarsiisa.

Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatti caasaa bara 2014 keessa qoratamee ragga'een daayirektoreetii yakka malaammaltummaa fi diinagdee jalatti gareen hordoffii fi deebisiisa qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa jedhu hundeeffameera.²³⁷ Itti gaafatamummaan qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuu jedhu caasaa sadarkaa gareetti gurmaa'eef kan kenname ta'uun isaa muuxannoo Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaatin yoo wal bira qabamu ammas xiyyeeffannaan gama Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiin dhimmichaaf kenname xiqqaa tahuu agarsiisa. Ogeessotni garee kana jalatti ramadaniis kanneen ogummaa adda addaa irraa walitti dhufan tahuu dhiisuun isaa muuxannoo Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaatin yoo wal bira qabamu bu'a qabeessummaa garichaa irratti hanqina kan uumu danda'u tahuun isaa ni tilmaamama. Caaseeffamni kun erga mirkanaa'e waggaa tokkoo ol yoo ta'u, hanga ammaatti hojiitti galamee kan hin jirre tahuun isaas hojiin qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa hordofuu fi deebisiisuu hojimaata dura jiruun akka itti fufu taasiseera. Dabalataan, maanuwaaliin adeemsa hojii fi itti gaafatamummaa garee kanaa tarreessu qophaa'uu dhabuunis rakkoobiraati.

4.2. Uggurrii ykn Dhoorkii Qabeenya Bu'aa Yakka Malaammaltummaa

Bu'uura labsii sirna seera deemasa addaa fi raga farra malaammaltummaa fooyyessuuf bahe lakk.882/2007 kw.8 fi 9 tiin qabeenya kamiyyuu kan raawwii yakkichaatin argame ykn bu'aa qabeenyicharraa argame, qabeenya kamiyyuu kan abbaan alangaa ykn qorataan iyyata kakuutiin deeggaruun qabeenya bu'aa raawwii yakkichaati jechuun dhiyeesse ykn bu'aa qabeenyicha irraa

²³⁷ Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa, xalayaa lakk. 01/w6-12/0820 gaafa 22/7/14 barraa'e

argame jechuun dhiyeesse ugguruun ni danda'ama. Dabalataanis qabeenyichi qabeenya raawwii yakka malaammaltummaatin argame ta'uu baatus yoo qorataan ykn abbaan alangaa iyyata kakuun deeggarameen shakkamaan sababa raawwii yakkichaatin badhaadhuu ykn nama biroo irra miidhaan gahuu yoo agarsiise, qarshiin maqaa shakkamaatin ykn maqaa haadha manaa isaatin ykn ijoollee isaa waggaa 18 gadi ta'aniin baankii kamiyyuu jiru ykn qabeenya shakkamaa kan biroo kan badhaadhina argame madaalu ykn miidhaa nama biraa irratti qaqqabeen walgitu akka hin gurguramne, akka hin jijjiiramne fi akka qaama 3^{ffaa} hin dabarfamne manni murtii ajaja kennuu ni danda'a.²³⁸ Inni 2ffaa kun qabeenya dhuunfaa shakkamaa ta'uu irraa kan ka'e mirgi itti fayyadamaa akkuma eeggametti kan turu ta'uu seerichi kaa'ee jira. Akkasumas uggurriin qabeenya bu'aa malaammaltummaa jalqabarratti osoo himannan malaammaltummaa hin dhiyaatin ykn erga himannaan dhiyaaten booda ta'uu akka danda'u seerichi kaa'eera.²³⁹

Tumaalee seeraa kanneen irraa kan hubatamu qabeenya bu'aa malaammaltummaa ta'e kamiyyuu ykn bu'aa qabeenyicha irraa argame ykn qabeenya miidhaa sababa malaammaltummaatin qaqqabeen walgitu ykn badhaadhina argameen walgitu maqaa shakkamaatinis ta'ee maqaa haadha manaa isaa ykn ijoollee isaa waggaa 18 gadi taateen jiru ugguruun akka danda'amudha. Haata'umalee, daataan funaannama akka ibsutti, naannoo Oromiyaa keessatti qabeenya bu'aa malaammaltummaa deebisiisuun yeroo dhiyoo as xiyyeeffannaa kan argate ta'us, ammas jalqabarraa qabeenya hordofuun uggursiisuu irratti hojiin hojjatamaa jiru hanqina qabaachuutu mul'ata.²⁴⁰

Gama biraatin qabeenyotni bu'aa yakka malaammaltummaati jedhamanii ugguramaa jiran baay'inaan bu'aa oditii irratti hundaa'un maallaqa maqaa shakkamaatin baankii jirudha.²⁴¹ Godinaalee heddu keessatti qabeenyi bu'aa yakka malaammaltummaa gurguddaan itti bu'amaa kan hin jirre ta'uunis xiinxallameera.²⁴²

²³⁸ Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015, Kwt.8 Fi 9

²³⁹ Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015, Kwt.8(3).

²⁴⁰ Obboo Asnaddii A/Nuur, Itti Gaafamatamaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015, Marii Obboo Girmaa Ballaxaa, Abbaa Alangaadeemsaa/G/Yakka Malaammaltummaa Mhaa Go/Har/Bahaa, Fi Obboo Sisaay Fayyisaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015

²⁴¹ Obboo Asnaddii A/Nuur, Itti Gaafamatamaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015, Marii Obboo Girmaa Ballaxaa, Abbaa Alangaadeemsaa/G/Yakka Malaammaltummaa Mhaa Go/Har/Bahaa, Fi Obboo Sisaay Fayyisaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015

²⁴² Af-Gaaffii Ob.Oliyaad Siyyuum, Peresidaantii Mmo G/Sh/Ki/Lixaa Waliinii Fi Marii Garee G/Inispektar Birhaanuu Dinqeessaa, Qindeessaa Divizsinii Qorannoo Yakka Malaammaltummaa Q/Poolissi G/Sh/Ki/Lixaa Fi Inispektar Sisaay Dabalee, Divizsinii Qorannoo Teeknika Yakkaa Q/Poolisii G/Sh/Ki/Lixaa Waliin Gaafa 24/05/2015 Taasifame.

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa uggursiisuuf deeggarsi hawaasaa fi qaamolee adda addaa irraa argamu barbaachisaadha. Kanaan walqabatee odeeffannoo kennuu, bakka shakkamaan qabeenyicha itti miliqse saaxiluun akka ugguramu gochuu irratti deeggarsi hawaasaas ta'ee qaamolee adda addaa, keessayyuu kan qaamolee siyaasaa baay'ee laafaadha.²⁴³

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa uggursiisuun kan milkaa'u, osoo shakkamaa too'annaa jala hin oolin qorannoon yoo taasifamee fi battalumatti yoo ugguramedha. Haata'umalee, qabatamatti mul'achaa kan jiru qorannoon hedduun kan jalqabu aanaalee irratti ta'ee, aanaaleen yeroo tokko tokko osoo godina hin beeksisin yakka muummee qofa irratti xiyyeeffatanii qorannoo jalqabuun shakkamaas to'annoo jala oolchuun godina beeksisu. Kun immoo gaafa dhimmi godina gahee qabeenyi bu'aa yakkaa ta'es akka hordofamu taasifamu qabeenyichi yeroo miliqfamu ni mul'ata.²⁴⁴

Dabalataanis, gurmaa'insi adeemsa qorannoo yakka malaammaltummaa amma jiru qindaa'aa ta'uu dhabuun iccitiin baay'een akka bahu taasisuun qorannoo yakkaa fi qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu irrattis harcaatii uumaa jira²⁴⁵. kunis Poolisii fi Abbaa Alangaa qaamolee garagaraa ta'anii osoo jiran yakka kana waliin akka qoratan yoo taasifamu icciitii saayinsiin qorannoo yakkichaa barbaadu hammachuu dadhabuutu mul'ata.²⁴⁶

Kana malees, Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa akkataa labsii qabeenya galmeessisuu fi beeksisuu murteessuf bahe lakk.169/2011 tiin aangoon qabeenya galmeessisuu fi beeksisuu kennameefii jira. Komishinichi qabeenyota kana galmeessun mirkaneessa erga hojjateen booda kanneen hanqina agarsiisan qaama qoratuun fi himatuuf dabarsanii itti gaafatamummaa mirkaneessuun wal qabatee hanqinni jiraachuu ibsu.²⁴⁷ Sababni isaas odeeffannoon kan dardu qaamolee sadi gidduu waan ta'eef, sodaaan icciitiin bahu danda'a jedhu ol'aanaa waan ta'eefidha. Kun immoo qabeenyotni kun salphumatti akka miliqfaman waan

²⁴³ G/Insp. Habtaamuu Lataa, It/Ga/W/Qaj/Po/Go/Har/Bahaa, Harar, 22/05/15

²⁴⁴ Af-Gaaffii Ob. Morodaa Gulummaa, B/B Hoogganaa Waa G/Sh/Lixaa Waliin Gaafa 29/05/2015 Taasifame.

²⁴⁵ Marii Garee Ob. Sonaan Araddoo Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa Mag/Shaggar, Ob. Kennasaa Ittafaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar, Ob. Tasfaayee Bashaanaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Fi Ob. Baqqalaa Maammoo, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame.

²⁴⁶ Marii Garee Ob. Sonaan Araddoo Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa Mag/Shaggar, Ob. Kennasaa Ittafaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar, Ob. Tasfaayee Bashaanaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Fi Ob. Baqqalaa Maammoo, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame.

²⁴⁷ Afgaaffii ob. Nuuraddiin Xaahaa, Ittigaafatamaa KNFMO Damee Kibba lixaa waliin gaafa 22/05/2015 taasifame.

taasisuuf, qorannichi akka hin milkoofne gochuu danda'a soda jedhurraa kan ka'e galmeewwan akkasii of bira tursiisaa jiraachuu ibsu.²⁴⁸

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa uggursiisuun walqabatee dhimmi ilaallamuu qabu inni biraa qabeenyota maqaa haadha manaa shakkamaa fi ijoollee isaa/ishee waggaa 18 gadi ta'een galmaa'ee ykn baankii jirudha. Akkuma olitti ibsame seerri qabeenyi maqaa namoota kanaan jirus ugguramuu fi dhaalamuu akka danda'u kaa'eera. Haata'umalee, daataan funaannama akka ibsutti dhimmi qabeenya uggursiisuu lafa kan qabate waan hin taaneef, maallaqa maqaa shakkamaatin jiru yoo ta'e malee kan maqaa miseensa maatiitiin jiru ugguramaa hin jirru.²⁴⁹

Gama biraatiin qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa duguuganii uggursiisuun qorannoo bal'aa taasisuu irratti rarra'a. Kanumarraa kan ka'e qabeenyoni kun maqaa nama garagaraa fi iddoo garagaraa jiraachuu waan danda'aniif raawwiin itti gaafatamummaa kanaa humna namaa, baajataa fi dhiyeessa loojistiikii gahaa barbaaduu mala. Haa ta'u malee, haalli qabatama yeroo ammaa Biiroo Abbaa Alangaa fi komishiinii ykn qajeelcha poolisii keessa jiru: humni namaa, baajatni fi loojistiikiin jiru qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gituu danda'u duguuganii adda baasuudhaan uggursiisuuf kan heeyyamu akka hin taane ni kaasu.²⁵⁰

Gama mana murtiitin uggurii qabeenyaan walqabatee yaada ka'een himannaan yakka malaammaltummaan walqabatee godina irra jiru, baay'inaan ragaa sobaa, aangoo garmalee fayyadamu fi waa'ee lafaati.²⁵¹ Iyyanni uggurii qabeenyaa baay'inaan hin mul'atu, darbee darbee garuu maallaqa bu'aa odiitii ta'een walqabatee ni dhiyaata²⁵². Kanaan walqabatee yeroo

²⁴⁸ Afgaaffii ob. Nuuraddiin Xaahaa, Ittigaafatamaa KNFMO Damee Kibba lixaa waliin gaafa 22/05/2015 taasifame.

²⁴⁹ Marii Garee Ob.Lammeessaa Asaffaa A/Adeemsa garee yakka malaammaltummaa WAA G/Jimmaa fi Ob.Toleeraa Bayyanaa A/Alangaa G/Jimmaa waliin gaafa 21/05/2015 taasifame.

²⁵⁰ Obboo Asnaddii A/Nuur, Itti Gaafamatamaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015, Obboo A/Waahid A/Rahamaa, Hoogganaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Baalee, Roobee 02/06/2015, Kom. Mirkanaa Hacaaluu, Daayi/Q/Y/M Komishinii Poolsii Oromiyaa, Finfinnee, 11/06/2015

²⁵¹ Af-gaaffii Ob.Oliyaad Siyyuum, Peresidaantii MMO G/Sh/Ki/Lixaa waliinii fi Marii garee G/Inispektar Birhaanuu Dinqeessaa,qindeessaa divizsinii qorannoo yakka malaammaltummaa Q/Poolisii G/Sh/Ki/Lixaa fi Inispektar Sisaay Dabalee, Divizsinii qorannoo teeknika yakkaa Q/Poolisii G/Sh/Ki/Lixaa waliin gaafa 24/05/2015 taasifame.

²⁵² Af-gaaffii Ob.Birhaanuu Baqqalaa, presidaantii MMO G/Jimmaa, ob.Oliyaad Siyyuum, Peresidaantii MMO G/Sh/Ki/Lixaa waliinii fi Marii garee G/Inispektar Birhaanuu Dinqeessaa,qindeessaa divizsinii qorannoo yakka malaammaltummaa Q/Poolisii G/Sh/Ki/Lixaa fi Inispektar Sisaay Dabalee, Divizsinii qorannoo teeknika yakkaa Q/Poolisii G/Sh/Ki/Lixaa waliin gaafa 24/05/2015 taasifame.

iiyanni uggurrii qabeenyaa dhiyaatu qabeenyicha ugguraa kan jiru ta'ee, darbee darbee iyyata dhiyaatu kufaa gochuun ni mul'ata.²⁵³

Qabeenya bu'aa malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa qaqqabe ykn fayidaa argame gitu hordofanii uggursiisuun wal qabatee muuxannoon biyyoota akka Afrikaa kibbaa fi sirni sadarkaa Abbaa Alangaa Waliigalaa Federalaa Itiyoophiyaa jiru akka agarsiisutti itti gaafatamummaan isaa kan daayirektoreetii ykn damee qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu akka ta'e dha.²⁵⁴ Gareen daayirektoreetii qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa Itiyoophiyaa qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e maqaa shakkamaatin ykn miseensa maatii isaatin jiru haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uun yeroo sa'aatii 48 tiif gama aangawaa abbaa alangaatiin akka ugguramu kan taasisu ta'a.²⁵⁵ Kanaan alatti ragaa jiru mara qindeessuun ajaja uggurrii mana murtii irraa baasisa.²⁵⁶ Gurmaa'insi kun hojiin qabeenya bu'aa yakkaa hordofuu fi uggursiisuu xiyyeeffannaa guddaadhaan akka taasifamu dandeessiseera.²⁵⁷ Sirni wal fakkaataan Biiroo Abbaa Alangaa Oromiyaa keessatti diriiree lafa qabachuu dhabuun isaa hanqinaalee kanneen akka uumamaniif gumaacha taasiseera.

4.3. Bulchiinsa Qabeenya Ugguramee

Bu'a qabeessummaa hojii qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu mirkaneessuuf qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ugguruu ykn dhoorkuu qofa osoo hin taane haala bulchiinsa qabeenyichaas mijeessuun barbaachisaadha. Qabeenyi yeroodhaaf uggurame akkaataa amala ykn uumama qabeenyichaatin kunuunsanii tursiisuuf haala bulchiinsa isaa fi baasii bulchiinsa qabeenya kanaa yaada keessa galchuun dirqama.

Biyya keenyatti labsiin lakk.434/2005 kwt.17-21 jalatti aangoon eegduu qabeenya ugguramee muuduu mana murtiif kan kenname yoo ta'u, bu'uura keewwatoota kanaatiin manni murtii qabeenyicha yoo ugguru eegduu qabeenyaa muuduu akka danda'uu fi abbaan alangaa fi qorataan

²⁵³ Af-gaaffii Ob.Birhaanuu Baqqalaa, presidaantii MMO G/Jimmaa, ob.Oliyaad Siyyuum, Peresidaantii MMO G/Sh/Ki/Lixaa waliinii fi Marii garee G/Inispektor Birhaanuu Dinqeessaa,qindeessaa divizsinii qorannoo yakka malaammaltummaa Q/Poolissi G/Sh/Ki/Lixaa fi Inispektor Sisaay Dabalee, Divizsinii qorannoo teeknika yakkaa Q/Poolisii G/Sh/Ki/Lixaa waliin gaafa 24/05/2015 taasifame.

²⁵⁴Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw. 17 fi Annalise Kempel,Taking the Profit Out of crime-the asset forfeiture unit, page 3

²⁵⁵ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw. 17(b)

²⁵⁶ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw. 17(c-e)

²⁵⁷ Af gaaffii obboo Yaalamtaariik Shimallis, Abbaa Alangaa Olaanaa Qabeenya Bu'aa Yakkaa Deebisiisuu, AAWF, Finfinnee, 26/06/15

nama muudamuun walqabatee eeruu kennuu akka danda'an kaa'ee jira²⁵⁸. Qabeenya bulchuun qabeenyota xixiqqoo ta'an akka hin mancaane eeguu irraa ka'ee hanga dhaabbilee daldalaa gurguddaa bulchuutti gahuu danda'a. Dhimmoota kana hammachuu kan danda'u immoo sirni bulchiinsa qabeenyaa ifa ta'e diriiree yoo jiraatedha.

Qabatama naannoo Oromiyaa yoo ilaalle bu'uruma seera olitti ibsameetin manni murtii eegduu qabeenyaa muuduu kan qabu yoo ta'ees yeroo baay'ee qabeenyoni ugguraman mana, lafa, maallaqaa, konkolaataa fi kkf waan ta'aniif, seerummaan gaafatamus ta'e ajajni kennamu qabeenyichi ykn qabiyyeen sun akka hin gurguramne, akka hin jijjiiramne, bifa kamiinuu nama 3^{ffaa}tti akka hin darbine jechuun qaama dhimmi ilaallatuuf qofa barreeffama malee kunuunsi addaa godhamaafii hin jiru.²⁵⁹ Qabeenyoni hedduun ugguramanii waajjira poolisii dhaabbatanii hojiin ala ta'aa jiru. Akka fakkeenyaatti Baajaajiin ugguramtee W/ Poolisii Aanaa Baabbilee yeroo dheeraaf dhaabbatee turuu irraa kan ka'e sadarkaa moofa'uu fi hojii dhaabuutti deema jirti.²⁶⁰

Dhoorkiin haala kanaan kennamu badii qabeenyicha irra gaheefis ittigaafatamummaa eenyu akka fudhatu kan adda hin baasne waan ta'eef gahaadha hin jechisiisu. Akka marii garee abbaa alangaa godinaalee garagaraa waliin taasifame irraa hubatamutti bulchiinsi qabeenya ugguramee sirna dhabuu irraa kan ka'e yeroo tokko tokko qabeenyi uggurame akka dhaalamu yoo ajajamu qabeenyichi dhabamuu ykn immoo sona dhabuu ykn qisaasa'uun kan mul'atu ta'uudha.²⁶¹

Kana malees qabeenya uggurame bulchuun walqabatee hubannon qaamolee haqaa: abbaa alangaa, abbaa seeraa fi qorattoota poolisii bira jiru laafaa ta'uu irraa kan ka'e, akkuma qabeenya

²⁵⁸ Labsii deensa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005, Kwt.17-21.

²⁵⁹ Af-Gaaffii Ob.Yohaannis Abdetaa, Hoogganaa Waa Mag/Shaggar Waliin Gaafa 07/06/2015 Taasifame, Gar/Insp. Daawit Magarsaa, Gaggeessaa Davizhini Ya/Mal.Go/Baalee, Gobbaa, 01/06/2015, Obboo Ayaanoo Waarsamoo, Qindeessaa Abbaa Alangaa/W/O Damee Kibbaa, Shaashamannee, 04/06/2015, Marii Obboo Abbaba Addunyaa, Abbaa Alangaadeemsaa/G/Y/M/D/Ma/Ho/Abbaa Alangaago/Har/Baalee Fi Obboo Hasan Gadaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Baalee, Roobee, Gaafa 30/05/15, Obboo A/Waahid A/Rahamaa, Hoogganaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Baalee, Roobee 02/06/2015

²⁶⁰ Marii Kom. Girma Maammoo, Gaggeessaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Fi G/Insp. Taammanaa Tafarraa, Qorataa Poolisii, Godina Harargee Bahaa, Harar, 22/05/15

²⁶¹ Marii Obboo Girmaa Ballaxaa, Abbaa Alangaadeemsaa/G/Yakka Malaammaltummaa Mhaa Go/Har/Bahaa, Fi Obboo Sisaay Fayyisaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015, Marii Obboo Abbaba Addunyaa, Abbaa Alangaadeemsaa/G/Y/M/D/Ma/Ho/Abbaa Alangaago/Har/Baalee Fi Obboo Hasan Gadaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Baalee, Roobee, Gaafa 30/05/15, Kom. Mirkanaa Hacaaluu, Daayi/Q/Y/M Komishinii Poolsii Oromiyaa, Finfinnee, 11/06/2015

idileetti ciraa godhanii kaa'uu fa'atu mul'ata.²⁶² Dabalataanis, kaka'uumsi fi xiyyeeffannoon qabeenya uggurame bulchuuf qaamolee kanneen bira jiru baay'ee gadi aanaa ta'uu irraa kan ka'e haala uggurrii qabeenya bu'aa malaammaltummaa akkaataadhuma falmii idilee hariiroo hawaasaatti ilaaluutu mul'ata.²⁶³

Gama biraatin qabeenyi ugguramu kan akka dhaabbata daldalaa ta'uu danda'a. Yeroo akkasii qabeenya uggurame bulchuun hanga baasii fi galii dhaabbatichaa too'achuun hojii itti fufsiisuu kan deemu waan ta'eef, xiyyeeffannoo kan gaafatudha. Kun immoo ogummaa, baajataa fi sirna hooggansaa mataa isaa kan barbaadu yoo ta'u, sirna dhimmicha hammatu diriiruun barbaachisaadha.²⁶⁴ Dhaabbileen hojii qabeenya bulchuu irratti bobba'an baay'inaan biyya keessa kan hin jirree fi hubannoo fi hojimaatni yaadrimee qabeenya bulchuu sadarkaa biyyaattis ta'e sadarkaa naannoo keenyaatti babal'achuu dhabuun isaas dhimmi bulchiinsa qabeenya ugguramanii xiyyeeffannoo akka dhabu taasiseera.²⁶⁵

Muuxannaanon Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaa Itiyooophiyaa bira jiru akka agarsiisutti gareen qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisu qaama qabeenya uggurame bulchu filatee mana murtiif dhiyeessuun muudama keennisiisa. Erga bulchaan qabeenyaa muudameen boodatti bulchaan kun waliigaltee bulchiinsa qabeenyaa sirnaan raawwachuu isaa, akkasumas uggurriin qabeenyaa bulchaa kanaan sirnaan raawwatamuu isaa gareen qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisu kan hordofu ta'a.²⁶⁶ Bakka bulchaan muudame itti gaafatamummaa isaa sirnaan hin baanetti muudamni kun ka'ee qaamni biraa akka muudamu ni taasisa.²⁶⁷

Muuxannoon Afrikaa kibbaa akka agarsiisutti qabeenyi dhorkame bulchaa 'curator Bonis' jedhamuun kan bulu yoo ta'u, manni murtii olaanaa qabeenya bu'aa yakkaa ta'e oggaa ajaja kenneen ugguree jirutti bulchaa qabeenya kanaa muuduu akka danda'u labsiin ittisa yakka

²⁶² Obboo Asnaddii A/Nuur, Itti Gaafamatamaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015, Obboo Kadir Qeerantii, It/Ga/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Arsii Lixaa, 03/06/2015

²⁶³ Obboo Asnaddii A/Nuur, Itti Gaafamatamaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015, Obboo Kadir Qeerantii, It/Ga/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Arsii Lixaa, 03/06/2015

²⁶⁴ Marii Addee Caaltuu Huseen, Abbaabbaa Alangaadeemsaa Y/Malaammaltummaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Arsii Lixaa, Fi Obboo Dastaa Huseen, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Arsii Lixaan Shaashamannee, 03/06/2015

²⁶⁵ Marii Addee Caaltuu Huseen, Abbaabbaa Alangaadeemsaa Y/Malaammaltummaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Arsii Lixaa, Fi Obboo Dastaa Huseen, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Arsii Lixaan Shaashamannee, 03/06/2015, Obboo Asnaddii A/Nuur, Itti Gaafamatamaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015, Obboo Kadir Qeerantii, It/Ga/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Arsii Lixaa, 03/06/2015

²⁶⁶ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw. 28 (b)

²⁶⁷ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw. 28(c)

gurmuu ni tuma²⁶⁸. Bulchaan mana murtii kanaan mudamees itti gaafatamummaan qabaatu: qabeenya kana to'achuu, kunuunsuu, bulchuu fi tarkaanfii bulchiinsa barbaachisoo fudhachuu, qabeenyi uggurame kan dhaabbata daldalaa yoo ta'e, hojii daldalaa isaa seera jiru irratti hundaa'uun itti fufsiisuu kan jedhuu dha.²⁶⁹ Baasii bulchiinsa qabeenya uggurameetin wal qabatee akkuma barbaachisummaa isaatti manni murtii baasiin kun qabeenya wal fakkaataa ajajni dhaalamuu irratti kenname irraa ykn yeroo qabeenya kana irratti ajajni dhaalamuu hin kennamneetti kuusaa mootummaa irraa akka kaffalamu ajaja ni kenna.²⁷⁰

Muuxannoon biyya Ruwaandaa akka agarsiisutti qabeenya uggurame ykn dhaalame bulchuun walqabatee seerri qaamolee mana murtiin ala jiran aangessee jira. Aangon kun gosa qabeenyaa ykn nama yakka raawwate irratti hundaa'un akka biyyaatti Biiroo Abbaa Alangaa fi damee abbaa alangaa raayyaa ittisa biyyaa (Military Prosecution Department) ti.²⁷¹ Bu'uurarraa qabeenyota ugguraman ykn dhaalaman bulchuu Biiroo Abbaa Alangaadhaaf kan kenname yoo ta'u, haala nama yakka raawwatee irratti hundaa'uun muraasa damee abbaan alangaa raayyaa ittisa biyyaa akka bulchu taasifameera.²⁷²

4.4. Himannaa Dhaalmaa Qabeenya Bu'aa Yakka Malaammaltummaa

Dhaalmaan qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa karaalee garagaraatin kan raawwatamuu danda'u ta'uun olitti ibsameera. Karaalee kana keessaa tokko adeemsa idilee karaa himannaa mana murtiiti. Himannaan qabeenya deebisiisuu mana murtiitti karaa lamaan dhiyaachuu kan danda'u yoo ta'u, himannaa yakkaa fi himannaa hariiroo hawaasaati. Kana malees adeemsa bulchiinsaatin deebisiisuun ni danda'ama. Isaan kun seeraa fi qabatama jiru waliin armaan gaditti xiinxallamaniiru.

4.4.1. HimannaaYakkaa

Bu'uura labsii lakk.882/2007 kwt.29 tiin himatamaan yakka malaammaltummaa ittiin himatameen balleessaa yoo taasifame manni murtii dhaalmaa qabeenyaa ajajuu akka qabu kaa'ee jira. Akkaataa seera kanaatin qabeenyoni dhaalamuu qabanis kan tarreeffaman yoo ta'u, jalqabarratti kan dhaalamu qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn bu'aa qabeenya

²⁶⁸ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 42 (1)

²⁶⁹ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 42(1(a))

²⁷⁰ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 42(2)

²⁷¹ Akkuma olii lakk. 185ffaa, kw..15

²⁷² Status of Assets Recovery in Rwanda, Promoting rule of law in Rwanda through sound enforcement of anti-corruption laws, (Transparency International Rwanda), p.16

kana irraa argame ykn qabeenya himatamaa kamiyyuu kan faayidaa ykn bu'aa yakkicha irraa argameen walgitu ta'uu akka qabu ibsameera²⁷³.

Hojirra oolmaa seera kanaatin walqabatee daataan funaaname hanqinaaleen garagaraa jiraachuu agarsiisa. Abbaan alangaa himannaa yakkaa yoo dhiyeessu shakkamaa yakkaan adabsiisuu irratti qofa xiyyeeffachuun ragaa kan qindeessuu fi kan dhiyeessu waan ta'eef, qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e ykn qabeenyi miidhaa qaqqabe gitu akka dhaalamuuf mana murtii seerummaa gaafachuun hin mul'atu.²⁷⁴ Yeroo tokko tokko abbaan alangaa himannaa keessatti yeroon gaafatu jiraatuus, dhimmi qabeenya dhaaluu kun baay'inaan baratamuu dhabuu fi hubannoon gahaan dhabamuu irraa kan ka'e himannaan hedduun qabeenya deebisiisuu ilaalcha keessa kan galchee miti.²⁷⁵

Dhimmootuma darbee darbee abbaanalangaa qabeenyi akka dhaalamu ittigaafatu qabeenya qulqulleessun walqabatee galmeen yeroo dheeraa fudhachuu danda'a jechuun manni murtii gara himannaa hariiroo hawaasaatti akka deebi'u ajajuunis ni mul'ata.²⁷⁶ Kanaaf immoo gama mana murtiitin akka sababaatti kan ka'u abbaan alangaa himata isaa keessatti waa'ee qabeenyichaa ykn bu'aa argamee ykn miidhaa qaqqabee gadi fageenyaan ibsee ragaa jiru waliin hin dhiyeessu kan jedhuu dha.²⁷⁷

Gama biraatin qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa akka dhaalamuuf himannaa yakkaa waliin dhiyaaten walqabatee mana murtii bira ykn abbootii seeraa bira ejjannoon garagaraa jiraachuu fi hubannoo walfakkaatan akka hin jirre ta'uun ni kaafama. A/Seeraa tokko tokko himannaa haala kanaan dhiyaate irratti qabeenyi akka dhaalamu kan ajajan yoo ta'u, tokko tokko immoo qabeenyan walqabatee himannaa hariiroo hawaasaatti yoo deebisan ni mul'ata.²⁷⁸

Gama biraatin himatamaan yakka malaammaltummaa raawwate irraa ofii isaatiif faaydaa argachuu baatus nama biraa fayyaduu danda'a ykn immoo raawwii yakka kanaatiin miidhaa geessisuu danda'a. Kanaafuu himatamaan ofii isaatiif faaydaa argachuu baatus qabeenyi

²⁷³ Kwt.29(1)(A), Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015,

²⁷⁴ AA fi Yuunus Ibraahim, MMOG/Baalee, lakk.G 34456 gaafa 24/12/2014 murtaa'e, AA fi Mahaadii Nuuree(5), MMOGHB, lakk.G 57745, gaafa 12/04/15 murtaa'e, M/Murtii Ol'aanaa G/Shawaa Lixaatti Galme lakk.41954 , Dhimma MMOGANF tti galme lakk.71364

²⁷⁵ Obboo Ashannaafii Ishatuu, Gaggeessaa Dhimma Yakkaa Mmo Go/Har/Bahaa, Gaafa 22/05/15

²⁷⁶ Obboo Mohaammad Nashaa, Ga/Dhi/Yakaa/M/M/O/Go/Arsii Lixaa, Shaashamannee, 04/06/2015, Af-Gaaffii Ob.Baqqalaa Shifarraaw, Gaggeessaa Dhimma Yakkaa MMO Mag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame.

²⁷⁷ Af-Gaaffii Ob.Baqqalaa Shifarraaw, Gaggeessaa Dhimma Yakkaa MMO Mag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame.

²⁷⁸ Marii Garee Ob.Lammeessaaasaffaa Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa G/Jimmaa fi Ob.Toleeraa Bayyanaa Abbaa Alangaa G/Jimmaa Waliin Gaafa 21/05/2015 Taasifame.

himatamaa kan bu'aa nama biraatif argamsiifameen walgitu ykn kan miidhaa nama dhuunfaa ykn ummata ykn dantaa mootummaa ykn miidhaa faaydaa dhaabbata ummataa irra gaheen walgitu dhaalamuu qaba²⁷⁹. Kanaan walqabatee daatan funaanname akka ibsutti himannaan abbaa alangaa tilmaama miidhaa gahee ykn faaydaa argamee ibsuun haa dhiyaatu malee, tilmaamni kun adabbii yakkaa kennamuu danda'u adda baasuf malee qabeenya deebisiisuuf fayyadaa hin jiru²⁸⁰. Kanarraa kan ka'e abbaa alangaa himata isaa keessatti faaydan himatamaan argate ykn miidhan qaqqabsiise hamma kana jechuun haa dhiyeessu malee, faaydaa argate kana akka deebisu ykn miidhaa qaqqabe kana akka bakka buusu mana murtiitin ajajni akka itti kennamu gaaffii hin dhiyeessu.²⁸¹ Sababni isaa hojmaatni qabeenya deebisiisuu lafaa ta'uu irraa kan ka'e hubannoon jiru himatamaan faaydaa ofiif hin arganne taanaan yoo nama biraaf argamsiise ykn miidhaa yoo qaqqabsiise itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuun himatamaadhuma qofa adabsiisuu malee qabeenya himatamaa kan fayidaa nama biraaf argamsiise ykn miidhaa qaqqabe madaaluu barbaaduun ykn hordofuun hin baratamne.²⁸² Hojmaatni jiru fayidaa himatamaan ofiif argate ykn qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa himatamaa harka jiruyyuu deebisiisuu hin dandeenye waan ta'eef, faaydaa nama biroof argamsiise ykn miidhaa qaqqabsiise irratti qabeenya himatamaa dhaaluuf hordoffiin nigodhama jedhamee hin yaadamu.²⁸³

Dhimmi biraa himannaa abbaa alangaatin walqabatee laallamuu qabu abbaam alangaa himannaa haala seerri jedhuun erga dhiyeessen booda qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhaalchisuu irratti mana murtii osoo ajaja hin kennin bira yoo darbe dirqamni abbaa alangaa irra jiru maalidha kan jedhu. Mana murtii adabbiin booda dhaalmaa qabeenyaa kan hin ajajne yoo ta'e, abbaan alangaa qabeenyi kunneen akka dhaalamu iyyata galchuu qaba.²⁸⁴ Haata'u malee hojmaatni jiru iyyatni abbaa alangaa haala kanaan dhimmichi irra deebi'amee akka laallamuuf dhiyeessu hin jiru.²⁸⁵

²⁷⁹ kwt.29 (1,b).Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015,

²⁸⁰ Af-Gaaffii Ob.Yohaannis Abdetaa, Hoogganaa Waa Mag/Shaggar Waliin Gaafa 07/06/2015 Taasifame.

²⁸¹ Afgaaffii ob.Maatiyoos Iggazuu, Peresidaantii MMO G/Sh/Lixaa waliin gaafa 29/05/2015 taasifame.

²⁸² Marii Kom. Girma Maammoo, Gaggeessaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Fi G/Insp. Taammanaa Tafarraa, Qorataa Poolisii, Godina Harargee Bahaa, Harar, 22/05/15, Marii Obboo Geetuu Daggafaa Fi Gizaachawu Daani'ee, Abbootii Alangaa BAAWO, Finfinnee, 19/06/2015

²⁸³ Marii Kom. Girma Maammoo, Gaggeessaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Fi G/Insp. Taammanaa Tafarraa, Qorataa Poolisii, Godina Harargee Bahaa, Harar, 22/05/15

²⁸⁴ Labsii Lakk.434/2005 Kwt.31(1) Labsii Lakk.882/2007 Akka Fooyya'etti.

²⁸⁵ Af-gaaffii ob.Morodaa Gulummaa, B/B Hoogganaa WAA G/Sh/Lixaa waliin gaafa 29/05/2015 taasifame.

Gama biraatin raawwii murtii kanaatin walqabatee qabeenyi himatamaa kan dhabamu yoo ta'e, qabeenya waliinii irraa ykn qabeenya maqaa haadha manaatin ykn ijoollee himatamaa waggaa 18 gadiitin galmaa'ee jiru dhaalamuu akka danda'u kaa'ameera.²⁸⁶ Haata'umalee akkuma olitti ibsuuf yaalame qabatamatti qabeenya maqaa himatamaan jiru dhaaluufiyyuu sochiin jiru baay'ee gadi aanaa waan ta'eef, qabeenya maqaa isaatiin galmaa'e, darbanii kan maqaa daa'imman ykn haadha manaa ykn miseensa maatiitiin galmaa'e barbaaduun ykn sakatta'uun darbee darbee yoo ta'e malee sadarkaa hojimaataatti lafa qabatee hin jiru.²⁸⁷ Kanaaf immoo sababoota garagaraatu ka'a. Kanneen keessaa tokko dhimmi kun qorannoo gadi fageenya qabuu fi kallattii garagaraatin qulqulleessuu kan barbaaduu fi gargaarsa qaamolee garagaraa kan barbaaduu yoo ta'u, qindoominni qaamolee gidduu jiru laafaa ta'uu fi humni namaa fi loojistikiin amma jirus qorannoo gahaa adeemsisuuf kan hin dandeessifne ta'uun sababa ol'aanaadha.²⁸⁸ Kanamalees, hubannoon hawaasa bira jirus laafaa ta'uu irraa kan ka'e akka waan shakkamaa sana midhuuf itti duulameetti waan fudhatamuuf, qabeenyi maqaa haadha manaa ykn maatii himatamaatin jiru itti bu'amaa hin jiru.²⁸⁹

4.4.2. Himannaa Hariiroo Hawaasaa

Himannaan Hariiroo Hawaasaa akka waliigalaatti qabeenya deebisiisuu keessatti iddoo ol'aanaa qaba. Kanumarraa ka'uudhaan biyyi keenyaas labsii lakk.882/2007 'n akka fooyya'etti kwt.32 jalatti himannaa yakkaatin qabeenya deebisiisun akkuma eegametti ta'ee, qaamni aangon kennameef himannaa hariiroo hawaasaatiin qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa hordofee deebisiisuu akka qabu kaa'amee jira. Himannaan hariiroo hawaasaa abbaa alangaa ykn miidhamaa dhuunfatiin dhiyaachuu danda'a. Odeeffannoon dhimma kanaan wal qabatus bifa armaan gadiitin xiinxalamee jira.

²⁸⁶ Labsii Lakk.434/2005 Kwt.29(2 Fi 3) Labsii Lakk.882/2007 Akka Fooyya'etti.

²⁸⁷ Marii Kom. Girma Maammoo, Gaggeessaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Fi G/Insp. Taammanaa Taffaraa, Qorataa Poolisii, Godina Harargee Bahaa, Harar, 22/05/15, Marii Obboo Girmaa Ballaxaa, Abbaa Alangaadeemsa/G/Yakka Malaammaltummaa Mhaa Go/Har/Bahaa, Fi Obboo Sisaay Fayyisaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015, G/Insp. Habtaamuu Lataa, It/Ga/W/Qaj/Po/Go/Har/Bahaa, Harar, 22/05/15, Marii Obboo Abbaba Addunyaa, Abbaa Alangaadeemsa/G/Y/M/D/Ma/Ho/Abbaa Alangaago/Har/Baalee Fi Obboo Hasan Gadaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Baalee, Roobee, Gaafa 30/05/15

²⁸⁸ Af-Gaaffii Ob.Baqqalaa Shifarraaw, Gaggeessaa Dhimma Yakkaa MMOMag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame.

²⁸⁹ Marii Garee Ob.Lammeessaa Asaffaa Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa G/Jimmaa Fi Ob.Toleeraa Bayyanaa Abbaa Alangaa G/Jimmaa Waliin Gaafa 21/05/2015 Taasifame.

I. Himannaa Hariiroo Hawaasaa Abbaa Alangaatin dhiyaatu

Akkuma olitti ibsame adeemsa himannaa yakkaatin qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisun kan hin milkaa'in yoo ta'e Abbaa Alangaa himannaa hariiroo hawaasaatiin hordofuu danda'a. Qabeenyotni hmimannaa kanaan deebi'uu qabanis: qabeenya bu'aa yakkaa ta'e, bu'aa/faaydaa qabeenyicha irraa argame, qabeenya tilmaama miidhaa yakkichaan qaqqabe gitu akka ta'e kaa'ameera. Dabalataanis, himatamaan himannaa yakkaatin bilisa yoo jedhames ykn sababa kamiinuu himannaan yakkaa kan addaan cite yoo ta'es himannaa hariirootiin qabeenya deebisiisun akka danda'amu seerichi kaa'ee jira²⁹⁰.

Hojirra oolmaa seera kanaatin walqabatee qabatamaan naannoo Oromiyaa keessatti akka waliigalaatti qabeenya deebisiisuun, keessumaayyuu qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa karaa himannaa hariiroo hawaasaatiin deebisiisuun lafa qabatee hin jiru. Daataan funaaname akka ibsutti himannaa hariiroo hawaasaatiin qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuun kophaatti of danda'ee qixa seerri jedhuun dhiyaachaa hin jiru.²⁹¹ Haata'umalee, himannaa yakkaa waliin dhaalman qabeenyaa yoo gaafatamu manni murtii qabeenya ilaalchisee himannaa hariiroo hawaasaatiin falmiin itti fufuu danda'a jechuun kallattii yoo kaa'u himannaan HH dhiyaachaa kan jiru yoo ta'u, himatamaan bilisa yoo jedhame ykn himannaan addaan yoo cite qabeenya hordofuun hin mul'atu.²⁹² Yeroo tokko tokko m/murtii murtii adabbii qofa kennuun galmeef cufuun bira darbuun kan jiru yoo ta'u, gama Abbaa Alangaatinis qabeenya bu'aa yakkaa hordofuun himannaa HH dhiyeessuu irratti hanqinni ni mul'ata.²⁹³

Gama biraatin haala hubannoo amma jiruutin himatamaan yakkaan adabamnaan ykn bilisa baanan dhimmichi akka xumura argatetti laallama waan ta'eef, kanarra darbanii himannaa hariiroo hawaasaatiin qabeenya akka deebisu hordofuun akka waan himatamaa miidhuuf godhameettis waan fudhatamuuf itti hojjatamaa hin jiru²⁹⁴. Gama biraatin daataan Biiroo Abbaa

²⁹⁰ Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 434/2005, Kwt.32(1)n labsii deemsa addaa farra malaammaltummaa fi seera ragaa fooyyeessuuf bahe lakk. 882/2015 akka Fooyya'etti.

²⁹¹ Af-gaaffii Ob.Miliyoon, Qindeessaa Dh/Dh/Ki/Lixaa waliin gaafa 22/05/2015 taasifame.

²⁹² Marii Obboo Girmaa Ballaxaa, Abbaa Alanga adeemsa/G/Yakka MalaammaltummaaMHAA Go/Har/Bahaa, Fi Obboo Sisaay Fayyisaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015

²⁹³ Marii Obboo Girmaa Ballaxaa, Abbaa Alanga adeemsa/G/Yakka MalaammaltummaaMHAA Go/Har/Bahaa, Fi Obboo Sisaay Fayyisaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015

²⁹⁴ Marii Kom. Girma Maammoo, Gaggeessaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Fi G/Insp. Taammanaa Tafarraa, Qorataa Poolisii, Godina Harargee Bahaa, Harar, 22/05/15, Obboo Kadir Qeerantii, It/Ga/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Arsii Lixaa, 03/06/2015

Alangaa Waliigalaa Oromiyaa irraa argame akka ibsutti qabatamatti hanqinaalen tokko tokko jiraatanis waggaa tokkoo as sochiin foyya' aan jiraachuudha.²⁹⁵

Dabalataanis, godinaalee tokko tokko keessatti yeroo dhiyeenyaa asitti shakkamaan yakkaan erga adabameen booda himannaa hariiroo hawaasaatiin qabeenya bu'aa yakkaa ta'e deebisiisun walqabatee tilmaama qabeenyaa irratti hundaa'un aangoo mana murtii kamii akka ta'e ilaallamee kan Aanaa yoo ta'e gara aanaatti deebisuun galmeen akka banamu ykn immoo kan godinaa yoo ta'e, godina irratti himannaan hariiroo hawaasaatin akka banamu taasisuuf itti deema jiraachuu daataan ni mul'isa²⁹⁶.

II. Himannaa Hariiroo Hawaasaa Miidhamaa dhuunfatiin dhiyaatu

Bu'uura labsii lakk.882/2007 kwt.3tiin qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e kan nama dhuunfaa ykn kan dhaabbata mootummaa ykn kan dhaabbata ummataa yoo ta'e qaamni aangoo qabu ykn abbaan alangaa dhaabbanni ykn miidhamaan dhuunfaa qabeenya sababa malaammaltummaan saamameen walqabatee himannaa hariiroo hawaasaatin deeffachuu akka danda'u heyyama ykn bakka bu'ummaa kennuufiidanda'a.

Haata'umalee daataan funaanname akka ibsutti himannaan hariiroo hawaasaatin miidhamaa dhuunfatiin ykn dhaabbata mootummaa ykn dhaabbata ummataatin haala kanaan banamee fi qabeenyi karaa kanaan deebi'aa jirus kan hin jirre ta'uu, hojmaatni kunis kan hin jirree fi hubannoon gama kanaan jiru laafaa akka ta'etu ibsama.²⁹⁷

Gama biraatin sirni kun adabbii yakkaatin booda hojirra ooluu kan danda'u yoo ta'u, osoo himatamaan yakkaan hin adabamin qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisun walqabatee sirni miidhamaan dhuunfaa ykn dhaabbanni ummataa himannaa hariiroo hawaasaa ittiin banatu hin diriirre jechuun qaamoleen qorannoo kanaan dubbifaman ni kaasu.²⁹⁸ Garuu darbee darbee adabbiin yakkaa erga kennameen boodatti qabeenya isaanii himannaa hariiroo hawaasaatiin akka

²⁹⁵ Marii Garee Ob.Geetuu Gedefaa, Abbaa Alangaa, BAAWO, Galaanaa Tolasa, Abbaa AlangaaBAAWO, Fi Gizaachoo Haylee, Abbaa AlangaaBAAWO Waliin Gaafa 10/06/2015 Taasifame.

²⁹⁶ Marii Garee Ob.Lammeessaasaffaa Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa G/Jimmaa Fi Ob.Toleeraa Bayyanaa Abbaa Alangaa G/Jimmaa Waliin Gaafa 21/05/2015 Taasifame.

²⁹⁷ Obboo Asnaddii A/Nuur, Itti Gaafamatamaa M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015, Obboo Kadir Qeerantii, It/Ga/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Arsii Lixaa, 03/06/2015

²⁹⁸ Marii Obboo Girmaa Ballaxaa, Abbaa Alangaadeemsa/G/Yakka Malaammaltummaa Mhaa Go/Har/Bahaa, Fi Obboo Sisaay Fayyisaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015, Marii Obboo Abbaba Addunyaa, Abbaa Alangaadeemsa/G/Y/M/D/Ma/Ho/Abbaa Alangaago/Har/Baalee Fi Obboo Hasan Gadaa, Abbaa Alangaa/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Baalee, Roobee, Gaafa 30/05/15

deebisiifataniif dhaabbata dhuunfaatiif garagalcha galmee fi bakka bu'ummaa erguun sadarkaa naannootti jiraachuu qaamoleen dubbifaman kaasaniiru.²⁹⁹

4.5. Adeemsa Bulchiinsaan Qabeenya Deebisiisuu

Tarkaanfii bulchiinsaan dhaaluu jechuun adeemsa mana murtiin ala qabeenya bu'aa yakkaa ta'e deebisiisuu yoo ta'u adeemsaalee falmii mana murtii waliin yoo wal bira qabamu adeemsa salphaa fi karaa gabaabaadha. Qabeenya bu'aa yakkaa tarkaanfii bulchiinsaatiin deebisiisuun biyyoota heddu keessatti kan baratamee fi hojirra oolmaa isaatinis walqabatee seera gadi fageenya qabuun kan deeggaramedha.

Biyya keenya keessattis haala hojirra oolmaa adeemsa kanaatin walqabatee seerri gadi fageenyaan ibsuu baatus bu'uura seeraa qabaachuun ni hubatama. Bu'uura labsii Yakkoota Malaammaltummaa tumuuf bahe labsii lakk.881/2007 kwt.7tiin 'Yakka malaammaltummaan adabamuun ykn bilisa bahuun ittigaafatamummaa bulchiinsaa ykn HH irraa bilisa hin taasisu. Tumaan kun ittigaafatamummaan ykn tarkaanfin bulchiinsaa maalfaa akka hammatu ifa gochuu baatus tarkaanfii bulchiinsatiin gaafatamummaa mirkaneessun akka danda'amu kaa'ee jira. Dabalataanis labsiin Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa irra deebin hundeessuf bahe lakk.214/2011 **kwt.7(13)** jalatti, A/Alangaa faaydaa ykn bu'aa yakka malaammaltummaan argame filannoo ykn tooftaa adda addaa fayyadamuun akka deebi'u ni taasisa akkasumas himata yakka malaammaltummaatin dhiyaate ykn dhimmoota adeemsa qorannoo irra jiran falmii m/murtiin ala akka xumuramu ni taasisa jedha. Kun Abbaan Alangaa m/murtiin ala sirna ykn adeemsa biroon dhimmoota yakka malaammaltummaa xumuruu akka danda'u ni agarsiisa. Haata'umalee, labsichi hojirra oolmaa tumaa kanaatin walqabatee dambii bahuun kan murtaa'u akka ta'e kaa'us hanga ammaatti dambiin kun hin baane ta'uu sakatta'iinsa taasifamee fi odeeffannoo qorannoo kanaan sassaabbameen adda baheera.³⁰⁰

Gama biraatin maannuwaalin qorannoo yakka malaammaltummaa fi Taaksii BAAWO kwt.88 jalatti tilmaamni miidhaa qaqqabee 100,000 gadi yoo ta'e, A/Alangaa shakkamaan qabeenyicha akka deebisu ykn bakka buusu ni taasisa jechuun kaa'ee jira. Tumaalee olii kana irraa kan hubatamu gadifageenya qabaachuu baatus biyya keenya keessattis Adeemsa bulchiinsaan

²⁹⁹Marii Garee Ob.Geetuu Gedefaa, Abbaa Alangaa, BAAWO, Galaanaa Tolasaa, Abbaa AlangaaBAAWO, Fi Gizaachoo Haylee, Abbaa AlangaaBAAWO Waliin Gaafa 10/06/2015 Taasifame.

³⁰⁰Marii Garee Ob.Geetuu Gedefaa, Abbaa Alangaa, BAAWO, Galaanaa Tolasaa, Abbaa AlangaaBAAWO, Fi Gizaachoo Haylee, Abbaa AlangaaBAAWO Waliin Gaafa 10/06/2015 Taasifame.

qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisun seeraan haguuggii kan argate ta'udha. Haata'umalee, dambiin jedhame bahee haala raawwii isaa ifa gochuu dhabuun hojirra oolmaa sirnichaa kan danqe ta'uun ni hubatama.

Hojimaata Naannoo Oromiyaa keessa jiru sakatta'uuf odeeffannoo qaamolee haqaa irraa sassaabameen sirna haqa yakkaa naannichaa keessatti qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa tarkaanfii bulchiinsatiin deebisiisuun walqabatee qajeelfamni ykn sirni addaa dhimmicha hoogganu kan hin jirre ta'uu fi caalatti fedhii ykn ilaalcha ogeessaa ykn hoggansaa irratti kan hundaa'u ta'uu kaasaniiru.³⁰¹ Adeemsi kun maallaqaa fi qabeenya qisaasame akkasumas nagaheewwan maallaqni osoo ittiin hin sassaabbamin hafe oditii gochuun akka deebisan karaa A/Alangaa ykn qondaala naamusaa ykn hooggansa manichaa yaada dhiyeessudhaan amansiisuun kan raawwatudha³⁰². Adeemsa bulchiinsatiin qabeenya deebisiisuun fedhii shakkamaa irratti kan hundaa'u waan a'eef, yoo kan didu ta'e qoranoon seeraa akka eegal gochuun yakkaan irratti qulqulleessuun kan itti fufu ta'a.³⁰³

Dabalataanis marii Ogeessota Biiroo Maallaqaa Oromiyaa waliin taasifameen adeemsa bulchiinsatiin qabeenya deebisiisun karaa adda addaatin raawwatamuu akka danda'u ibsaniiru³⁰⁴. Karaalee kana keessaa tokko yoo shakkamaan ykn namni qabeenyi malaammaltummaan argame harka isaa jiru qabeenyicha ni deebisa jedhee iyyata dhiyeeffate qaamni dhimmi ilaalu qabeenyicha irraa fuudhee mootummaaf galii gochuu ni danda'a. Adeemsi inni biraa immoo argannoo oditiin hir'ina maallaqaa ykn qisaasama qabeenyaa mul'ateen walqabatee shakkamaa itti himamee yoo amane yakkaan himatamuu irra deebisuu yoo filatedha. Adeemsi lamaanuu hojii irra kan oolan fedhii shakkamaa irratti hundaa'un ta'us, adeemsi inni 2^{ffaa} kun Maannuwaalii Qorannoo Yakka Malaammaltummaa Fi Taaksii Biiroo A/Alangaa Waliigala Oromiyaa keessattis hammatamee jira³⁰⁵. Bu'uura Maannuwaalii kanaatin ulaagawwan barbaachisoo ta'an yoo guuttaman: Yakkoota malaammaltummaa sasalphaa ta'anii fi miidhan qaqqabe tilmaama qarshii kuma dhibba tokkoo gadi yoo ta'e, akkasumsa shakkamaan

³⁰¹ Af-Gaaffii Ob.Qannaa Taaddasaa, Q/Naamusaa W/Bulchiinsaa G/Sh/Ki/Lixaa Waliin Gaafa 25/05/2015 Taasifame.

³⁰² Af-Gaaffii Ob.Qannaa Taaddasaa, Q/Naamusaa W/Bulchiinsaa G/Sh/Ki/Lixaa Waliin Gaafa 25/05/2015 Taasifame.

³⁰³ Af-gaaffii Ob.Bayyanaa Kumaa, Q/Naamusaa fi farra malaammaltummaa W/Bulchiinsa G/Sh/Lixaa waliin gaafa 30/05/2015 taasifame.

³⁰⁴ Marii Garee, Ob.Geetuu Darribee,O/Seeraa Bmwo Fi Ob.Gammachiis Wiirtuu, O/Hordoffii Fi Dagaagina Naamusaa Bmwo Waliin Gaafa 9/06/2015 Taasifame.

³⁰⁵ kwt.88, Maanuwaalii Hojii Dhimmoota yakka Malaammaltummaa fi Taaksii MHAAWO

qorannoon yakkaa erga eegaleen booda maallaqa ykn qisaasama qabeenyaa bu'aa oditiin isarratti argame dhala waliin kaffaluun ragaa isaa abbaa alangaaf yoo dhiyeesse ykn waadaa yoo gale, abbaan alangaa marii panaalitiin galmeen qorannoo akka dhaabbatu/adda citu gochuu danda'a.³⁰⁶Dabalataanis bu'uura maannuwaalii kana kwt.116 tiinis qabeenya qisaasame ykn miidhaa qaqqabe dhala isaa waliin kafaluun akka sababoota A/Alangaa himannaa ittiin kaasuu danda'uutti qabameera.

Gama biraatin marii qaamolee bulchiinsaa waliin taasifamuunis maallaqaa fi qabeenyonna muraasni deebi'aa kan jiran ta'uun adda baheera. Fakkeenyaaf: kaka'umsa qaamolee bulchiinsatiin lafa seeraan ala hojii dhabeeyyiif jedhamee kenname akka deebi'u, caalbaasiin seeraan ala adeemsifame akka haqamu, maallaqni hir'ate akka deebi'u ta'aa jira³⁰⁷. Haata'umalee akeekkachiisni kennameefii kan hin deebisne yoo ta'e gara himannaa yakkaatti deemama.³⁰⁸Adeemsa kana keessatti yaadni oditara irraa argamu murteessaadha. Yaada kana irratti hundaa'uun manaajimantiin mana hojichaa laalee yaanni dhiyaate yaada fooyya'iinsaa ykn akeekkachiisa qofa kan barbaadu yoo ta'e, qabeenya akka deebisu akeekkachiisa waliin itti himama.³⁰⁹Fkn: yakkichi amantaa hir'isuu itti yaadamee hin dalagamne yoo ta'e, yaada oditarri kennu irratti hundaa'uun shakkamaan yaaddama yakkaa kan hin qabne yoo ta'e, qabeenya qofa akka deebisu ni taasifama.³¹⁰Dabalataanis, magaalaa Goobbatti lafa hek. 5 seeraan ala kenname akka deebi'u ta'eera.³¹¹ Garuu baay'inaan qabeenya ykn qabiyyee bu'aa yakkaa ta'e deebisissuf itti gaafatamummaa dhufuu malu waan sodaatamuuf dhimma hedduu garuma abbaa alangaatti dhiibun ni mul'ata.³¹²

Muuxannoon Abbaan Alangaa Federalaa Itiyooophiyaa akka mul'isutti gareen qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu qorannoo qabeenyaa taasisaa jiru keessatti qabeenyi bu'uura seeraatin murtii bulchiinsaatiin dhaalamuu malu kan jiru ta'uu yoo mirkaneesse qaamni bulchiinsaa ilaallatu qabeenya kana akka dhaaluuf ni beeksisa.³¹³ Qabeenyi kun dhaalamuu fi mootummaaf galii ta'uu

³⁰⁶ kwt.88(1 fi 2)Maanuwaalii Hojii Dhimmoota yakka Malaammaltummaa fi Taaksii MHAAWO

³⁰⁷ Obboo Kadir Qeerantii, It/Ga/M/H/Abbaa Alangaa/Go/Arsii Lixaa, 03/06/2015

³⁰⁸ Marii Garee, Ob.Geetuu Darribee,O/Seeraa Bmwdo Fi Ob.Gammachiis Wiirtuu, O/Hordoffii Fi Dagaagina Naamusaa Bmwdo Waliin Gaafa 9/06/2015 Taasifame.

³⁰⁹Addee Kibbee Sartsa, Bakka Buutuu Qondaala Naamusaa Wa/Bu/Go/Har/Bahaa, Gaafa 23/05/15

³¹⁰ Addee Kibbee Sartsa, Bakka Buutuu Qondaala Naamusaa Wa/Bu/Go/Har/Bahaa, Gaafa 23/05/15

³¹¹ Obboo Abrahaam Haayilee, It/A/Bulchaa Go/Baaalee, Roobee, 01/06/13

³¹¹Obboo Abrahaam Haayilee, It/A/Bulchaa Go/Baaalee, Roobee, 01/06/13

³¹² Obboo Abrahaam Haayilee, It/A/Bulchaa Go/Baaalee, Roobee, 01/06/13

³¹³ Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI kw. 39

isaa gareen qorannoo kun mirkaneeffachuu qaba. Ragaalee raawwii dhaalmaa qabeenyaa agarsiisanis galmee qoratu waliin wal qabsiisuu qaba.³¹⁴

Tarkaanfilee bulchiinsaa qaamolee bulchiinsaatiin fudhatamuu alatti akkaataa qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa marii fi marabbaadhaan deebisiisuun danda'amu ilaalchisee maanuwaaliin qabeenya deebisiisuu Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa tumeera. Bu'uura maanuwaalii kanaatin ragaan yakkicha mirkaneessu gahaan bakka hin jirreetti, yakki raawwatamuu ragaan mirkaneessu otuu jiruu garuu qabeenya saamame ykn qisaasame deebisiisuuf qabeenya gahaan bakka hin jirreetti ykn fayidaa uummataaf jedhamee bakka amanameetti marii shakkamaa waliin taasifamuun fi waliigaltee qabeenya deebisii shakkamaadhaan mallattaa'uun himannaan yakkaa adda cite hojiin qabeenya deebisiisuu falmiin ala kan raawwatamu ta'a.³¹⁵

Biyyi Ruwaandaa falmii mana murtiitin alatti qabeenya deebisiisuuf sirna 'fine without trail' jedhamu kan fayyadamtu yoo ta'u sirni kun sirna abbaan alangaa dhimmicha qabate shakkamaan yakkaan adabamuu ykn qarshiin adabamuu keessaa akka filatu gaafatuu fi yoo shakkamaan kan qarshiin adabamuu filatu ta'e, himannaa yakkaa addaan kutuudhaan adabbiin qarshii akka kennamuu fi qabeenya yakkicha hidhata qabu akka dhaalama gaafatudha³¹⁶.

4.6. Keenniinsa Murtii Qabeenya Bu'aa Yakka Malaammaltummaa

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuun walqabatee haala mana murtii himannaawwan dhiyaatan itti simatuu fi murtii itti kennu xiyyeeffannoo argachuu qaba. Akkuma Abbaa Alangaa mana murtii qabeenya deebisiisuu keessatti iddoo ol'aanaa qaba. Iyyataa fi himannaawwan dhiyaatan sirnaan akkaataa seeratiin keessummeessuun qabeenya deebisiisuu keessatti gahee ol'aanaa taphata. Mana murtii waangaafatameen ala dhimma ykn ijoo dubbii gaaffin seeraa irratti hin ka'in irratti murtii kennuu kan hin dandeenye ta'us, himannaadhuma dhiyaatu qixa seeratiin keessummeessuun dirqama bahuu danda'a.

Akkaataa labsii lakk.882/2007 kwt.29tiin murtiin balleessummaa shakkamaa irratti kan kennamu yoo ta'e, manni murtii dhaalmaa qabeenyaa ajajuu akka qabu bifa dirqisiisaa ta'een kaa'ameera. Haata'umalee, akka daataan ibsutti naannoo Oromiyaa keessatti qabeenya bu'aa yakka

³¹⁴ Kw. 39 Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI

³¹⁵ Kw. 37 Maanuwaalii qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu fi deebisiisuu Abbaa ALangaa waliigalaa MRFDI

³¹⁶ Status of Assets Recovery in Rwanda, Promoting rule of law in Rwanda through sound enforcement of anti-corruption laws, (Transparency International Rwanda), p.16

malaammaltummaa ta'e deebisiisuu irratti hubannoon qaamolee hunda bira jiru laafaa ta'uu irraa kan ka'e mana murtii biras hanqinni jiraachuutu mul'ata.³¹⁷ Manni murtii dhimmi qabeenya bu'aa yakkaa ta'een walqabatu osoo kan hin qulqullaa'in ta'eyyuu akka qulqullaayee dhiyaatu ajajuu osoo qabu, isuma qulqullaayee dhiyaateyyuu qabeenya ilaalchisee himannaa hariiroo hawaasaatiin falmiin itti fufuu danda'a jechuun ykn murtii adabbii yakkaa qofa kennanii callisanii galmee cufuutu mul'ata.³¹⁸ Dhimma MMOGAONF tti galmee lakk.72404 ta'e irratti dhiyaaten walqabatee M/Murtii dhimma yakkaa ragaa jiruun erga qulqulleessen booda himatamtoota adabbii hidhaa fi maallaqaa irratti murteessee jira. Qabeenya yakki malaammaltummaa irratti raawwate (lafa magaalaa) tin walqabee garuu A/Alangaa himannaa HHTiin hordofee deebisiisuu akka qabu ajajuun bira darbeera.

Hojmaatni qabeenya deebisiisuu akka waliigalaatti laafaa ta'uu irraa kan ka'e abbaan alangaas himannaa yakkaa yeroo dhiyeessu qabeenyaan walqabatee akka mootummaaf galii ta'u akka irratti ajajamu gaafachaa akka hin jirre ta'uu olitti odeeffannoon argamee fi galmeewwan A/Alangaa ni ibsu³¹⁹. Haata'umalee, yeroo tokko tokko abbaan alangaa himannaa isaa keessatti qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e akka dhaalamu yaada yoo dhiyeessu manni murtii darbee darbee kan itti ajajuu yoo ta'u, caalatti immoo ajaja dhaalmaa qabeenyaa kennuu irra qabeenyi bu'aa yakkaa kun himannaa hariiroo hawaasaatiin akka gaafatamu yoo ajaju ni mul'ata³²⁰. Dhimma MMOGAONF tti galmee lakk.71035 ta'e irratti laallameen A/Alangaa lafti bu'aa yakka kanaa ta'e mootummaaf galii akka ta'u akka itti ajajamu kan gaafate yoo ta'u, m/murtii qabeenyan walqabatee A/Alangaa himannaa hariiroo hawaasatiin gaafachuu akka danda'u mirga eegne jechuun bira darbeera.

Kanaafis abbootiin seeraa sababoota garagaraa kaa'u. Bargaaffii raabsame irraa akka hubatamutti jalqaba irratti abbaan alangaa himata isaa keessatti waa'ee qabeenyichaa ykn bu'aa argamee ykn miidhaa qaqqabee gadi fageenyaan ibsee ragaa jiru waliin hin dhiyeessu kan jedhuu dha. Sababa kanaaf, waa'en qabeenya deebisiisuu himannaa yakkaa waliin kan dhiyaate yoo ta'eyyuu, waa'ee qabeenyaa irratti ragaan jiruu fi ibsi himannaa keessa jiru murtii kennisiisuu

³¹⁷Marii Garee ob.LammeessaaAsaffaa A/Adeemsa garee yakka malaammaltummaa WAA G/Jimmaa fi Ob.Toleeraa Bayyanaa A/Alangaa G/Jimmaa waliin gaafa 21/05/2015 taasifame.

³¹⁸ Marii obboo Girmaa Ballaxaa, A/adeemsa/G/Yakka Malaammaltummaa MHAA Go/Har/Bahaa, fi obboo Sisaay Fayyisaa, A/A/M/H/A/A/Go/Har/Bahaa, Harar, 23/05/2015

³¹⁹ Galmee A/Alangaa Godina Shawaa Lixaa G.A.A.L.00389 fi G.A.A.L 00362,

³²⁰ Obboo Mohaammad Nashaa, Ga/Dhi/Yakaa/M/M/O/Go/Arsii Lixaa, Shaashamannee, 04/06/2015

kan hin dandeessifne waan ta'eef, himannaa hariiroo hawaasaatin akka dhiyaatu ni ajajama.³²¹ Sababni kan biraa hojmaatni qabeenya dhaaluu kun lafa qabachuu dhabuu fi hubannoon gahaa dhabamuu fi akkasumas qabeenya dhaaluutti yoo deemama ta'e galmeen yeroo dheeraa fudhachuu danda'a sodaan jedhu abbootii seeraa biratti ni mul'ata.³²² Darbee darbees, bakka namni sadaffaa dantaan isaa tuqamuu gaaffii dhiyeessee hin jirreetti dantaan nama sadaffaa tuqamuu mala yaada jedhuun ajaja dhaalmaa kennuu dhiisuun akka jiru galmeen sassaabame ni agarsiisa. Dhimma MMO G/Sh/Ki/Lixaatti galmees lakk.52308 ta'e irratti dhiyaateen A/A murtiin balleessummaa erga kennameen booda iyyata dhiyessen qabeenyi/lafti sababa raawwii yakka malaammaltummaa kanaan saamame akka deebi'u m/murtii akka itti ajajau kan gaafate. Haata'umalee M/Murtii iyyanni garee 3^{ffaa} osoo hin jiraatin shakkiidhaan dhaalman qabeenyaa kan ajajmu yoo ta'e mirgi garee 3^{ffaa} dhiibamuu danda'a jechuun A/A himannaa HH tiin qabeenyicha deebisiisuu danda'a jechuun iyyaticha kufaa godhee bira darbeera.

4.7. Bulchiinsa Qabeenya Dhaalamee

Qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu ykn dhaalun irra darbee qabeenyota dhaalaman sirnaan bulchuun barbaachisaadha. Kana gochuuf immoo qaamni dhimmicha akka hoogganuuf aangon kennameef jiraachuu irra darbee sirni bulchiinsaa ifa ta'e jiraachuu qaba. Muuxannoon biyyoota akka Afrikaa kibbaa akka agarsiisutti qabeenyi akka dhaalamuuf murtiin irratti kenname kan bulchu; barbaachisaa ta'ee yoo argame kan gurguru, akkasumas lakkoofsa heerreegaa addaa dhimma kanaaf qophaa'etti kan galchu qaama of danda'ee dha.³²³

Bu'uura labiilee yakka malaammaltummaa bulchaniin qabeenya murtiin dhaalmaa irratti kenname akka bulchuuf qaamni addatti aangoon ykn itti gaafatamummaan kennameef hin jiru. Kun immoo qaamolee haqaa fi kanneen biroo birattii qabeenya bu'aa yakkaa murtiin dhaalamaa irratti kenname bulchuun walqabatee adeemsaalee adda adda akka hordofan isaan taasiseera.

Bu'uura labsii lakk.242/2014 tiin Biiron Maallaqaa Oromiyaa maallaqa, Harshammeewwan maallaqaa fi qabeenya mootummaa naannichaa ni hordofa, ni too'ata ni bulcha³²⁴. Ogeessotni Biiron Maallaqaa Oromiyaas yaada kennaniin qabeenya mootummaa bulchuun walqabatee qaamni dhimmi ilaalu Biiron Maallaqaa ta'uu fi kunis qajeelfamaan qabeenyi mootummaa karaa

³²¹ Af-Gaaffii Ob.Baqqalaa Shifarraaw, Gaggeessaa Dhimma Yakkaa MmoMag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame fi

³²² Obboo Mohaammad Nashaa, Ga/Dhi/Yakaa/M/M/O/Go/Arsii Lixaa, Shaashamannee, 04/06/2015

³²³ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 63 fi 64

³²⁴ Labsii lakk.242/2014 kwt.20(12 fi 16)

kamiinuu argamu moodeela 19'n galii erga ta'een booda bahii ta'uu akka qabu kaasuun,³²⁵ bulchiinsa qabeenya dhaalameetinis walqabatee kunumti hordofamuu akka qabuu fi baasii bulchiinsaa kan cufuu qabus biiroodhuma kana ta'uu kaasu.³²⁶

Gama biraatin qabeenyi dhaalamu lafa yoo ta'e, Biiron Lafaa Oromiyaa aangoo bulchuu kan qabu waan ta'eef, lafichi baankii lafaatti akka deebi'u taasifama jechuu ogeessotni biirichaa ni kaasu.³²⁷ Biiron lafaa lafoota ajaja mana murtiitiin, sababa waliigalteen addaan citeen ykn seeran ala kan qabataman hordofee deebisiisaa jira.³²⁸ Lafa duwwaa yoo ta'e baankii lafaatti deebi'a, yoo qabeenyi akka manaa irra jiraate Biiron Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaatti galii ta'a, isumatu bulcha.³²⁹

Odeeffannoo qorannoo kanaan sassaabame irraa akka hubatamutti qabeenyota/qabiyyee dhaalaman galii gochuu fi bulchuun walqabatee hojmaatni dhaabbataan kan hin jirree fi Biirooleen adda addaa aangoo qabaachuudha. Kanumarraa ka'uun yeroo tokko tokko qabeenya murtiin dhaalmaa irratti kenname walsaamun ni mul'ata.³³⁰ Fakkeenyaaf, konkolaatan akka dhaalamu yoo ajajame seektaroonni irratti wal lolan akka jiran kaafameera.³³¹ Haala kanaan qabeenyis odiit hin ta'u, faaydaa barbaadamuufis hin oolu.³³²

Darbee darbees qabeenyota caalbaasiin gugruramanii galii ta'uu qaban ykn hordoffiin godhamee galii ta'uu qaban qaamni hordofee qabeenyota kana galii godhu dhabamuu irraa kan ka'e qabeenyonni hedduun osoo galii hin ta'in yoo hafan ni mul'ata.³³³ Biiron Maallaqaa/Waajjirri

³²⁵ Marii Garee, Ob.Geetuu Darribee,O/Seeraa Bmwd Fi Ob.Gammachiis Wiirtuu, O/Hordoffii Fi Dagaagina Naamusaa Bmwd Waliin Gaafa 9/06/2015 Taasifame.

³²⁶ Marii Garee, Ob.Geetuu Darribee,O/Seeraa Bmwd Fi Ob.Gammachiis Wiirtuu, O/Hordoffii Fi Dagaagina Naamusaa Bmwd Waliin Gaafa 9/06/2015 Taasifame.

³²⁷ Marii Garee Ob.Jifaaraa Bitimaa Fi Ob.Malaakuu Furgaasaa Ogeessota Seeraa Biiron Lafaa Oromiyaa Waliin Gaafa 9/06/2015 Taasifame.

³²⁸ Marii Garee Ob.Jifaaraa Bitimaa Fi Ob.Malaakuu Furgaasaa Ogeessota Seeraa Biiron Lafaa Oromiyaa Waliin Gaafa 9/06/2015 Taasifame.

³²⁹ Marii Garee Ob.Jifaaraa Bitimaa Fi Ob.Malaakuu Furgaasaa Ogeessota Seeraa Biiron Lafaa Oromiyaa Waliin Gaafa 9/06/2015 Taasifame.

³³⁰ Marii Garee Ob.Sonaan Araddoo Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa Mag/Shaggar, Ob.Kennasaa Ittafaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar, Ob.Tasfaayee Bashaanaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Fi Ob.Baqqalaa Maammoo, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame.

³³¹ Marii Garee Ob.Sonaan Araddoo Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa Mag/Shaggar, Ob.Kennasaa Ittafaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar, Ob.Tasfaayee Bashaanaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Fi Ob.Baqqalaa Maammoo, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame.

³³² Marii Garee Ob.Sonaan Araddoo Abbaa Alangaadeemsa Garee Yakka Malaammaltummaa Waa Mag/Shaggar, Ob.Kennasaa Ittafaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar, Ob.Tasfaayee Bashaanaa, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Fi Ob.Baqqalaa Maammoo, Abbaa AlangaaMag/Shaggar Waliin Gaafa 08/06/2015 Taasifame.

³³³ Marii Garee, Ob.Geetuu Darribee,O/Seeraa Bmwd Fi Ob.Gammachiis Wiirtuu, O/Hordoffii Fi Dagaagina Naamusaa Bmwd Waliin Gaafa 9/06/2015 Taasifame.

Maallaqaa yoo ajajni mana murtii isaan qaqqabe qofa hordofu malee kaka'umsa mataa isaanitiin hordofanii galii hin godhan³³⁴. Fakkeenyaaf, Baajaajiin W/Poolisii Baabbillee dhaabbatee jirtu yeroo dheeraaf dhaabbatee kan turte yoo ta'u, erga akka dhaalamtu ajajamees achii hin kaane. Waajjirri Maallaqaa aanichaa caalbaasiin gurguruuf qajeelfama mana murtii gaafanna jedhu. Qaamni biraa itti gaafatamummaa fudhatee raawwachiisu waan hin jirreef, qabeenyichi galii osoo hin ta'in baduutti jira.³³⁵ Dabalataanis bara 2009 gamoon tokko Mag/Burraayyuu keessaa galii akka ta'u murtaa'ee jiraatus hanga ammaatti galii hin taane.³³⁶

Muuxannoon Afrikaa kibbaa akka agarsiisutti itti gaafatamummaa damee qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu (asset forfeiture unit) ajaja mana murtii irratti hundaa'uudhaan qabeenya akka dhaalamuu ajajame gurguruun maallaqa gara kuusaa heerrega qabeenya bu'aa yakkaatti galii gochuu dha.³³⁷ Heerreegni kuusaa qabeenya bu'aa yakkaa labsii ittisa yakka gurmuu lakk. 21/1998 kan hundeeffame dha.³³⁸ Bu'uura tumaalee labsii kanaatiin maallaqni bu'aa yakkaa akka dhaalamuuf ajajame³³⁹, qabeenyi bu'aa yakkaa akka dhaalamuuf ajajame³⁴⁰, maallaqni bu'uura raawwii wal ta'iinsa ittisa yakkaa idila addunyaa (International Co-Operation in Criminal Matters Act) tiin dhaalame³⁴¹, maallaqa qaamni seera tumtuu biyyattii heerrega kanatti akka galuuf ajaje³⁴², maallaqa deeggarsa dabalataa kaayyoo maallaqni kun ooluuf deeggaruuf kennamee dha.³⁴³

Muuxannoon biyya Ruwaandaa akka agarsiisutti, hanga guutummaadhaan gara kaazinaa mootummaatti galutti, qabeenya dhaalame bulchuun walqabtee seerri Ruwaandaa qaamolee mana murtiin ala jiran aangessee jira. Aangon kun gosa qabeenyaa ykn nama yakka raawwate irratti hundaa'un akka biyyaatti Biiroo Abbaa Alangaa fi damee aabbaa alangaa raayyaa ittisa biyyaa (Military Prosecution Department) ti.³⁴⁴ Bu'uurarraa qabeenyota ugguraman ykn

³³⁴ Marii Garee, Ob.Geetuu Darribee, O/Seeraa Bmwdi Fi Ob.Gammachiis Wiirtuu, O/Hordoffii Fi Dagaagina Naamusaa Bmwdi Waliin Gaafa 9/06/2015 Taasifame.

³³⁵ Marii Kom. Girma Maammoo, Gaggeessaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Fi G/Insp. Taammanaa Tafarraa, Qorataa Poolisii, Godina Harargee Bahaa, Harar, 22/05/15

³³⁶ Af-Gaaffii Ob.Yohaannis Abdetaa, Hoogganaa Waa Mag/Shaggar Waliin Gaafa 07/06/2015 Taasifame.

³³⁷ Annalise Kempel, Taking the Profit Out of crime-the asset forfeiture unit, page 3

³³⁸ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 63

³³⁹ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 64(a)

³⁴⁰ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 64(a)

³⁴¹ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 64(b)

³⁴² Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 64(c)

³⁴³ Labsii Ittisa Yakka Gurmuu Afrikaa Kibbaa lakk. 21/1998, kw. 64(d)

³⁴⁴ Law n° 42/2014 of 27/01/2015 governing recovery of offence-related assets, in Official Gazette, n° 07 of 16February 2015, xart.15

dhaalaman bulchuu Biiroo Abbaa Alangaadhaaf kan kenname yoo ta'u, haala nama yakka raawwatee irratti hundaa'uun muraasa damee aabbaa alangaa raayyaa ittisa biyyaa'n akka bulchu taasifameera.³⁴⁵

³⁴⁵Status of Assets Recovery in Rwanda, Promoting rule of law in Rwanda through sound enforcement of anti-corruption laws, (Transparency International Rwanda), p.16

Boqonnaa shan

Yaada Guduunfaa fi Furmaataa

Yaada Guduunfaa

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe gitu dhaaluu fi bulchuun wal qabatee hanqinaalee jiranii fi sababootni ka'umsa ta'an qorannoon kanaa adda baafamaniiru.

Akka daataan funaaname agarsiisuutti raawwii yakka malaammaltummaa hordofee qorannoon gaggeeffamu qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'ee ykn qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe gitu dhaaluu ykn deebisiisuu irra himatamaa seeratti dhiyeessuu fi adabsiisuu giddu galeessa kan godhatee dha. Hojimaata kanaafis sababootni garagaraa ka'aniiru. Sababni inni jalqabaa qabeenya bu'aa yakkichaa ykn qabeenya miidhaa yakkichaan qaqqabe gitu qoratani adda baasuuf humni namaa, loojistiikii fi baajatni jiru kan hin heeyyamni ta'uu, dhimmi qabeenya deebisiisuu sadarkaa hojimaataatti hoogganamaa fi ogeessi itti madaalamaa kan hin jirre ta'uu. Sababni inni biroo bal'inaa fi wal xaxiinsa qorannoo qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu kan madaalu caaseeffamni jiraachuu dhabuu isaati. Qorannoon yakka malaammaltummaan wal qabatee yakkichaa qorachuu fi ragaalee raawwii yakkichaa agarsiisan sassaabuu mataa isaa of danda'ee hojii baay'ee bal'aa ta'ee otuu jiruu hojii qabeenya bu'aa yakkaa ta'e ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gitu sakatta'uu, adda baasuu fi akka dhaalamu taasisuun adeemsa tokko jalatti gaggeessuun hojiichaaf xiyyeeffannaa barbaachisu akka hin kennamne taasiseera. Sababootni qorannoon qabeenya bu'aa yakkaa qorannoo yakka muummee wal cinaa akka hin deemnee fi qabeenyi bu'aa yakka akka hin dhaalamne taasiseera.

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ykn qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaa qaqqabe gitu uggursiisuun wal wal qabatee hojii naallaqa, qabeenya socho'aa fi hin sochoone maqaa himatamaa fi miseensa maatii isaatiin bakka jireenya isaanii ykn bakka biraa jiraachuu danda'u maratti sakatta'uu fi uggursiissun hojii wal xaxaa fi hirmaannaa ogeessota biroo illee kan barbaadu ta'ee otuu jiruu hojii qorannoo yakka muummee waliin itti gaafatamummaa caaseeffama ykn damee hojii tokkoo ta'uun isaa hojichi xiyyeeffannaa barbaadamu akka hin argannee taasiseera. Dabalataan, qabeenya maqaa himatamaan ykn miseensa maatii isaatiin jiru sakatta'uu fi uggursiisuun wal qabatee kaka'uumsii qaamolee haqaa bira jiruu fi deeggarsii qaamolee biroo gama akka mana qopheessaa biraa argamu xiqqaa ta'uu isaati. Sababootni kunneen qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e ykn miidhaa qaqqabe madaaluu fi maqaa himatamaa ykn maqaa miseensa maatii himatamaan bakka adda addaatti argaman akka adda hin baanee fi hin ugguramne taasiseera.

Darbee darbee iyyatni uggurrii ykn dhorkaa gaafatamuu fi ajajani mana murtiin kennamu haaluma uggurrii ykn dhorkaa idilee qabeenyi qaama sadaffaatti bifa kamiinuu akka hin darbineef ittisuu qofaaf kan gaafatamaa fi kennamaa yoo ta'u bulchiinsaa fi kunuunsa qabeenya ugguramee ilaalchisee seerummaan gaafatmuus ta'e ajajni kennamu galmee keessatti bal'inaan kan hin mul'annee dha. Kanarraan kan ka'e qabeenyootni uggurriin irratti kenname mancaa'uu fi

sona dhabaa deemuun kan mul'ataa jiruu dha. Sababni harcaatii kanaas dhimmichi hoogganamuu dhabuu isaa irraan xiyyeeffannoo dhabuu fi hubannoo qaamolee haqaa bira jiru laafaa ta'uu isaati. Qaamolee ykn dhaabbilee qabeenya bulchuu irratti hojjatan biyya keessa dhabamuun isaaniis bulchaan qabeenyaa akka ramadamuu gaafachuuf qaamoleen haqaa kaka'uumsa akka hin qabaanne taasiseera.

Himannaan yakkaa sababa adda addaatiin kan adda cite yoo ta'e ykn murtiin bilisaa kan kenname yoo ta'e himannaa hariiroo hawaasaatiin qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gitu deebisiisuun wal qabatee hojimaatni qabatamaa ta'e manneen hojii abbaa alangaa keessa kan hin jirre dha. Sababni isaas hanqina hubannoo fi dhimmichi hoggamuu dhabuu isaati. Kanaan alattis, himannaan adda cite yoo ta'e ykn bilisa yoo jedhame dhimma yakkaasanaa bifa kamiinuu karaa biraatiin irra deebi'anii hordofuun akka dantaa dhuunfaatti fudhatamuutu jira. Dabalataan, himannaa yakkaa hundeessuuf kan hin danda'amne yoo ta'ee, himannaa hariiroo hawaasaa hundeessuun qabeenya sababa malaammaltummaan saamame akka deebifataniif dhaabbata ykn miidhamaa dhuunfaatiif abbaan alangaa heyyama ykn bakka bu'ummaa kennaa hin jiru. Sababni isaas hubannoo gahaa dhabuu fi dhimmichi hogganaa kan hin jirre ta'uu dha.

Murtii yakka malaammaltummaa ilaalchisee kennamuun wal qabatee qabeenyi dhaalamuu qabu himannaa keessatti adda bahee kan hin dhiyaanee fi seerummaan illee irratti hin gaafatamne waan ta'eef murtiin kennamaa jiran baay'inaan murtii dhaalmaa qabeenyaa kan hin hammannee dha. Qabeenyi dhaalamuu qabu adda bahee himannaa keessatti hammatamee yeroo dhiyaatutti, yeroo dhiyoo asitti fooyya'iinsa kan qabu ta'uu yoo kaafamees, ammallee manni murtii tokko tokko murtii adabbii erga kenneen booda qabeenya ilaalchisee hariiroo hawaasaatti qajeelchuun ykn callisanii galmee cufuun kan jiruu dha. Sababootni ka'uumsaa harcaatii kanaaf ta'anis abbootiin seeraa qabeenya akka dhaalamuuf gaafatame ilaalchisee dantaan nama sadaffaa jiraachuu mala waan ta'eef, falmiin galmee daangaa yeroo ka'ameen alatti deema kan jedhuu fi qabeenyi dhiyaate sirnaan qulqullaa'ee kan dhiyaatee miti tilmaama jedhu qabaachuu irraan kan ka'ee dha. Hanqinni hubannoo abbootii seeraa tokko tokko bira jiru sababa isa kan biraati.

Gama biraatin qabeenyi bu'aa yakkaa murtiidhaan otuu hin dhaalamiin kan hafe yoo ta'e abbootiin alangaa garagalcha murtii gara damee hariiroo hawaasaatti dabarsuun himannaa hariiroo hawaasaatiin akka deebisiisaniif darbee darbee itti qajeelchuun haa jiraatu malee, bal'inaan garuu murtii adabbiin booda ajajni dhaalmaa qabeenya bu'aa yakkaa hin kennamne taanaan falmiin martii akka xumurameetti tilmaamuun galmichaa fi dhimmichi dhiisuun ni jira. Darbee darbee, murtiin adabbii yakkaa erga kennameen booda qabeenya saamame himannaa hariiroo hawaasaatiin akka deeffatuuf garagalcha murtii kennamee dhaabbata ykn miidhamaa dhuunfaaf garagalcha murtii erguun mana hojii abbaa alangaa keessatti ni mul'ata. Murtiin adabbii yakkaa oggaa kennamutti qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e kallattiidhaan ajajni qabeenyi akka dhaalamu taasisu keennamuu akka qabu seerri ifaan kan kaa'u ta'us, garagalcha murtii yakkaa irratti hundaa'uudhaan dhaddacha biraatti himannaa hariiroo hawaasaa of danda'e hundeessuun garuu bu'uura seeraa ifa ta'e kan qabu miti.

Murtii adabbii yakkaatiin booda qabeeya akka dhaalamuuf ajaja kenname raawwachuu fi hanga raawwii isaatti qabeenyicha bulchuun wal qabatee sirnii fi hojimaatni wal fakkaataa ta'e qaamolee haqaa naannichaa biratti kan hin jirre ta'uu dha. Qabeenyi akka dhaalamuf ajajni kan kennamu addatti qaama dhaaluu qabu ykn qaama galii itti ta'u kan ibsu otuu hin taane duuchumatti mootummaaf galii haa ta'u kan jedhuu dha. Kunis raawwiin ajaja dhaalmaa qabeenya bu'aa yakkaa akka lafarra harkifatu kan taasisaa jiruu dha. Harcaatiin inni biraa murtiin dhaalmaa erga kennameen boodatti qaamni qabeenya sana dhaaluu qabu yeroodhaan dhaaluu dhiisuu isaatiin qabeenyichi akka manca'u ykn moofa'u ta'aa jiraachuu isaati. Kanaan alatti murtiin dhaalmaa erga kennameen boodatti qaamni dhaaluu qabu hanga dhaalutti qaamni qabeenya bulchuu ifatti kan hin jirre ta'uun rakknichaa hammeessee jira. Sababni ka'uumsaa hanqinaalee kanneenii, hubannoo dhabuu ogeessotaa fi xiyyeeffannoo argachuu qabu dhabuu dhimmichaati.

Himannaadhaan alatti qabeenya bu'aa malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gituu danda'u tarkaanfii bulchiinsaatiin dhaaluun wal qabatee himanni yakka malaammaltummaatiin dhiyaate yookiin yakkoota malaammaltummaa adeemsa qorannaarra jiran falmii himannaatiin ala akka xumuramu kan dandeessisu dambiin gama mootummaa naannoo Oromiyaatiin bahuu dhiisuun isaa hanqina dha. Sadarkaa hojimaataatti manneen hojii abbaa alangaa keessatti kan argamu yakka bu'aa argannoo odiitii waliin wal qabatee hundaa'uu malu ilaalchisee himatamaan maallaqa kana deebisuuf kan itti waliigalee fi kan deebise yoo ta'e marii paanaaliitiin galmee cufuu kan jiru yoo ta'u yakkoota biroo ilaalchisee tankaafii bulchiinsaatiin deebisiisuuf seerri fi sirni diriire kan hin jirre ta'uu isaati.

Gama biraatin, qaamolee bulchiinsaa kan akka waajjira bulchiinsaa, waajjira misooma maallaqaa fi diinagdee fi waajjira lafaa bira darbee darbee marii abbaa alangaa hirmachiseen qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluun kan jiruu yoo ta'u kunis fedhii fi ilaalcha hooggansaa irratti kan hunda'u malee sirnii ifa ta'e kan hin jirree dha. Akkawaliigalaatti, tarkaanfii bulchiinsaatiin qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhaaluuf sirni ifa ta'ee diriiree kan hin jirree ta'uu odeeffannoon sassaabame ni agarsiisa. Kanarraan kan ka'e, dhimmoota muraasa qofa irratti fedhii fi ofitti amanamummaa dhuunfaa hooggansa haqaa fi qaamolee bulchiinsaatiin bifa harcaatii qabuun akka gaggeeffamu ta'eera.

Yaada furmaataa

Qorannoon kun qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuu fi bulchuun walqabatee seeraa fi qabatama naannoo oromiyaa keessa jiru xiinxalluun hanqinaalen jiraachuu adda kan baase yoo ta'u, hanqinaalee kana sirreessuufis yaadota furmaataa armaan gadii kaa'ee jira.

Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin:

- Falmii himannaatiin alatti haala qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuun danda'amu ilaalchisee dambii tumuu qaba.

Biiron Abbaa alangaa Oromiyaatiin

- Caaseeffama qabeenya bu'aa yakka deebisiisuu jedhu sadarkaaa daayireektooreetiitti diriirsuu qaba.
- Caaseeffama daayireektooreetii qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu hundeeffamu irratti humna namaa ogummaa adda addaa garuu rogummaa qabu gahaa ramaduu qaba.
- Maanuwaalii hojiin qabeenya bu'aa yakkaa qorachuu, bulchuu fi deebisiisuu ittiin hoogganamu qopheessuu qaba
- Itti gaafatamummaa qabeenya bu'aa malaammaltummaa deebisiisuu ykn dhaalchisuun wal qabatee sirna hordoffii fi madaallii ifa ta'e diriirsuu fi hojiirra oolchuu qaba.

Komishiniin Poolisii Oromiyaa

- Caaseeffama qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu jedhu sadarkaaa daayireektooreetiitti diriirsuu qaba.
- Caaseeffama qabeenya bu'aa yakkaa deebisuu hundeeffama irratti humna namaa ogummaa adda addaa garuu rogummaa qabu gahaa ramaduu qaba
- Itti gaafatamummaa qabeenya bu'aa malaammaltummaa deebisiisuu ykn dhaalchisuun wal qabatee sirna hordoffii fi madaallii ifa ta'e diriirsuu fi hojiirra oolchuu qaba.

Biiron Abbaa Alangaa fi Komishiniin Poolisii Oromiyaa

- Qorannoo qabeenya bu'aa yakkaa ilaalchisee hariiroo caaseeffamaa daayireektooreetii qabeenya bu'aa yakkaa deebisiisuu mana hojii isaanii keessatti hundeeffamu akka bulchuuf maanuwaalii hojii qopheessuu qabu

ILQSO'n Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Biiron Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa fi Koomishinii Poolisii Oromiyaa waliin ta'uun

- Dandeettii raawwachiisummaa abbootii seeraa, abbootaa alangaa fi qorattoota poolisii cimsuuf mata duree qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluu fi bulchuu jedhu irratti leenjii bal'inaan kennuu qaba.

Biiron Abbaa Alangaa Waliigala fi Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa

- Raawwiin yakkaatin wal qabatee sirni jijjiirraa ragaa qabeenya galmaa'ee fi mirkanaa'ee qaamolee kanneen gidduu jiru fooyya'uu qaba.

Maqaa namoota Afgaaffii fi Marii garee irratti hirmaatanii

1. G/Inispektar Chaalaachoo Bahiruu Q/Poolisii G/Jimmaatti Divizsinii qorannoo Yakka
2. Ob.Lammeessaa Asaffaa A/Adeemsa garee yakka malaammaltummaa WAA G/Jimmaa
3. Obb.Nuuraddiin Xaahaa, Ittigaafatamaa KNFMO Damee Kibba lixaa
4. ob.Oliyaad Siyyuum, Peresidaantii MMO G/Sh/Ki/Lixaa waliin
5. G/Inispektar Birhaanuu Dinqeessaa, qindeessaa divizsinii qorannoo yakka malaammaltummaa Q/Poolisii G/Sh/Ki/Lixaa,
6. Inispektar Sisaay Dabalee, Divizsinii qorannoo teeknika yakkaa Q/Poolisii G/Sh/Ki/Lixaa
7. komandar Taariku Dirbabaa, Hoogganaa Q/Poolisii G/Sh/Ki/Lixaa
8. Ob.Qannaa Taaddasaa, Q/Naamusaa W/Bulchiinsaa G/Sh/Ki/Lixaa
9. Ob.Girmaa Mulugeetaa, A/Adeemsa garee yakka malaammaltummaa WAA G/Sh/Ki/Lixaa,
10. Itt/Inspektar Kaasahun Gammachuu, Divizsinii yakka malaammaltummaa Q/Poolisii G/Sh/Lixaa
11. G/Inispektar Fireezar Iggazuu , Divizsinii Ajjeechaa Q/Poolisii G/Sh/Lixaa
12. Inis. Isheetuu Asaffaa, Itti gaafatamaa daarekteera qorannoo yakkaa Q/Poolisii G/Sh/Lixaa
13. Ob.Bayyanaa Kumaa, Q/Naamusaa fi farra malaammaltummaa W/Bulchiinsa G/Sh/Lixaa
14. Ob.Barasaa Baqqalaa A/Adeemsa garee yakka malaammaltummaa WAA G/Sh/Lixaa,
15. Ob.Sonaan Araddoo A/Adeemsa Garee yakka Malaammaltummaa WAA GAONF,
16. A/de Gannat Fallaqa, Q/Naamusaa W/Bulchiinsa mag/Shaggar
17. Insp.Getaahun Roorrisaa, Qindeessaa eeruu yakkoota Malaammaltummaa fi galii Q/Poolisii Mag/Shaggarii .
18. Insp.Qabbaneechaa Dhaabaa, qorataa poolisii Q/Poolisii Mag/Shaggar
19. A/de Lubaabaa Ahmad, Ittigaafatamtuu Waajjira Hoogganaa Q/Poolisii Mag/Shaggar
20. Ob.Baqqalaa Shifarraaw, Gaggeessaa dhimma yakkaa MMO GAONF
21. Kom. Girma Maammoo, Gaggeessaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa kennisiisuu Godina Harargee Bahaa,
22. G/Insp. Taammanaa Tafarraa, Qorataa Poolisii, Godina Harargee Bahaa,
23. G/Insp. Habtaamuu Lataa, It/Ga/W/Qaj/Po/Go/Har/Bahaa, Harar,

24. Obboo Abbaba Addunyaa, A/Adeemsaa/G/Y/M/D/Ma/Ho/A/AGo/Har/Baalee
25. obboo A/Waahid A/Rahamaa, Hoogganaa M/H/A/A/Go/Baalee,
26. Obboo Asladdiin A/Nuur, Itti Gaafamatamaa M/H/A/A/Go/Har/Bahaa,
27. Obboo Girmaa Ballaxaa, A/adeemsaa/G/Yakka Malaammaltummaa MHAA
Go/Har/Bahaa,
28. Obboo Ayaanoo Waarsamoo, Qindeessaa A/A/W/O Damee Kibbaa, Shaashamannee,
29. Kom. Mirkanaa Hacaaluu, Daayi/Q/Y/M Komishinii Poolsii Oromiyaa, Finfinnee,
30. Insp. Kadir Jiboo, Abbaa Adeemsaa G/Q/Y/M/D Go/Arsii Lixaa, Shaashamannee,
31. Insp. Usmaan Waaqoo, Qorataa Poolisii Qajeelcha Po/Go/Arsii Lixaa, Shaashamannee,
32. Addee Caaltuu Huseen, Abbaa/Adeemsaa Y/Malaammaltummaa M/H/A/A/Go/Arsii Lixaa,
33. Gar/Kom. DR. Getaachoo Ittanaa, Ajajaa Qaj/Po/Arsii Lixaa, shaashamannee,
34. Obboo Ashannaafii Ishatuu, Gaggeessaa Dhimma Yakkaa MMO Go/Har/Bahaa, gaafa
35. Obboo Mohaammad Nashaa, Ga/Dhi/Yakaa/M/M/O/Go/Arsii Lixaa, Shaashamannee,
36. Obboo Dassuu Galatuu, Gaggeessaa Dhimma Yakkaa Mana Murtii Olaanaa Go/Baalee,
37. Addee Kibbee Sartsa, Bakka Buutuu Qondaala Naamusaa Wa/Bu/Go/Har/Bahaa,
38. obboo Amaan Abdallaa, Dursaa garee Qon/Naamusaa Wa/Bu/Go/Arslii Lixaa,
Shaashamannee,
39. obboo Qana'aa Kumaa, Daayirektara Day/Dhi/Bu/Uummataa/Wa/Per/MNO, fi
40. Obboo Tsaggaayee Nagaasaa, Ogeessa Seeraa Wa/Per/MNO, Finfinnee,
41. Obboo Abbittii Daallee, Du/Garee/Qo/Qo'annoo It/Ya/Malaammaktummaa Komishinii
Na/Fa/Ma Damee Kibbaa. Shaashamannee,
42. Gar/Insp. Daawit Magarsaa, Diivizhini yakka Ma/Qa/Po/Go/Baalee, Gobbaa,
43. Obboo Gammachis Wirtuu, Ogeessa Hor/Da/Naamusaa, BMWDO, Fnfinee,
44. obboo Dastaa Huseen, A/A/M/H/A/A/Go/Arsii Lixaan Shaashamannee,
45. Obboo Darajjee Mangistuu, Gaggeessaa Dh/Yakkaa MMWO, Finfinnee,
46. Obboo Kadir Qeerantii, It/Ga/M/H/A/A/Go/Arsii Lixaa,
47. Ob.Yohaannis Abdetaa, Hoogganaa WAA GAONF
48. Ob.Kennasaa Ittafaa, A/A GAONF,
49. Ob.Tasfaayee Bashaanaa, A/A GAONF,
50. Ob.Baqqalaa Maammoo, A/A GAONF
51. Obboo Geetuu Gaddafaa Abbaa Alangaa BAAWO,

52. obboo Geetuu Darribee Ogeessa seeraa BMWDO,
53. Ob.Toleeraa Bayyanaa A/Alangaa G/Jimmaa
54. Ob.Ambassaa Bultoo, A/A G/Sh/Ki/Lixaa,
55. Ob.Kiflee Dassaaleny, A/A G/Sh/Ki/Lixaa,
56. Ob.Yohaannis Namee A/A G/Sh/Ki/Lixaa
57. Ob.Gammachuu Tarraqeny, A/A G/Sh/Lixaa
58. Ob.Fiqruu Kabbadaa A/A G/Sh/Lixaa,
59. Ob.Geetuu Kabbaraa A/A G/Sh/Lixaa
60. obboo Sisaay Fayyisaa, A/A/M/H/A/A/Go/Har/Bahaa, Harar,
61. Obboo Tolasaa Irgoo, A/Seeraa MMWO, Finfinnee,
62. obboo Abrahaam Haayilee, It/A/Bulchaa Go/Baaalee, Roobee,
63. Obboo Hasan Gadaa, A/A/M/H/A/A/Go/Baaalee, Roobee,
64. Addee Abbaayinash Tafarraa, It/A/Kom/Na/Fa/Ma/N/M/O, Finfinnee
65. Obboo Gizaachawu Daani'ee, AbbaaAlangaa BAAWO, Finfinnee,
66. Ob.Birhaanuu Baqqalaa, Peresidaantii MMO G/Jimmaa
67. Ob.Birhaanuu Baqqalaa, Peresidaantii MMO G/Jimmaa
68. ob.Morodaa Gulummaa, B/B Hoogganaa WAA G/Sh/Lixaa
69. ob.Maatiyoos Iggazuu, Peresidaantii MMO G/Sh/Lixaa
70. Ob.Miliyoon ----Qindeessaa Dh/Dh/Ki/Lixaa

Maxxantuu

Gaaffilee Af gaaffii (Hooggansa MM, Abbaa Alangaa, Qorataa Poolisii, KNFM)

1. Fayidaa yakka malaammaltummaa argame qaqqabe hangaa fi akaakuun duguuganii qulqulleessuu fi yeroodhaan uggursiisuun wal qabatee raawwii fi kutannoon gama Qorataa Poolisii fi Abbaa Alangaatiin jiru maal fakkaata? Gama mana murtiitin hoo harcaatiin mul'atu jiraa? Rakkoon jiru maalii? Sababni isaa hoo?
2. Yakka malaammaltummaan himatamaan fayidaan ofiif argate bakka hin jirretti fayidaa nama biroof argamsiise ykn miidhaa qaqqabsiise hangam itti deemamee adda bafamaa jira? Qabeenya fayidaa nama biroof argamsiise gitu ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gitu hangam hordoftanii uggursiisuun jira? Rakkoon jiru maali? Sababni isaa hoo?
3. Himatamaan fayidaan ofii ykn nama biroof argamsiisee ykn miidhaan qaqqabsiisekan adda bahe yoo ta'e fi qabeenyi dhuunfaa maqaa himatamaatin galmaa'e bakka hin jirreetti qabeenya maqaa daa'ima isaatiin ykn maqaa haadha manaa isaatiin galmaa'e jiraachuufi dhabuu isaa hangam itti deemamee qulqullaa'aa jira? Rakkoon jiru maali?
4. Qabeenyimaqaa himatamaatiin ykn miseensa maatiin galmaa'ee kan hin jirre yoo ta'e, murtii adabbiin booda qabeenya bu'aa argame/miidhaa qaqqabe madaalu itti fufanii barbaaduu fi akka dhaalamu gochuun hangam itti deemamaa jira? Manni murtii hoo sakatta'iinsi akka itti fufu fi yeroo argametti akka dhiyaatuuf haalli ajaja kennu jiraa?
5. Yakka malaammaltummaan wal qabatee qabeenyiuggurame hanga murtiin dhaalmaa kennamutti hangam qulqullinaan bulaa jiraa? Badii qaqqabuuf itti gaafatamummaa hangam mirkanaa'a?Rakkoon jiru hoo maali?
6. Qabeenya dhaalame bulchuun wal qabatee sirni jiru maal fakkaata? Qaama mootummaa kamiif galii ta'a? Hanga galii ta'utti eenyutu bulchaa? Baasii fi muudamni bulchiinsaa akkamitti gaggeeffama?...MM hin laallatu.
7. Qorannaan ykn himannaanYakka malaammaltummaa kan adda cite yoo ta'e ykn shakkamaan bilisa yoo jedhame Abbaan alangaa qabeenya yakkaan argame ykn nama biroof argamsiifame ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gitu dhaalchisuuf hangam himannaa hariiroo hawaasatiin itti deemaa jira? 32(1)
8. *Sababa kamiinuu himannaan yakkaa hin hundeeffamne yoo ta'ee himannaa hariiroo hawaasaatiin itti fufuun beenyaa fayidaa argame (ofiif/nama biroof) ykn miidhaa*

*qaqqabe gitu addabaasuun abbaan alangaa himachuu fi raawwachiisuun hangam jira?
Hojimaatni akkasii jiraa?*

9. Dhaabbileen mootummaa/uummataa/dhuunfaa qabeenya ykn qarshiin qabeenya/qarshii malaammaltummaan irra fudhatame himannaa hariiroo hawaasaa hundeessuun akka deebisiifatanhangam AA deeggarsa kenna? Himannaa kana AA ofii akka hundeessu ykn qaamolee kunneen akka hundeessan ulaagaa maalii irratti hundaa'ee ajaja kenna? Kan qaamolee kanneeniin hundaa'e hangam hordoftanii deeggaraa jirtuu? MM hin laallatu?
10. Hangi fayidaa argamee ykn miidhaa qaqqabee qabeenya ugguramee jiruu gadi yoo ta'e ykn qabeenyi akka dhaalamuuf ajajame qabeenya biroo waliin kan wal make yoo ta'e qabeenya kana gurguranii raawwachiisuun hangam jira? Qabeenya kana eenyutu caalbaasiin gurgura?Hojimaatni jiru maal fakkaata?
11. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluun wal qabatee gaaffiin dantaa/mirgaa qaama 3^{ffaa} tin dhiyaatu maal fakkaata?...KNFM hin laallatu
12. Qabeenya bu'aa malaammaltummaa adeemsa bulchiinsaatiin deebisiisuuf sirni dandeessisu jiraa? Adeemsa kanaan deebisiisuu kan danda'amu yoo maal ta'ee dha? aangoo kun kan eenyuti?Qabatamni jiru maal fakkaata?...MM hin laallatu
13. Bu'uura Labsii MHAA hundeessuuf bahe kw. 7(13) tin Abbaan alangaan himanni Y/Malaammaltummaa dhiyaate ykn qorannaarra jiru falmiin ala akka xumuramu ni taasisa jedha. Dambiin tumaa kana raawwachiisuuf bahe jiraa? Bahuu dhabuu isaatiin harcaatiin hojii uumuu danda'e jiraa?...MM, QP fi KNFM hin laallatu
14. Meeshaalee yakki malaammaltummaa ittiin raawwate dhaaluun ni barbaachisa jettanii yaaddu? Gumaachi ittisa yakka malaammaltummaaf qabu jiraa?

Marii garee AA fi QP

1. Fayidaa yakka malaammaltummaa argame ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gitu duguuganii qulqulleessuu fi uggursiisuun wal qabatee raawwii fi kutannoon gama Qorataa Poolisii fi Abbaa Alangaatiin jiru maal fakkaata? Gama mana murtiitin hoo harcaatiin mul'atu jiraa? Rakkoon jiru maalii? Sababni isaa hoo?
2. Murtii adabbiin booda qabeenya fayidaa argame/miidhaa qaqqabe gitu itti fufanii barbaaduu fi akka dhaalamu gochuun hangam itti deemamaa jira? Manni murtii hoo sakatta'iinsi akka itti fufu fi yeroo argametti akka dhiyaatuuf haalli ajaja kennu jiraa?
3. Yakka malaammaltummaan wal qabatee qabeenyi uggurame ykn dhaalame bulchuun wal qabatee sirni jiru maal fakkaata? Qaama mootummaa kamiif galii ta'a? murtiin booda hanga galii ta'utti eenyutu bulchaa? Baasii fi muudamni bulchiinsaa akkamitti gaggeeffama?
4. Qorannaan ykn himannaan Yakka malaammaltummaa kan adda cite yoo ta'e ykn shakkamaan bilisa yoo jedhame ykn sababa kaminuu himannaan yakka hin hundeeffamne yoo ta'e Abbaan alangaa qabeenya yakkaan argame ykn nama biroof argamsiifame ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gitu dhaalchisuuf ykn beenyaa kaffalchiisuuf hangam himannaa hariiroo hawaasatiin itti deemaa jira?
5. Dhaabbileen mootummaa/uummataa/dhuunfaa qabeenya ykn qarshiin qabeenya/qarshii malaammaltummaan irra fudhatame HHH hundeesuun akka deebisiifatan hangam AA deeggarsa kenna? Himannaa kana AA ofii akka hundeesu ykn qaamolee kunneen akka hundeesan ulaagaa maalii irratti hundaa'ee ajaja kenna? Kan qaamolee kanneeniin hundaa'e hangam hordoftanii deeggaraa jirtuu? MM hin laallatu?
6. Hangi fayidaa argamee ykn miidhaa qaqqabee qabeenya ugguramee jiruu gadi yoo ta'e ykn qabeenyi akka dhaalamuuf ajajame qabeenya biroo waliin kan wal make yoo ta'e qabeenya kana gurguranii raawwachiisuun hangam jira? Qabeenya kana eenyutu caalbaasiin gurgura? Hojimaatni jiru maal fakkaata?
7. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluun wal qabatee gaaffiin dantaa/mirgaa qaama 3^{ffaa} tin dhiyaatu maal fakkaata?
8. Qabeenya bu'aa malaammaltummaa adeemsa bulchiinsaatiin deebisiisuuf sirni dandeessisu jiraa? Adeemsa kanaan deebisiisuu kan danda'amu yoo maal ta'ee dha? aangoo kun kan eenyuti? Qabatamni jiru maal fakkaata?

9. Bu'uura Labsii MHAA hundeessuuf bahe kw. 7(13) tin Abbaan alangaan himanni Y/Malaammaltummaa dhiyaate ykn qorannaarra jiru falmiin ala akka xumuramu ni taasisa jedha. Dambiin tumaa kana raawwachiisuuf bahe jiraa? Bahuu dhabuu isaatiin harcaatiin hojii uumuu danda'e jiraa?...QP hin laallatu
10. Meeshaalee yakki malaammaltummaa ittiin raawwate dhaaluun ni barbaachisa jettanii yaaddu? Gumaachi ittisa yakka malaammaltummaaf qabu jiraa?
11. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e kana deebisiisuuf himannaa yakkaa moo kan hariirootu irra gaaridha jettanii yaaddu?Maaliif?

Af gaaffiii qaama bulchiinsaa, Biiraa Lafaa, Biiraa Maallaqaa fi Diinagdee

1. Fayidaa yakka malaammaltummaa argame ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gitu duguuganii qulqulleessuu fi uggursiisuun wal qabatee raawwii fi kutannoon gama Qorataa Poolisii fi Abbaa Alangaatiin jiru maal fakkaata? Gama mana murtiitin hoo harcaatiin mul'atu jiraa? Rakkoon jiru maalii? Sababni isaa hoo?
2. Murtii adabbiin booda qabeenya fayidaa argame/miidhaa qaqqabe gitu itti fufanii barbaaduu fi akka dhaalamu gochuun hangam itti deemamaa jira? Manni murtii hoo sakatta'iinsi akka itti fufu fi yeroo argametti akka dhiyaatuuf haalli ajaja kennu jiraa?
3. Himatamaan qabeenya/faayidaa ofii ykn nama biroof argamsiisee ykn miidhaa qaqqabsiisee yoo mirkanaa'ee fi qabeenya dhuunfaa maqaa himatamaa/shakkamaatiin galmaa'e yoo hin jirre, qabeenya maqaa daa'ima isaatiin ykn maqaa haadha manaa isaatiin galmaa'e jiraachuufi dhabuu isaa hangam itti deemamee qulqullaa'aa jira? Kutannoon jiru maal fakkaata?
4. Qabeenya bu'aa malaammaltummaa adeemsa mana murtiin alatti adeemsa bulchiinsaatiin deebisiisuu sirni dandeessisu jiraa? Adeemsa kanaan deebisiisuu kan danda'amu yoo maal ta'ee dha? Aangoo kun kan eenyuti?
5. Qabeenya murtiin Yakkaa ykn Hariiroo hawaasaatiin dhaalame bulchuun wal qabatee sirni jiru maal fakkaata? Qaama mootummaa kamiif galii ta'a? Hanga galii ta'utti eenyutu bulchaa? Baasii fi muudamni bulchiinsaa akkamitti gaggeeffama?

Bar gaaffii Abbootii Seeraatiin guutaman

1. Fayidaa yakka malaammaltummaa argame ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gitu duguuganii qulqulleessuu fi uggursiisuun wal qabatee raawwii fi kutannoon gama Qorataa Poolisii fi Abbaa Alangaatiin jiru maal fakkaata?

.....

.....

.....

.....

.....

2. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuun wal qabatee himannaan yakkaagama Abbaa Alangaatiin dhiyaatu hangam qulqullina qaba?

.....

.....

.....

.....

.....

3. Murtii adabbiin booda qabeenya fayidaa argame ykn miidhaa qaqqabe gitu itti fufanii barbaaduu fi akka dhaalamu gochuun hangam itti deemamaa jira? Manni murtii hoo sakatta'iinsi akka itti fufu fi yeroo argametti akka dhiyaatuuf haalli ajaja kennu jiraa?

.....

.....

.....

.....

.....

4. Yakka malaammaltummaan wal qabatee qabeenya uggurame hangam qulqullinaan bulaa jiraa? Hanqinaalee bulchiinsa keessatti mul'atan jiruu? Tarkaanfiin sirreeffamaahoo hangam qabatamaan fudhatamaa jira?

.....

.....

.....

.....

.....

5. Murtii qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhaaluun wal qabatee gaaffiin mirgaa/dantaa qaama sadaffaadhaan dhiyaatuun wal qabatee hanqinaaleen jiran maal fakkaatu?

.....

-
.....
.....
.....
6. Qabeenyi bu'aa malaammaltummaa akka dhaalamuuf murtiin kenname raawwatamuun wal qabatee hanqinaaleen mul'ataan jiruu? hanqinaaleen yoo jiraatan nuuf ibsaa.

-
.....
.....
.....
.....
.....
.....
7. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluu fi bulchuun wal qabatee rakkoolee ykn hanqinaaleen hojimaataa jira jettaan nuuf kaasaa

-
.....
.....
.....
.....
.....
.....
8. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluu fi bulchuun wal qabatee rakkoolee ykn hanqinaalee seeraa jira jettan nuuf kaasaa

Galatoomaa!!

Bargaaffii Ogeessota KNFMO

1. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'ee fiqabeenya miidhaa yakka malaammaltummaanqaqqabegitu himannaa yakkaa dhaaluu fi deebisiisuu ilaalchisee hanqinaalee fi rakkooleen jiran maalii dha?

.....
.....
.....
.....
.....
.....
.....

2. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'ee fiqabeenya miidhaa yakka malaammaltummaanqaqqabegitu himannaa Hariiroo hawaasaatin dhaaluu fi deebisiisuu ilaalchisee hanqinaalee fi rakkooleen jiran maalii dha?

.....
.....
.....
.....
.....
.....

3. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'ee fi qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe gitu tarkaanfii bulchiinsaatiin dhaaluuf seerotnii fi sirni diriiree jiru gahaa dhaa?

.....
.....
.....
.....
.....
.....

4. Dhaabbileen mootummaa ykn dhaabbileen uummataa ykn namootni dhuunfaa qabeenya yakka malaammaltummaan irraa fudhatame himannaa hariiroo hawaasaatiin akka deebisiisaniif abbaan alangaa hangam hordoffii gochaa jira?

.....
.....
.....
.....
.....
.....

5. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhorkamee fi dhaalame bulchuuf seerrii fi hojimaatni jiru hangam gahaa dha?

.....
.....
.....
.....
.....

9. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluu fi bulchuun wal qabatee rakkoolee ykn hanqinaaleen hojimaataa jira jettaan nuuf kaasaa

.....
.....
.....
.....
.....
.....
.....
.....

10. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluu fi bulchuun wal qabatee rakkoolee ykn hanqinaalee seeraa jira jettan nuuf kaasaa

.....
.....
.....
.....
.....
.....
.....
.....
.....
.....